# EENYUUNAN ERGADHAA?

R/ISA 6:8

# ማንን እልካለሁ?


ት/ኢ.ሳ 6:8



## Mana qulqullummaa qulqulleetti Maariyyaamii aanaa q/kaarraa

Scanned by CamScanner

# EENYUUNAN ERGADHAA? R/ISA 6:8
# ማንን እልካለሁ? ት/ኢሳ. 6፡8







Maqaa Abbaa, Ilma fi Afuura Qulqulluu Waaqa tokkotti ni ammanna.

***Seeraa fi heera mana kiristaanaa amantaa Ortodoksi Tawaahidoo Itoophiyaa eegee kan qophaa'ee dha.***

*Mirgi isaa seeraan kan eegamee dha.*

**Qopheessaan: -**

*Hojjetaa Gadaamii Aabboo Qilxu Kaarraa fi Lallabaa mana kiristaanaa Ortodoksii Aanaa Qilxu Kaarraa Barsiisaa Hordofaa Dhinaatiin kan qophaa'ee dha.*

*Hagayya 2007*



Scanned by CamScanner

# Galata

Duraan dursa waaqayyo uumaakoo kan na kakaasee akkan hojjedhu isa na taasiseef galanni bara baraan haa ta'u.

Itti aansuudhaan wixinee barreeffama kanaa kompiiteraan barreessuudhaan kan na gargaaran:-ijoollota koo keessaa

1. D/n Gammachiis Hordofaa
2. D/n Yohaannis Hordofaa
3. D/n Iyyaasuu Hordofaa

Gulaaluudhan:-

1. B/saa Birraatu Namarraa
2. D/n B/saa Takilee Naggasaa
3. D/n B/saa Waannaa Baqqalee
4. Amanuu Beekamaa
5. Gammachiis Imaanaa

Deggersa yaadaa kan naa gumaachan:-

1. L/kahin L/wadaajoo saaqqataa
2. M/TS/ L/Ifaa Qana'aa
3. Liqe Mezaamir Ayimiroo Daabaas
4. L/Badhassa Tolaa
5. Obbo Girmaa Ittaanaa
6. B/sa Baaruu Birhaanu
7. Obbo Xilahuun Mallis Maqaa waaqayyo isa jiraatan guddaan isaan galateeffadha.



Scanned by CamScanner

## Baafata

*Lakk.* *Fuula*

1. SENSSA ....7
2. Seenaa fi tooftaa lallabaa ....9
3. Lallaba yeroo seera laphee ....9
4. Lallaba yeroo seera musee ykn oriiti ....10
5. Lallaba bara kaakuu haara ....10
6. Seenaa baballina lallaaba wangeela akka biyyaa Itiyoophiyaa ...12
7. Maqaa qulqulloota salganu waangeela kan lallaban ....13
8. Hiikoon lallabaa maal? ....15
9. Lallabni ortoodoksii maalii? ....15
Bu'uura lallaba Ortodooksii ....15
10. Macaafolii afuraa waaqayyoon baarreefaman irraa kan baarreefamaniidha- ....17
11. dubbii waaqayyoo irratti ....17
12. seenaa mana kiiristaana irratti ....18
13. kan wal qabateedha ....18
14. jiireenya haawasummaa irratti- ....18
15. Barumsa abbootii irratti ....18
Barumsaa fi lallaba ....19
16. Addummaa lallaba ortodoksii ....19
17. maalummaa (eenyumma) ummatichaa beekuun lallabu ....24
18. faayyiidaa eenyummaa ummaatiichaa beekuu- ....24
ummaatiichaa eenyummaa isaa beekuuf maaliif maaltuu baarbbachisa ....24
19. Aadaa isaa beekuu ....24
20. Qooqa isaa beekuu ....25
21. Amantaa inni itti ture beekuuTeessumaa naannoo beekuu Miidhaa jiruu beekuu Sadarkaa baarumsa isaa beekuu ....25
22. Yaada laphee namoota ilaaluu ....26



Scanned by CamScanner

23. Qoophaa'ina baarsisaa tokko irraa eegamu mala ....................27
24. Akkaataa qabiyyee dhuunfaa ..........................................31
25. Qabiyyee baarsisudhaaf qabaatan .....................................32
26. Qoqqoodanii ( gaar gar hiiranii baarsisuu) ..........................32
27. Akkataa ittii gaargar qoodan .........................................33

## Boqqonnaa lama

## AKKATA BARUMSI ITTI LATAMU

2.1 Seenaa dhaan ............................................................ 37
2.2 Bifa asoosamaan ........................................................ 38
2.3 Kaallatiidhaan ............................................................ 39
2.4 Bifa goorsaan ............................................................. 40
2.5 Ifataan (dheekamsaan) .................................................. 40

**21 Akkaataa barumssa amaantii itti baarsiisan ........ 40**

22 Jecha abbootiitti faayyadamuun.......................................... 41
23 Seeraa mana kiiristaanaa eeguun ........................................ 42
24 Fakkii dhaan baarsiisuu .................................................. 42
25 Doo'iidhaan baarsiisuu ................................................... 43
26 Deemu dhaan baarsiisu (haawariya Guzoo) ......................... 43
27 Hojii dhaan baarsiisuu .................................................... 44
28 Maree dhaan baarsiisuu ................................................... 44
29 Wal doorgomsiisuudhaan baarsiisuu ................................... 45
30 Igziibiishiiniidhaan baarsiisuu ........................................... 46
31 Muuxannoo wal jiijjiiruudhaan baarsiisuu ........................... 46
32 Barreeffmaan baarsiisuu .................................................. 46
33 Saagaleefi fakkiin baarsiisuu (VC D) .................................. 47
34 Eergaadhaan baarsiisuu ................................................... 47
35 Gaaffii fi deebii dhaan baarsiisuu ....................................... 48



Scanned by CamScanner

*KUTAA LAMAFFAA [2FFAA]*

AFOOLA YKN TIWIFITII

1 Afoola jechuun maal jechuu akka ta'e ................ 52
2 Afoola bara seera laphee ................................ 52
3 Afoola seera Musee booda ............................. 53
4 Afoola bara kakuu haraa ................................ 57
5 Afoola bara barattootaa ................................ 60
6 Afoola fudhachuun dirqama amantii akka ta'e kitabni qulqqullun mirkaneessuu isaa ............................ 61

*KUTAA SADAFFAA (3FFAA)*

Luqqisii ykn xiqsii ......................................... 63
Luqqisii ykn xiqsii barbachisoo ta'an ............................ 63

Kutaa 4ffaa

**Waa'ee du'aa**

1. Seensa.............................................................. 66
2. Dursa.............................................................. 66
1. Du'a jechuun maal jechuudha? ................................ 70
2. Hiika du'aaf laatame........................................... 70
3. Namoonni adda addaa yeroo addaa addaa gaafa du'an..... 73
4. Du'a keessaa ka'anii deebi'anii kan boqotan.................
5. Lubbuun namaa, Nama keesssa gaafa baatu mal fakkaatti? ....78
6. Sirna bo'ichaa'..................................................... 79
7. Gosa bo'ichaa...................................................... 80
8. Du'a fuul-dura ijoollee ofii eebbisuu......................... 84
11. Kana beektu laataa? ............................................ 85
12. Qubeen jalqabaa maal-jedhamaa? ............................ 85
13. Afoolota yeroo gaddaa abbotiin dubbatan..................... 87
16. Yaadannoon (Zikiiriin) eenyuun eegalamee? Yoomis .... 90
18. Waa'ee guyyoota afuurtamaa (40)............................ 91
19. Waa'ee iddoo ol ka'aa (atiroonsi) beektu laata? ............ 92
20. Waa'ee soogiddaa beektuu laata? ............................ 93
21. Waa'ee Tulluu Beektuu laata? ................................. 94



Scanned by CamScanner

# Seensa

Enyuunan ergadha? ***enyuutus ergaa Keenya nuuf dhaqa*** ? jechudhaan sagaleen waqaayyo R/Isa 6: 8 irratti barrefamee jira. Jechi kun kan inni nu hubbachisu wa'ee sadumma fi tokkumma waqaayyoti yeroo akkas jedhamu waaqayyo tokkichumma isaa waa uumuun , eajjesuun jiraachisuun waaqa tokko yommuu ta'u maqaan , qamaan fi hojii mataa mataa isaniin sadii jedhamu fknf maqaan sadii jechuun Abbaa, Ilma, Afuura qulqqullu jechuudha . W/mat 28: 18 2/qor 13: 14

Waa'ee isa kanaa jecha Isaayyaas barreesse keessatti Enyuunan ergadha yeroo jedhu waaqa tokko (1) ta'u agarsiisa ***Enyuutu ergaa keenya nuuf*** dhaqa yeroo jedhu immo saddummaa isaanii armaan olitti caqasame kana agarsiisa

Lallabaan tokko dubbii waaqayyo kan lallabu waa'ee isa kanaa duraan dursee beekuu qaba. Raajichi Isaayyaas jecha kana maalif barreeesse jechi kunis maal nu barsiisa wa'ee isaa kana hubachudhaaf 2S/bara 26 : 16 R/Isa 6 :1 -10 ilaala. Ilaaluu qofa osoo hin taane namni waqaayyoof ergamu nama akkamii ta'uu akka qabu irraa baranna.

Mootichi Oziyaan bara mutummaa isaatii keessa wantoota dinqisisoo fi ajaa'ibsisoo taa'an baay'ee hojjetee yeroo hojii motumma kanatti filame dargaggeessa waggaa 16 ture bara 52 biyya Iyyerusalemiin bulchaa bara sana keessa rajiin waqaayyo ture ilma ***amoos Isaayyas*** jedhama yeroo tokko oftulummaa guddaan isa seenee waan waqaayyoon gaddisiisu hojjeteee kunis maal yoo jedhame osoo dibata lubuummaa hin qabaatin qodaa arsituu ixaana fudhatee iddoo lubootni aarsaa waaqayyoo dhiheessan wal lixee ixaana aarse lubbicha Azariyyaasii isa faana immoo lubni 80 ta'aan isa faana ol seenanii kun ga'ee lubaa malee ga'ee kee miti gad ba'i jedhanii isa morman raajichi Isaayyas isaanirra aboo guddaa osoo qabuu yeroo sana mooticha Oziyaa sodaate callise ergamumma isaas dagatee waaqayyo goftaan lamaanu isaani dhukkuba lamtsiidhaan isaan rukute arifatanii s mana waaqayyoo keessa gadi baa,an mooticha Oziyaa



Scanned by CamScanner

hanga gaafa du'utti mana mootummaa isaa fi maati isaarra adda ba'ee hanga qofaa du'utti adabame rajiicha Isaayyas immoo gaafa mootin kun du'u waqaayyo mana qulqullumma isaa waaqarraa keessa teessoo ulfna isaa irra ta'ee uffannaan ulfinaa isaas mana qulqqullumma guutee ergamoonni warri surafeel jedhamaan (luboota digdamii afraan) (24) koochoo 6 kan qaban koochoo isaanii lamaan fuula isaanii koocho lamaan immoo miilla isaanii golganii koochoo lamaan isaanii immoo balali'anii wal harka fudhudhaan waqaayyo gooftaan maccaa qulqulluu (3) ulfinni isaas dachaa lafa hundaa guteera jedhanii kufanii kaa'anii ixaana immo aarsuudhan utuu isaan galateffatanii galata isaanii irraan kan ka'ees manni qulqullumman suunis ni raafame haarris mana qulqqullummaa sana keessa ni guute ***Isaayaasis warra xura'an gidduus ta'ee akkan kana*** argu waqaayyos tasiise. Achumaanis **Isayyaas jedhee waame mooti ati soddatte ergama koo diddee Oziiyyan kunoo hin du'e ani garuu warra nakabajaniis naaf ergamanii wajjin jira na ilaali ittin jedhe.** yeroo kanatti Isaayyaas warra xura'an ykn warra lamtsiidhaan rukkutaman giddu ta'ee ulfina waqaayyo kan kana fakkatu ykn ergamuu didee salphisuu irran kan ka'e gadde nan ballesse wayyoo anaaf jedhee boo'e yeroo kanatti waaqayyo garaa laafes boo'icha isaa ilaale suraafel kan jedhaman keessa tokko qodaa arsituu ixaanaa keessaa qabduudhan barbadaa ibiddaa tokko qabee hidhii Isaayyaas lamtsiidhaan rukutametti buusee cubbun kee siif dhifameera badiin kees sirra haqameera ittiin jedhe yeroo kana waqaayyo sagalee isaa dhageessise ***Eenyunan Ergadha ? Eenyutus Ergaa keenya nuuf dhaqa?*** jedhee dubbate Isaayyas immoo kan arge argeera waan ta'eef ani nan dhaqa na ergaadhu jedhe seenaan kun kan inni nu barsiisu- namni dhugaaf dhaabbatee osoo waan tokko illee hin sodaatin kan waaqayyoof ergamu akka jiraatu.Yoo ta'uudhaa kan ergatu bayyee akka qabu kaasees ergachuu akka danda'u nama barsiisa.

# SEENAA FI TOOFTAA LALLABAA

# ስብከትና የስብከት ዘዴ ታርክ

Hojii mana kiristaanaa inni guddaan namoota hin amanne gara amanuutti deebisuu kan amanan immoo jabeessuu dha. Kana gochuudhaf immoo tajaajjilli lallabaa isaa guddaa dha. Lallabni kan eegalame yeroo seera lapheedha karaa **Abeel** akka ta'e seenaan ni dubbata. Kun akka mucaa namootaatti biyya lafaa irraatti yemmuu ta'uu, samii irratti garuu jalqabaaf eergamootaan eegalame.Lallabaan jelqabaas eergamoota keessaa **Q/Gabri'eelii** jedhama. Mata dureen lallaba isaatiis **"Jabaadhaa Dhaabadhaa"**kan jedhu ture

## *..LALLABA BARA SEERA LAPHEE*

Ilmaan namootaa keessatti cubbuurraa deebi'aa badiisa dhufu jalaas mataa keessan oolfadhaa jechuudhaan jalqabaaf namootatti lallabuu kan eegale **Nohiidha**. Yoo namootni yeroo sana turan dhaga'uufii baatanillee mataa isaaf matii isaa fayyiseera.

- Nohitti aansuudhaan Abrahaam namoota dachee ***Uur*** jedhamu irra jiraataniin Waaqa Tolfamaa waaqessuu dhiisaa jechuun itti lallabaa tureera. **M/Kuffaalee:- 11**:1
- Abraahamitti aansuudhaan immoo lallabaa beekama kan ture, Yaa'iqobiidha. Innis cubbuu warra Seekemootaa dhiisaa jechuun lallabaa tureera. **S/Uma, 35**:1

  Akka seenaa mana kiristaanaa keenyatti yeroo seera laphee keessa lallabaa kan turan.

  ***NOHI, IYYOOB, ABRAHAAM, ISIYAAQ, YAA'IQOb***, Waaqayyoonis sodaachuudhaan namootaafis fakkeenya gaarii ta'anii jiraachaa waan turaniif **Paatiraarikoota** jedhamu. Jechi kun hiikaa lama qaba.

  1. **Paatir:**-jechuun **Abbaa** Jechuudha.
  2. **Yaarik:**-jechuun immoo **Isa guddaa** jechuu dha.

Walumaa galatti Paatiriyaalikoota jechuun qooqa warra Girikii yommuu ta'u hiikaan isaa immoo **Abbootii Amantii Warra Gurguddaa** jechuu dha. Akka maatii isaaniitti immoo luba maatiis jedhamanii ni waamamu.

### *LALLABA BARA RAJJICHA MUSEE (SEERA ORIITI)*

- Abbootii kanatti aansuudhaan hojii lallabaa isa guddaa kan hojeetan angafa raajotaa **Q/MUSEEDHA.** Saboota Isiraa'eliin biyya Gibxii keessaa baasuudhaan akka arjummaa waaqayyootti **Kana'aaniin** akka isaan galan godheera. **S/ba'uu Boq 3 hanga 32**
  - Abboommii kurnan Waaqayyo harkaa fuudhuudhaan isaaniin barsiisee laateeraaf **Ba'uu 32:1, Ba'uu 34:1** akkasumas dhaloota dhaloota dhufuuf barumsa akka ta'uuf kitaabolee barreessuudhaan Taabotaa wajjin walitti qabee Lubootatti kenneera. **S/K/Deebii 31:24-26** Museetti aansuudhaan lallaboonni ka'an ykn Lallabaa turan **Iyyaasuu, Saamu'eelii fi Raajotni** hedduun barsiisaa turaniiru. Raajotatti aansuudhaan immoo lubootni warri yihuudotaa caalchisuudhaan Andimtaadhaan (tokkos jechuudhaan) hiikanii lallabaa turan.

### *LALLABA KAKUU HAARAA*

Gara kakuu haaraatti yemmuu dhufnu lallabaan kakuu haaraa **Yohaannis Cuuphaa** ilma L/ Zakkaariyaasii ti. Mata dereen lallaba isaatiis, "**Qalbii keessan jijjiiradhaa, ija gaarii naqadhaa; ani mucaa Abrahaamii ti jechuun qofti nama hin fayyisuu hojii Abrahaam hojjete hojjedhaa malee.**" Akkasumas, **Tulluun gadii haa jedhu karaa inni jal'aan haa qajeelu** … k.k.f sodaa tokko malee lallabaa tureera. Dhugaa fi sodaa tokko malee lallabaa mormasaa albeedhaaf laateera. **Mat. 3:1-12, Mar. 1:1-8, Luq. 3:1-20, Mat. 11:1-20, Mat. 14:1-12.** Yohaannis cuuphaatti aansuudhaan barsiisaan kakuu haaraa **Gooftaa keenya Iyyesuus Kiristoos** ture. Lallabni isaa **Misiricha nagaa** ture (**Wangeela**) jechuu dha.

Mata duree barumsa isaatii kan inni ittiin afaan isaa saaqqate, **"Mootummaan Waaqayyoo dhiyaatteettii qalbii keessan jijjiiradhaa,"** jechuudhaan mandara Galiilaa keessatti eegale. Achumaanis itti aansudhaan, **Pheexiroosii fi Endiraas** utuu isaan qurxummii qabaa jiranii kiyyoo keessan lafa ka'aa na duukaa bu'aa wangeela lallabaa jechuudhaan isaan waame. Warra kaaniifis akkasuma waamicha godheef. Isaan baratanis lallabuu eegalan .Maqaan isaanis **Duuka Buutota** jedhame. **Mat. 4:18-32, Mat. 9:9**

- Barattoota kanatti aansuudhaan immoo gargaartota barattoota kanaa kan ta'an namoota **72** filate. Lama lama ta'anii hojii lallabaaf ba'anii lallabaa turan. **Luq. 10:1-12**

  Barattootaa fi gargaartota barattootaa boodaan kan ka'an immoo **Abboota duura bu'oota** jedhamu. Isaanis akka fakkeenyaatti **Pappaas, Herenewos, Pooliikaarpis, Sippiiriyaan** kan jedhaman turan. Isaanitti aansuudhaan immoo beektota **(Liqqawunti)** warra jedhamantu ka'ee lallabaa ture. Isaanis fakkeenyaaf,

  - Abbaa Baasiliyoos nama biyya Qiisaariyaa.
  - Abbaa Inxoos isa guddicha.
  - Abbaa Atenaatewoos nama biyya Iskenderiyaa.
  - Abbaa Efireem nama biyya Sooriyaa.
  - Abbaa Gorgoriyoos nama biyya Inzinaazuu
  - Yohaannis Afawarq
  - Abbaa Qeeriloos nama biyya Iskendiraa.

  *Isaan kunniin* beektota Waangeela lallaban jedhamanii beekamu. Kan isaan beektota jedhamaniifis.

  1. Naanna'anii barsiisuudhaan
  2. Caaffataan ergaa adda addaa erguudhaan
  3. Kitaabolee adda addaa maxxansuudhaan

Kanaaf beektota mana kiristaanaa keenyaa jedhamanii beekamu.



Scanned by CamScanner

## SEENAA BABAL'INA LALLABAA AKKA BIYYA ITOOPHIYAA

Lallabni macaafa qulqulluu biyya Itoophiyaa keessatti kan eegalame Dh.K.D bara 1000 bara **Minilik** isa jalqabaati jechuunis, barsiisotni Ayihuudii baay'inni isaanii **318** ta'an ajaja Mootichaa Solomooniin Minilik isa jalqabaa wajjin gara biyya keenya Itoophiyaatti ergaman. Yeroo sana kan isaan qabatanii dhufan angafa lubootaa **Imbaarim** fi luboota dhibba sadii fi kudha saddet ta'anii dha. Kana malees;

1. Macaafa Heenok barreesse,
2. Tsillaati (taabota) Waaqayyo Museetti laate,
3. Macaafa seera aarsaan kakuu moofaa ittiin dhiyaatu fi k. k. f qabatanii dhufuudhaan biyya keenya keessatti lallabaa turaniiru. Iddoo isaan itti lallabaa turanii fi itti aarsaa dhiyeessaa turan akka fakkeenyaatti:
   1. Aksuum Tsiyon
   2. Tadibaaba Maariyaam
   3. Marxuula Maariyaam
   4. Yakkaa Mikaa'el
   5. Xaana Qirqoos
   6. Birbir Maariyaamii fi iddoo k, k, f itti kennamaa tureera.

kakuu haaraa keessatti immoo jalqabaaf biyya keenya Itoophiyaa keessatti lallaba kan eegale Jandarabaa Itoophiyaa maqaan isaa **Baakos** nama jedhamuun ture. Bara inni itti eegale, Bara 34 **H/Erg, 8:26-40** isatti aansuudhaan immoo lallaba Wangeelaa kan babal'ise dhalataa biyya Sooriyaa kan ta'e maqaan isaa jalqabaa **Abbaa Fireemineexoos** maqaan abbaa amantummaa isaatii immoo **Abbaa Salaamaa Kaasatee Birhaan** phaaphaasii biyya Itoophiyaa isa jalqabaa ta'uudhaan guutummaa biyyatti keessatti **Wangeela** babal'iseera. Taayitaa (aboo) lubummaa laachuudhaan, seerri cuuphaa fi qurbaanaas karaa isaanii eegalameera. Isaanitti aansuudhaan immoo jaarraa 5ffaa keessa Wangeela kan babal'isan Qulqulloota Saglan (9) biyya alaadhaa dhufanii dha. Isaanis:-

| T/L | Maqaa isaanii | Biyya isaanii | G/Boqonnaa isaanii | Gadamii isaanii |
|---|---|---|---|---|
| 1 | Abbaa Aleef | Qiisaariyaa | Bitooteessa 11 | Bi'izaan |
| 2 | Abbaa Aragaawwii | Qosxinxiniyaa | Onkolooleessa | Dabra Daamo |
| 3 | Abbaa Afeetsi | Eeshiyaa | Caamsaa 12 | Yohaa |
| 4 | Abbaa Liqaanos | Qosxinxiniyaa | Sadaasa 21 | Dabra Qonitsil |
| 5 | Abbaa Gariimaa | Qosxinxiniyaa | Waxabajjii 17 | Maadaraa |
| 6 | Abbaa Gubbaa | Kiliqiyaa | Caamsaa 29 | Gaar Altaa |
| 7 | Abbaa Yimi'ataa | Qoosiyaa | Onkololeessa 23 | Gaar Altaa |
| 8 | Abbaa Pheenxeloon | Qosxinxiniyaa | Onkololeessa 6 | Nanna Aksum |
| 9 | Abbaa Tsi'imaa | Antsookiyaa | Amajjii 16 | Tseedeniyaa |

Akka biyya Itoophiyaa dhufaniin hojiin isaanii inni jalqabaa afaan Gi'iizii qayyabatan.Wangeela hidhannoo isaanii godhatanii kitaabolee garagaraas barreessanii, hiikaniis, biyya Itoophiyaa keessatti amantii babal'isuudhaan cimsaniis Gadaamii baay'ees bu'uureessan gadaamii isaan bu'uureessan keessaa hanga har'aatti tajaajila kennaa kan jiru.Fkn Gadamii Abbaa Aragawwii Dabra-Daamootti kan argamu. Isaanitti aansuudhaan immoo rakkoo guddaan karaa **yuuditi guuditi mudate** irraan kan ka'e amantiin hin babal'anne. Haa ta'u malee jaarraa 11ffaa-14ffaa tti yeroo gaarii jedhamee waamama. Yeroo kanatti babal'inni lallaba Wangeelaa haala miidhagaan jalqabame waan ta'eef kana malees

1. Yeroo **yuudit guudit amantirraa badanii kan turan gara** amantiitti deebi'aniidha.
2. Macaafotni baay'een yeroo itti maxxanfamaniidha.
3. Gadaamii hedduun yeroo itti bu'ureeffamaniidha. Fknf:- Gadaamii Waaldibbaa ,Gadaamii Maahibara Sillaassee ,Gadaamii Abune Zeenaa Maarqos ,Gadaamii Asiboot



Scanned by CamScanner

,Gadaamii Ziqu'alaa, Gadaamii Walayittaa Abbaa Takila Haayimaanot ,Gadaamii Odola zuwaayi keessatti argamanii fi k,k,f dha.

4. Seerii Moonoksummaadhaa babal'ataniiru, jabaataniiru.
5. Manni barumsaa Afuuraa baay'een banamaniiru. **Fkn, Mana baruumsaa Isxifaanos**.
6. Abbootti amantii qulqulloonni baay'eenii fi haadhotiin yeroo itti argamanii dha. Fkn, **Abune T/Haayimanot, Abune Zeenaa Maarqos, Abune Isxinfaasa kiristoos, Abune Aron, Abune G/Manfas qiddus, Abune Takile Alfaa, abbaa Saamu'el Zewaldibbaa, Abbaa Saamu'el Ze Dabrawagag, Qulqulleettii kiristoos saamiraa fi k,k,f.**
7. Yeroo itti beektotni mana kiristaanaa ka'anii dha. Fkn, kan akka **Abbaa Giyoorgis Ze Gaazichaa fi Hatsee Zara'aa Yaa'iqob** isaan kun hundumti isaanii jaarraa 11-14 gidduutti waa hedduu hojjetaniiru. Hojiin lallaba isaanii hanga har'aatti ifaa jira.

- Jaarraa 16^ffaa^dhaa kaasee babal'inni lallaba Wangeelaa akka jalqabametti itti hin fufne. Sanyiin yeroo gaarii armaan olitti ilaallee dabalamuu hin dandeenye, miidhaa guddaatu ture. Miidhaa kanaafis sababni inni jalqabaa nama **Giraanyi Ahimmad** jedhamu yemmuu ta'u,

1. Waggaa 15 guutuu mana kiristaanaa irratti balaa guddaa uumaa waan turef.
2. Balaa Giraanyi Ahimad uume utuu hin fooyya'in rakkoo kaatolikoonni warra roomaa uuman.
3. Kaatolikootatti immoo aansuudhan mootonni yeroo sana ka'an rakkoo isaan uuman irraa kan ka'ee manni kiristaanaa biyya keenyaa barsiisa dhaabuudhaan rakkoon adda addaa itti baay'achuudhaan amantii isaanii gadi lakkisanii orma ta'an.baay'een isaaniis warra orma ta'etti heerumuudhaan aadaa ormaatti makatan, miidhaan bara sana keessa ture hanga har'aatti illee keessaa bahuu hin dandeenye. Miidhaa yeroo sana turan keessaa.

- Aadaa ormootatti makachuu,

- Barumsa dhabuu irraa kan ka'e akka amaleeffannatti geggeeffamuu,
- lubni dhuga-qabeessa ta'e baduu,
- Manni barumsaa Afuuraa diigamuu isaa irraan kan ka'e beektoonni baduu ,
- Seerri monoksummaa dadhabuu fi k,k,f hanga har'aatti mudaan kun mul'atee jira.

## *HIIKOON LALLABAADHAA MAALI?*

Namichi ogeessi **Fuuler** jedhamu lallaba bifa sadiin hiikaa itti kenne jira. **Isaaniis:-**

1. **KERIGIMAATIK**: - jechuun namoota Waaqayyoon hin beekin turan barsiisuudhaan gara Waaqayyoon beekuutti fiduu jechuu dha.
2. **DIDAAKTIK**: - hiikaan isaa amantoonni haaraa ta'an (Lubuu haaraa) amantiitti ciimsuu jechuu dha.
3. **PARAAKILEETIL**: - jechuun Beerumsa Amantii warra argatan gara qulqullinaatti fiduu jechuu dha. Kanaaf, lalalbaa kana beekuudhaan lallabuun dirqama isa lallabuu ti.

## *LALLABNI ORTODOKSII MAALI?*

Amantaan Ortodosii Tawaahidoo lallabni ishee waa hedduu kan of keessatti hammatuu dha. Isaanis, akka armaan gadiitti tokko tokkoon ilaalla.

1. Waaqayyo dhiifama kan godhuu ta'u isaa namni immoo cubbamaa ta'uu isaa beeksisuu dha. Kana lamaan keessaa tokko lallabanii tokko hambisuun hin dandaa'amu. Fknf, Namni cubbamaa akka ta'e qofa beersifnee yoo dhiifne namni abdii kutachuu danda'a waan ta'eef.
2. Abdii ilmaan namootaaf dhiifama gochuu Waaqayyoo agarsiisuu dha. Jechuunis Waaqayyo dheekamsaaf suuta, Dhiifama gochuuf immoo kan ariifatu ta'uu isaa agarsiisu. **Far. 86˙15**

3. Namni hundumtuu akka inni Waaqayyoon amanatu gochuu dha. Humna isaa, Qabeenya isaa, Beekumsa isaa, Taayitaa isaa k,k,f abdachuu dhiisee akka Waaqayyoon amanatu **taasisuu dha. R/Erm 9:23-24, 1Qor .1:-31, 2Qor 10:17**
4. Mucaan namaa ulfina-qabeessa/Kabajamaa/ ta'uu isaa mul'isuu. Ulfina qabeessa ta'uu isaa of hubatee ani cubbuu na salphisuu hin hojjedhu jedhee akka murteeffatuuf.
5. Barbaachisummaa hojii garii ibsuu dha.
6. Bu'uura amantii qabsiisuu dha. Seeraa fi heera mana kiristaanaa, Afoola abboota irraa dhaalame mannii kiristaanaa kan isheen barsiiftu utuu irraa hin hanqisin itti hin dabalin barsiisuu jechuu dha.
7. Kaayyoo barumsichaa sirriitti hubachuu… jechuunis,
   - Beekumsa akka qabaataniif ,
   - Miira kaka'uumsa Afuuraa akka argataniif ,
   - Kan baratan hojiirra akka oolchaniif.
8. Waa'ee qulqullootaas gidduu galchuudhaan … barumsa dubbii Waaqayyoo hojiitti kan jijjiiraniif ulfina guddaa kan argatan waan ta'eef, namootnis akka isaanii akka ta'aniif kakaasuu.
9. Galma amantootaa beeksisuu … galmii amantootaa inni xumuraa Mootummaa Waaqayyoo dhaaluu waan ta'eef, kana sirriitti hubachiisuu dha.
10. Garaa garummaa fi walitti dhufeenya jireenya lafaa fi samii agarsiisuu dha … Mana Qulqullummaa ishee lafa irraa keessa amantootni jiraatan fakkeenya Ergamoota mana Qulqullummaa isa Waaqarraa keessa jiraatan ta'u dhaaf bor nuyi hundimti keenya qaama lubbuudhaan isaanii wajjin akka jiraannu hubachiisuu dha.
11. Barumsa nama ta'uu yeroo ta'utti iddoo ta'utti kennuu.
12. Rakkoo kan hiiku ta'uu qaba … Rakkoo kan ibsu qofa osoo hin taane, warri dhageeffatan rakkoo uumame sanaaf karaa furmaata itti argatan kan agarsiisu ta'uu qaba.



Scanned by CamScanner

13. Jireenya dhuunfaa lallabaa (namicha) sana kan calaqqisiisuu ta'uu hin qabu.
14. Gartuu (Qomoo) Kan hin ilaalle ta'uu qaba.
15. Faayidaa fedhii foonii kan hin barbaane ta'uu qaba. (Tajaajila Afuuraa keessatti kana hin irraanfatinaa nun jedhan barsiisaan keenya)
16. Ta'e jedhee namoota kaan kan tuffatu, Kaan immoo kan sodaatuu(kabaju) ta'uu hin qabu nama hundumaa wal-qixatti ilaalu qaba jechuudha.

## Bu'uura Lallaba Ortodoksii

Lallabni amantaa Ortodoksii waan hedduu bu'uura godhatee kan lallabamuudha. Akka armaan gadiitti tokko tokkoon ilaalla.**Isaaniis:-**

1. **Macaafa Qulqulluu irratti kan xiyyeeffatee dha: -** Macaafa irratti kan bu'uureeffame yemmuu jennu, akkaataa sadiitti kan ilaalamuu dha.

1.1. Macaafa qulqulluu … wantii lallabamuuf wanti hojjetamu hundumtuu akka mana kiristaanaa keenyaatti bu'uurri isaa kitaaba qulqulluu ta'uu hubachiisuu dha.

1.2.Macaafolii Afuura Waaqayyoon barreeffaman kitaaba qulqulluu immoo kan hiikan hojiittis kan jijjiiran ta'uu isaanii kan ibsu. **1ximo 3:16**

1.3.Macaafa seenaa … Manni kiristiyaanaa keenya macaafolii seenaa adda addaa kan qaban hedduu qabdii. Kanaafis, Lallaba ishee keessatti bu'uura godhatee ni barsiifti. Sababni isaa argamni kitaaba kanaa macaafa qulqulluu waan ta'eef.

2. **Dubbii Waaqummaa:** - Dubbii Waaqummaa inni jedhu kun qabxii afur of jalatti qaba. Isaanis:-

2.1. Iciitii mana kiristiyaanaa

2.2. Bu'uura amantii(Doogimaa)

2.3. Qannoonaa mana kiristaanaa

2.4. Afoola mana kiristaanaa(Tiwufiitii) (Tradition)



Scanned by CamScanner

Barumsa ogummaa kana karaa tokkos ta'e karaa kan biraa kan nama hubacchiisu ta'uu qabu.

3. **Seenaa mana kiristiyaanaa:**-seera mana kiristiyaanaa kan jedhaman ijoo shan mata duree kan jalatti ilaalla.
3.1.Seera laguu irratti kan bu'ureeffame
3.2.Seera Ayyaana kabajuu irratti kan bu'uureffame
3.3.Seera kadhannaa irratti kan bu'uureffame
3.4.Seera Qulleessuu(Qiddaasee) irratti kan bu'uureffame
3.5.Seera fraarffannaa mana kiristiyaanaa irratti kan bu'uureffame. Fi k,k,fn

Bu'uura godhachuudhaan amantootni akka isaan hubatan, hubatanii immoo akka hojii irra olchaaniif kan barsiisuu ta'u qaba.

4. **Kan wal sime (qabatee) ta'uu qaba:-**
4.1.Amantii fi hojiin kan wal qabate ta'uu qaba. Fknf, Akka abbaa keenya **Abirahaam.**
4.2.Amantii fi Dhugaa barumsa jireenyaa waliin wal simsiisanii qabachuu. Fknf, Waa'ee qabannaa manaa, Akkaataa dubbannaa, Akkaataa jiruuf jireenyaa... nama amantii ta'uu keenya kan dhugaa banu akka ta'u barsiisuu dha.
5. **Jireenya Hawaasummaa(community life)**
5.1.Akka walii galaatti amanaan jireenya hawaasummaa keessatti ga'ee inni ba'uu qabu kan hubachiisuu (Christian community)
5.2.Waa'ee jireenya maatii nama amane tokkoo beeksisuu (Christian family)
5.3.Waa'ee jireenya monoksootaa beeksisuu.
5.4.Kiristiyaanotni (amantootni) hawaasa kan biro wajjin tokkummaa fi garaa garummaa isaan qabaatan adda baasanii barsiisuu.
6. **Barumsa Abbootii:**-lallabni Ortodoksii barumsa abbootii irratti kan bu'uureffamee dha.
6.1.Jireenyaa fi Qabsura(ተጋድሎ) yaadachuu dhaan(leafs of fathers)
6.2.Jechoota abbootii lallaba keessa makuudhan (sayings of fathers)
6.3.Barsiisa isaan barsiisaa turan barsiisuudhaan.



Scanned by CamScanner

## BARUMSAA FI LALLABA

Yeroo tokko tokko akka walii galaatti lallabni yeroo inni barumsa jedhamu jira.Garuu lallabaa fi barumsi garaagarummaa qaba.

- Lallaba kan jedhamuu akka salphatti kan ibsamuu, Namootni cubbuurraa akka deebi'aniif kan xiyyeeffatu, gabaabaa fi ifaa kan ta'e namootni waa'ee jireenya isaanii hubatanii maal godhu? Jechuudhaan akka of murteessaniif kan xiyyeeffatuu dha. **Luq** 3[10-11] egaa kaayyoon lallabaa inni guddaan namni cubbuu hojjete gaabbee akka qalbii jijjiirratu kan taasisuu dha. Gara foon isaa fi dhiiga isaatti akka dhiyaatu gochuu dha.
- Barumsa inni jedhu immoo beekumsa irratti kan xiyyeeffatuu dha. Itti fufiinsa kan qabu ragaa toora qabeessa kan qabate, qabiyyee irratti barreessu kan nama gaafatu yeroo dheeraas kan fudhatu. Lallabaa fi barumsi garaa garaa haa ta'uu iyyuu malee lamaanuun isaanii waliin simsiisanii barsiisuun ni dandaa'ama. Sababni isaa barsiisaan tokko beekumsa irratti xiyyeeffatee yoo barsiise barsiisa isaa irraa beekumsa argachuu malee jireenya qulqullinaa argachuun hin dandaa'amu. Yoo lallaba qofa ta'e immoo beekumsa dhabuudhaan shakkitootaan booji'amuu ni dandaa'a. kanaafuu, tooftaa ittiin lallabu beekuun barbaachisaa dha.

1. **Lallabaa fi barumsa waliin simsiisanii barsiisuu.**
2. **Madaalanii wal-qixaan barsiisuu. Fknf,** yoo har'a lallaba ta'ee bor immoo baruumsa gochuu, yoo ganama lallaba ta'ee sa'a booda immoo barumsa gochuu.

### ADDUMMAA LALLABA ORTOKSII

Lallaba ortodoksii wantii adda isaa taasisuu waa baay'eetu jiru.

1. Sirriitti amanee kana amane immoo barsiisuun yoo hin galleef, hin hubatamneef ta'e illee barsiisota gaafachuu, kitaabolee garaa garaa dubbiisuu irraan kan hafe, Natti fakkaata, ta'uu hin oolu, akkas jedhu, hin ta'in hin hafu fi k,k,f jechuudhaan barsiisuun isarra hin jiraatu.



Scanned by CamScanner

2. Dabalata amantii isaa irratti seeraa fi heera akkasumas, Afoolaa fi Seenaa mana kiristaanaa beekuutu irra jiraata. Jechuunis doogimaa mana kiristaanaa, Qannoonaa kiristaanaa sirriitti beekuun irra jiraata. Gaaffii gaafatamuufiis, Deebii quubsaa deebisu (kennuu) lachuutu irraa jiraata .
3. Ibsa ga'aa kan laatu ta'uu qaba. Lallabaan tokko ani maalan dubbadhe kan jedhu osoo hin ta'iin uummatichaaf maaltu galeef ykn maal hubate kan jedhu ta'uu qaba.Dabalees immoo akka uumatichaaf galutti qooqa uumatichi dhaga'uun mataa duree ta'ee filachudhaan, fakkeessudhaan, mammaksa gidduu galchuudhaan, ijoo barbaachisoo ta'an immoo akka buufataatti irraa deddeebi'uudhaan ibsa bal'aa itti kennanii barsiisuu dha.
4. Jireenya isaan kan barsiisu ta'uu qaba.
   Lallabaan tokko nama waan ta'eef akka hin dogoggorreef maqaa isaaf mataa isaa mudaa kam irraa illee of eegachuun ni barbaachisa. Ol ol of kan of qabu utuu hin taane gad of qabuudhaan akka humna isaattiitti kan jiraatu ta'uu qaba. Akka Waaqayyootti Uummata fulduratti ilaalamuu hin qabu.
5. Yeroo hundumaa kan qophaa'e ta'uu qaba. Lallabaan tokko hojiin lallaba ta'ee hanga jirutti yeroo hunda lallaba dhimmi isaa ilaallatu irratti qopha'ee ta'uun barbaachisaa dha. Calluma jedhee ta'uudhan yeroo waaman immoo utaalee ka'ee qophee tokko malee kan lallabu ta'uu hin qabu.
6. Dhaabbannaan isaa kan tole ykn kan bareede ta'uu qaba. Lallabaan tokko yeroo barsiisu seeran ala sosocho'uu hin qabu. Uffanaan isaas kan sirraa'ee ta'uu qaba. Murannaan rifeensa mataa isaatis kan sirraa'e ta'uu qaba. **1Qor, 10 :14**. Lallabaaf osoo hin ba'iin fuula dura dawwitii keessatti of ilaallun barbaachisaadha. Egaa walumaa gala nama fuula duratti kan sirraa'e ta'uu qaba. Yoo mudaa xiqqaan irratti argamte uummatni waa'ee isaa yaaada malee barumsa isaa faana waan hin buunef dhaabbanaan isaa sirraa'uun ni barbaachisa.



Scanned by CamScanner

7. Sagaleen isaas kan sirraa'e ta'uu qaba. Yeroo lallabaa sagaleen ga'ee guddaa qaba. Lallabaan tokko suuta jedhee yoo dubbate uummatni dhaga'uu dhisuu dandaa'a. garmalee yoo iyye immoo uummata rifaasisuu dandaa'a. kanaf iyyuu sagalee giddu galleessa ta'een uummatichi kan ittin barachuu danda'uun barsisuun barbaachisaa dha. Garuu yeroo tokko tokko uummaticha dadamaqsuu dhaaf sagalee ol kaasun ni dandaa'ama. Akkasumas, akka hubatanif jechoota ijoo irratti ol kaasanii dubbachuun ni dandaa'ama. Fkny, **Ba'u, 32:26** irratti abbaan keenya museen **"kan Waaqayyoo kan taatan Waaqayyof addan ba'aa"** jechhuudhan akka dubbatee 2[ffaa] sabootni Isiraa'el **"Waaqayyof geediyoonif ni loola"** jechuu dhan sagalee isaanii ol kaasanii akka dubbatan.**m/A/firdii 7:18-20**iddoo ykn lafa akkasiitti sagalee isaa ol kaasuu ni dandaa'a jechuu dha.

   Sagalee gad-buusudhaan immoo lafa gaddaatti iccitii jiru ibsuudhaaf, dubbannaa abbootii Qaulqullootaa ibsuudhaaf gad buusun ni dandaa'ama. Kanaan alatti garuu dubbannaa Giddu galeessaa gaarii ta'een dubbachuutu barbaachisa.

8. Afuura Waaqayyon geggeffamee kan barsiisu ta'uu qaba. Lallabaan tokko kan inni dubbatu akka eeyyama Waaqayyootti irratti qophaa'ee kan dhufe caaffata qulqulluu ta'uu qaba. Waltajjii irra eerga ba'ee booda meeshaa Waaqayyoo ta'ee Hafuura qulqulluun kan ibseef dubbachuu qaba malee, waa'ee yaada mataa isaatii ykn nama biroon geggeeffamuu hin qabu.

9. Kaayyoo isaa kan hubate ta'u qaba. Lallabaan tokko mul'atni mana kiristaanaa gara fuul duraatti maal akka isheen qabdu beekuu qaba. Maalif akka lallabu eenyuf akka lallabu beekuu qaba kaayyoon isaa inni guddaan immoo Mootummaa Waaqayyoo babal'isuu akka ta'e beekee qormaatni yeroo itti dhufu illee Waaqayyoon abdii godhachuu dhaan, kaayyoo isaa galmaan ga'uu qaba malee sodaachuudhaan, guungumuudhaan, nuffuudhaan kan teellatti deebi'u ta'uu hin qabu. Miindaa inni

Waaqa biraa argachuu dhaf jirus guddaa waan ta'eef jabaachuu qaba. **Luq, 10:35, Luq12:42 -43.**

10. Hanga wareegamummaatti kan qophaa'e ta'uu qaba. Wareegamummaan kaayyoo ofii sirritti qabachuu irraan kan madduu dha. Lallabaan tokko abbootii darban irraa ilaaluudhaan wareegamummaaf qophaa'uun irraa ni eegama. Dabalatas yeroo isaa, qarshii isaa, humna isaa, yeroo boqonnaa isaatiillee taanaan ni barbaachisa. Wangeelli misiraachoo kun kan jalqabamte fannoo irratti.Ammas fannoo irra jirti kanaafuu rakkina jiru kana to'achuu dhaaf immoo namoota warra kaan caalaa irra laguu, kadhannaa fi sagadatti jabaachuun ni barbaachisa. Egaa walumaa galatti jecha Gooftaan keenya **Mat.10 :38**irratti dubbate beekuun barbaachisaa dha. Namni fannoo koo baatee na duukaa hin buune kan koo ta'uu hin danda'u namni jireenya isaa oolfachuu barbaadu hin dhaba. Namni jireenya isaa dabarsee anaaf kennu immoo ni argata, kana jechuun wareegamummaa dha.
11. Kan baratu ta'uus qaba. Barumsi amantii xumuraa fiyeroo daanga hin qabu. Bara jireenya ofii guutuu barachuudhaan kan dabarsan malee, Lallabaan tokkos wanta argu hundumaa irraa barachuu qaba keessumatti uumama iraati barumsa fudhachuuf sammun isaa kan baname ta'uu qaba **m/. Fkn, 30: 24-29.**Akkasumas bu'uura amantii baraachuun fayyidaa guddaa qaba. Barumsa Gi'izii irraa akka hin fagaannef macaafolii Gi'iiziidhaan barreeffaman qorachuudhaf ni fayyada waan ta'eef.
12. Caaffata garaagaraas kan dubbisu ta'uu qaba. Macaafa Qulqulluu macaafolii Afuura Waaqayyoon barreeffaman adda addaa yeroo ilaalchisuudhaan kan maxxanfaman hordofuudhaan bitanii dubbisuun ni barbaachisa. Yeroo dubbisuttis immoo
    I. Yeroo itti dubbisu murteeffachuu.
    II. Qabiyyee qabaachuu.



Scanned by CamScanner

III. Hubachuun kan dubbise kitabolee wajjin waliin madaalchisuu qaba.

Akkusumas, biyya keessatti rakkoolee karaa siyaasaa fi dinagdee, karaa jireenya hawaasummaa mudatanii fi furmaata kennuun akka dandaa'amutti odeeffannoo jiru beekuun barbaachisaadha.Rakkoo qorumsaa amaantoota kanuma keessaa madduu danda'aa. Baricha bituuf ni fayyadaa waan ta'eef **Efe 5:15**

13. Baricha kan beeku kan bitus ta'uu qaba. Barri amma keessa jiruu kun baroota darban irraa adda kan isa godhu maali kan jedhu beekuu dha.Yaada guddina dhalotaa ammas beekuu dha. Wantoota haaraa hawwaasa keessatti uumamanis beekuu dha. Wantoota biyya alaatii dhufanii miidhaa geggeessan beekuudha. Raajichi eermiyaas akka barreesse kan ati argaa jirtu maali? Akka jedhe **Erm 1:11-13**kanaafuu waan aamma dhufaajiru maal akka ta'e beekuun rakkoo inni fidee dhufuufis furmaata laachuu, yericha beekuu fi bituun barbaachisaa dha.

14. Galata akkasumaanii irraa fagaachuu qaba. Lallabaan galata akkasumaanii (kantu wuddaase) irraa baay'isee fagachu qaba. Sababni isaa kufaatii hamaa irraan ga'uu dandaa'a waan ta'eef irraa fagaachuutu isa irraa jira. Galatni akkasumaanii kun kan inni irraa maddu.

   i. Yeroo namni nama saadu callisuudhaan mormuu dhiisuu dhaan.
   ii. Yeroo namni nama saadu naaf ta'a jedhanii fudhachuu dhaan.
   iii. Akka saadaniif tooftaadhaan barbaaduu.
   iv. Dhuma irratti yoo namni saadudhaa baate ittin hooduu.

   Egaa walumaa galatti galatni akkasumaanii kan inni nama mudatu adeemsa abbootii Afuuraa darbanii hubachuu dadhabuudhaan waan ta'eef seenaa abootii beekuun barbaachisaa dha.



Scanned by CamScanner

# MAALUMMAA (EENYUMMAA) UUMMATICHATTI LALLABAMU BEEKUU

Uummata tokkotti wangeela lallabuuf fuul-dura eenyummaa saba sanaa baruun meeshaa isa guddaa dha. Eenyummaa saba sanaa beekuu yemmuu jedhamu immoo jireenya hawwaasaa, akkaataa aadaa jireenyaa irraa eegalee hanga jireenya dhuunfaatti fedhii uumatichi barbaaduu fi rakkoo inni qoqa inni dubbatuu fi dhaga'u.Aadaaisaa fi k,k,f, hubachuu jechuu dha.

Lallabaan tokko eenyummaa uummatichaa utuu hin hubatiin barumsa jechaan haa ta'u jireenya isaan kan inni barsiisu irraa fudhatanii fayyuu hin dandaa'an. Sababni isaas, isaaniin fakkaatee hin barsiifne waan ta'eef.Abbootni akka dubbatanittiQ/Phawuloos biyya warra gugguufanii deemanii deemee isaan fakkaachuudhaan akka isaan ol- qajeelanii deeman taasiseera.

## *FAAYIDAA EENYUMMAA UUMMATICHAA BEEKUU*

Eenyummaa uummatichaa beekuun kan inni fayyaduuf waa baay'eedhaaf.

1. Gosa barumsa laatamuu filachuuf
2. Gadi fageenya barumsichaa murteessuuf
3. Yeroo barumsichi itti laatamu murteessuuf
4. Akkaataa barumsicha itti laatan murteessuu fi k,k,f, ni fayyaada.

## ✣ *UUMMATICHA EENYUMMAA ISAA BEEKUUF MAAL MAALTU BARBAACHISA?*

### 1. Aadaa isaa beekuun ni barbaachisa.

Aadaa saba tokkoo eenyummaa isaa kan ibsuudha. Saba tokkoof aadaan isaa ulfina isaati yeroo akkas jennu immoo aadaan miidhaa hin qabne hin jiru jechuu keenya miti. Akkuma inni gaariin jiru gadheenis jira. Kanaafuu, lallabaan tokko aadaasaba itti lallabuu beekuudhaan Ogummaadhaan aadaa isa nama miidhu isa faallaa

**Wangeelaa** ta'e akka dhiisaniif **Wangeelatti** akka amananiif gochuutu irra jiraata.

### *AADAABEEKUUN KAN INNI GARGAARUUF*

A. Eenyummaa uummatichaa beekuuf
B. Rakkoo uumatichaa hubachuuf
C. Aadaa isaa isa gaarii jabeessee isa miidhaa qabu irraa immoo akka deebi'u gochuuf
D. Waantota safuu qaban uummata fuul-duraatti akka cubbuutti kan lakkaa'amu aadaa akkasii irraa immoo akka inni of eeggatu gochuuf
E. Walitti dhufeenya uummatichaa gidduutti uumuudhaaf
F. Jechoota uummaticha gidduutti dubbataman mammaaksaa fi oduu durii uummatichi itti fayyadamu baruudhaan jechoota kanaa fi akkaataa mala dubbannaa isaaniin barsiisuun akka dandaa'amuuf

### 2. Qooqa uummatichaa beekuu.

Q/Phawuloos **1qor 14:18-19**irratti kan namni hin dhageenye kuma kudhan **[10,000] hasa'uurra** kan namni dhagaa'an jechoota shan [5] dubbachuun ni caala akkuma jedhe qooqa hawwaasni tokko dhaga'uun Wangeela barsiisuun barbaachisaa dha. Wangeela babal'isuufi ergaa Wangeelichaas laphee uummataa biraan ga'uuf ni dandaa'ama. Kanaafuu, qooqa ummaticha beekanii wangela lallabuun iddoo olaanaa qaba.

### 3. Amantaa inni itti ture beekuu

Namni tokko akkaataa jireenya hawwaasummaa naannootti kan inni itti amanee wal-geggeessaa ture hubachuun barbaachisaa dha. Sababni isaas, lallaba barbaachisu kennuudhaaf ni fayyada waan ta'eef.

### 4. Teessuma naannoo beekuun ni barbaachisa

Teessumni naannoodhaa Qilleensi isaa ho'I isaa biqiltootnni naannootti biqilan hunduu uummaticha irratti miidhaa irraan ga'an jiraachuu ni mala ta'a. kanaafuu, iddoo akkasiitti barumsa barbaachisaa



Scanned by CamScanner

ta'e laachuudhaf duraan dursa akkaataa teessuma naannoo hubachuun barbaachisaa dha. Fknf, Naannoo gammoojjii ta'etti namni wayyaa haphii uffata yoo ta'e maalif akka inni uffate beekuun barbaachisaa dha.

5. **Miidhaa jiru beekuu**

A. Hawwaasni tokko jireenya waliin jiraatu keessatti ilaalcha guddaa itti kennuudhaan kan akka quuqubee, mahibaarii, xinqoolaa(qoricha namatti gochuu)fi k,k,f hawwasa naannoo keessatti miidhaa guddaa kan geggeessan jiraachuu ni mala ta'a. kanaaf, lallabaan tokko waa'ee kanaa beekuun ni barbaachisa.

B. **Miidhaa Diinagdee**

Miidhaa diinagdeekan jedhaman Beela, hiyyummaa, daaruu fi,k,k,f miidhaan diinagdee

hawwaasicha keessa kan jiru hubachuun barbaachisaa dha.

C. **Miidhaa siyaasaa**

Miidhaan siyaasaa yeroo sana jiru maal akka fakkaatu hubachuun barbaachisaa dha.

6. **Sadarkaa barumsaa (Beekumsa)**

Sadarkaa beekumsa uummata itti lallabanii beekuun fayyidaa guddaa qaba.Sababni isaa, barumsa laatamu adda baasuuf akkaataa fi gadi fageenya ittin laatamu tilmaamuuf nama gargaara waan ta'eef namootni itti lallabamu beekumsi foonii fi hafuuraa isaan qaban adda baasanii hubachuudhaaf akkataa armaan gadiin hubachuun barbaachisaa dha.

i. Gaafachuudhaan (waraqaa barreessuudhaan) ,
ii. Gaaffii jechaan dhiyeessuudhaan,
iii. Yaaliidhaaf qormaata laachuudhaan ,
iv. Galmee sakatta'uudhaan fi
v. Qayyabachuudhaan

7. **Yaada laphee namootaa ilaaluudhaan**

Jireenya namootaa keessattiyaadi laphee isaanii garaagara.Lallabaan tokko immoo yaada laphee namootaa gargar ta'e kan hubachuudhaan akka akka yaada isaaniitti barumsa isaaniif madaalu beekee kennuufiin ni barbaachisa.



Scanned by CamScanner

**7.1.Umuriidhaan adda baasee**

A. Ijoolleedhaaf
B. Dargaggootaf
C. Maanguddootaf kun goftaan keenya iyyesus kirstoos w/ yoh 21:16 irratti ilmoole koo nyachisi ,xobbala koo eegi ,holoota koo yaasi jechudhaan kan inni abboome kani ilaallatuudha. Afaan ingiliffan immo <<management>>kun jechuun ***man,age ,ment kana jechuun*** **nama akka umurii satitti bushuu kan barsiisu jechudha**

**7.2.Beekumsaan**

A. Nama barateef
B. Nama hin baranneef

**7.3.Qabeenyaan**

A. Sooressa nama tolaa ta'e

**7.4.Fayyummaadhan**

A. Qaamni isaanii hir'uu kan ta'e kan dhukkubsatan
B. Fayyummaa warra qaban

## *QOPHAA'INA BARSIISAA TOKKO IRRAA EEGAMU.*

Lallabaan tokko lallabaa waan ta'eef qopheen addaa irraa eegama.Utuu hin qophaa'in callisee ka'ee barsiisuun sirrii miti kan inni itti qophaa'uu qabuu.

### 1. Kadhannaa

Lallabaan tokko kadhannaa hundumarraa adda ta'e kan tajaajilaaf isa qopheessu wanta hamaa irraa kan isa eegu daandii Waaqayyoo kan isaaf qajeelchu walumaa gala qorumsatti akka hin galleef jecha Gooftaa keenya irratti hundaa'ee kadhachuun ni barbaachisa. **Mat 27:41**

Akkasumas, Abbootii amantii gadaamii adda addaa keessa qulqullummaan murtaa'anii kan jiraatan kennaa garaa garaa erguufiidhaan kadhannaa keessan keessatti na yaadadhaa jechuun gaariidha. Kadhannaan abbootaa eebba guddaa namaaflaachisiisa waan



Scanned by CamScanner

ta'eef **2Mot 2: 9˙, 4˸ 1- 8,4:9-37,**lallabaan tokko kadhachuu qaba yemmuu jedhamu waltajjii irra dhaabbatee kadhachuu miti. (kadhannaa fi laguudhaan) subaa'ee qabachuudhaan male

2. **Kitaabolii dubbisuu fi abbootii gaafachuu dhaan**

Lallabaan tokko beekumsa ga'aa horachuu kan danda'u kitaabolee mana kiristiyaanaaadda addaa dubbisuudhaan. Akkasumas, Abbootii amantii gaafachuudhaan waan ta'eef faayidaan isaas guddaadha.Daandii isaanii irra buunee akka jabaanu nu taasisa.Burqaa gaarii keessaa akka waraabbannu nu taasisa.Beekumsa wal-fakkataa tokko ta'ee akka qabaannu nu taasisa.Jechoota isaaniitti akka fayyadamnu nu taasisa.

## Akkaataa itti dubbisnu

A. Yeroo dubbisu qabiyyee fi qalama qabaachuun dirqama. Sababni isaas, dubbisa keessatti jechoota nu fayyadanii fi yeroo hundumaa itti fayyadamuu dandeenyu qabiyyaa irratti qabachuun dirqama waan ta'ef.

B. ***Dubbisanii yaadan qabachuu*** :Dubbisaaniiyaadaan qabachuun kan dandaa'amu, Xiqsii(Luqqisii) wangeelaa faarfannaa fi seenaa qabachuun ni dandaa'ama.

C. ***Dibbisuu fi waliin madaaluu*** :jecha tokko isaa tokkoa wajjin waliin madaaluudhaan garaagarummaa isaa tokkummaa isaa garaa gara baasanii beekuuf nama fayyada.

**FKNF,** Wangeela arfanuu keessatti tokko kan barreessa kaan immoo kan hin barreessine jechoota kan wal-faalleessan fakkaatan hiikoodhaan garuutokko kan ta'anadda baasanii beekuudhaaf nama fayyada. **Fknf, Mat 27:5,** irratti yihuudaan fannifamee du'e jedha.Luqaas immoo **HDB 1:18,** irratti marummaan isaatu jigee du'e jedha. Jecha kana yeroo barreessu, Luqaas immoo fanifamee akka hin dune, fannoon sun cite lafa dhahee guyyaa **40** erga turee booda gaafa Gooftaan keenya ol-ba'u mar'uummaan isaa tarsa'ee akka

du'uu barreesse. Kanaafuu, jechi lamaanuu isaanii sirrii dha.Dubbisanii waliin madaaluu keessatti bu'aa akkasiitu argama.

D. ***Dubbisuun qorannoodhaaf*** :Macaafa qulqulluun akkaataan barreeffama isaatii qorachuun barbaachisaa dha. Akkataan itti qorannu,

1. Yeroo barbaachisaa ta'e malee waa'ee dhaabbannaa namaa hin ibsu. **Fknf,**waa'eeGoliyaadii fi Daawwit **1samu, 17 :1,** kaasee asirratti waa'ee dhaabbannaa Goliyaadii fi Daawwit ibseera. Iddoo biraatti dubbisinne yoo ilaalle garuu, kan akkasii hin jiru. Asi irratti waan inni ibseef garaagarummaa qaama namaa fi waa'ee hojii Waaqayyoo isa dinqisiisaa akka namoonni ilaalaniif.
2. Macaafa qulqulluu dubbisinne yemmuu iaallu akka nama 3ffaa tti haasa'uutu jira. **Fknf,**Gooftaan keenya Iyyesuus kiristoos ofii isatiin ilma nama jedhee iddoo baay'eetti dubbatee jira.
3. Kitaaba qulqulluu dubbisnee qorree yammuu ilaallu maqaan namootaa iddoo baayyeetti barreeffamee hin jiru.Fknaf ***2Mot 4.8*** irratti dubartii biyyaa sunaam jedhe malee maqaa ishee hin ibsine kan kana fakkaatu iddoo baayyees ni jira.Kanaafuu lallabaan tokko kan akkasii beekuudhaan yoo barbaachisaa ta'e maleemaqaa barreessuun dirqama akka hintaane beekuu qaba.

E.***Dubbisuun yaada itti kennuuf*** kitaabni tokko sirriidha ykn mitii jedhaniiyaada itti kennuufii dubbisuun ni barbaachisa.

***F.Dubbisuun murteessuudhaaf*** kitaabni tokko akka maxxanfa muuf ilaalanii murteessuudhaaf qulqullinnifii ga'umsa inni qabu beekuudhaaf dursa kan barbaachisu dubbisuudha

**G.Dubbisuun hiikuudhaaf** jecha tokko irraa gara jecha biraatti akkasumas qooqa tokko irraa gara qooqa biraatti jijjiiruudhaaf dursa dubbisuun ni barbaachisa.Akkasumas yaada jecha isa sirriitti hubatanii jijjiiruuf dubbisuun ni barbbaachisa.

*Hiikuuf kan nama fayyadu*

1. Qabiyyee qabachuu
2. Walitti qindeefachuu
3. Jecha madaalama barbaaduu keessatti immoo dubbii Waaqummaa irratti hiikkoon isaa akka walhinfaalleessine of eeggachuun ni barbaachisa

**H.Dubbisuuf dhageessisuuf**

Lallabaan tokko dubbisa yammuu dubbisu akka amantoonni dhagaa'aanitti sirriitti qayyabachuun utuu dubbisa isaa hin dogoggorin akkaataa dubbisa abbootiitti dubbisuu qaba ,keessumatti Luboonni yammuu wangeela ,taammirii ,gadilii,dirsaanii dubbisan Diyaaqunoonni ergaa Phaawuloos yammu dubbisan akka namni irraa baratuuf waan ta'eef sagalee ol kaasanii dubbisuun ni barbbaachisa.

## GAAFACHUU

Lallabaan tokko waan isaaf hin galle abbootii amantii (beektota) mana kiristaanaa gaafatee hubachuun ni barbaachisa waan isaaf hin galle dogoggora hamaa waan ta'eef yeroo gaafachuu barbaadus waanti isa irraa eegamu

*1. Gadi of deebisuun gafachu*
*2. Qabiyyee qabachuu*
***3. Abootii (nama)gafaanu amala isaanii beekuu .***
***4. Dhugaa irraattii huundaa'uudhaan gaafachuu akkaas jechuun*** *fkn maari*yaam dhuuguma namaaf kadhattii utuu araarsumma Giftii Maariyaam na hubachiftaanii jedhanii gaaffachuu wayyya malee akka shakkitootattii gaaffachuun hinta'u.
5. Yeroo mijataa ta'e murteessni gaafachuu
6. Akkanama waa hin beeknetti dhiyaachu
8. Obsa qabaachuu:-namni nuti gaafachu deemne gaaffi keenyan ala yoo ba'e (waan biraa keessa yoo lixe) obsuun ni barbaachisa.Yeroo isaatti eegu.



Scanned by CamScanner

Wanta deebii nama jalaa dhabe tokko yeroo isaatti eeguun ni barbaachisa. Walumaa galatti qophiin lallaba tokko irraa eegamu kadhachuu, dubbisuu fi gaafachuu akka arman oliitti ilaallerra.3ffaa fi inni dhuma immoo qabiiyyee qabaachu dha. Lallaban tokko yeroo dubbiisu, yeroo baratu, yeroo barsiisuus qabiyyee qabachuun ni barbaachisa.Akkaata qabiyyee itti qabatan bakka lamatti ilalla.

1. Akkaata qabyyee dhunfaa
2. Akkaata qabiyyee ittiin barsiisan

## AKKAATAA QABIYYEE DHUUNFAA

Qabiyyee dhuunfaa keessatti wantoota baayyee ta'aan mala ittiin adda baasan qabiyyee keenya irratti qachuudhaan barreessuun ni danda'ama. Fknf Haallun (qalaman) adda baasuun mata duree fi jechoota barbaachisaa ta'aanhallu(qalama) diimaa,gurracha ta'een adda baasuun ni dandaama.

- Qubee guddisuudhaan : kan mata duree
- Sarara keessa lixanii barreessuu fi keessa ba'uun
- Tooftaa baafataa qopheeffachuudhaan : Ariitiidhaan mata duree barbaadan argachuudhaaf
- Jecha filatamaa ta'e mata duree irratti barreessu
- Yaada seenaaa waan tokkoo gabaabsaniibarreesuu yookaan immoo bal'isanii barreessuu fkn waa'ee ayyaana masqalaa
- Ragaa kittaaba qulqulluu luqqisii {xqisiii qabachuu}kun immoo akkaataa lamaan ta'uu ni dandaa'a

  Hima fuul-duraa fi booddee fkn Mat.10:16 akka gugee garamii ta'a jecha kanaa dursa xiqisiin akkuma ka'ame xumurarra ka'uun ni danda'ama jechudha.Mat. 10: 16

- Barreeffama barreessan jala xiqsii kaa'uu.
- Ragaa dabalataa kaawwachuu {qabaachuu] fknf Taammira Maariyaam yoo ta'e fuula meeqa irra ta'ee fi yoom eenyuun akka maxxanfame kan ibsu.

## QABIYYEE BARSIISUUDHAAF QABATAMU

Tooftaan qabiyyee barsiisuuf qabatamanii kan qabiyyee dhuunfa irra adda.kun akkaataa barsiisuuf ta'uutti kan qabatani dha. Kutaa sadiis kan qabu ta'uu qaba. Isaaniis

1. Seensaa
2. Ibsa
3. Xumura yookan gudunfaa kan qabu ta'u qaba.

Kutaa 1ffaa keessatti kan barreeffamuu qaban sa'atii guyyaa mata duree gabaabdu iddoo:Yeroo inni itti fixee..........

Kutaa 2ffaa keessatti xiqsii ijoo ijoo ta'an barreessuu, jechootaa ijoo ijoo ta'an barreessuu. Seensa ijoo ta'e barressuu fi Gaaffilee ijoo ta'an barreessuu.

Kutaa 3ffaa Ijoo gudunfaa ta'an barreessuu. Jechuunis gaaffiilee ka'anii fi deebii quubsaa lachuudhaan xumuruu jechuu dha. Walumaa galattii warri baratan ani maal gochuun qaba? Yaada jedhanii kasaniif deebii kan keennu ta'uu qaba.

## *QOQQOODANII BARSIISUU*

Tooftaan qoqqoodanii barsiisuu jechuun hawwaasa umurii adda addaa qabu akka umurii isaatiitti saalaan, jireenyyaafii hojiimaataan akka isaaf ta'utti barsiisuu jechuu dha.

Qoqqoodanii barsiisuun faayidaa guddaa qaba waan ta'eef faayidaan kunis :-

1. Faayidaa qabnu sirriitti itti fayyadamuuf fakkeenyaa teessuma minjaalaa fi kitaabolee k,k,f waliin ga'udhaaf.
2. Iddootti sirriitti fayyadamuudhaaf .Iddoon itti barsiifnu utuu itti hin dhiphatin isaan ga'uu akkadanda'utti
3. Hordofiidhaaf akka ta'utti
4. Hojii garee hojechiisuuf.Kun jechuun amantoonni walii isaanii irraa akka barataniif akka wal-gaggaafataniif. Inni tokko isa tokko akka faana buu'uuf dorgommii afuuraa geggeessuudhaaf



Scanned by CamScanner

ni fayyada.

5. .Barumsa itti fufiinsa qabu barsiisuudhaaf ni fayyada.
6. Namoota filatamaniifii barumsa filatame laachuudhaaf ni fayyada.Jechuunis seera gaa'ilaa raawaachuu, warra barbaadaniif waa'ee gaa'ilaa daldaltootaaf, warra dhukkubsataniif, qotee bulaaf, hojjettoota wajjiraafii k, k, f.Bifa isa ilaallatuun barsiisuuf nii fayyada.
7. Qorannoodhaaf nii fayyada.Ammam akka baratan madaaluuf, beekuuf eenyu immoo teellaatti akka afe hubachuuf ni fayyada.
8. Jajjabeessuuf.

## *AKKAATAA ITTI GARGAR QOODAN*

**UMURRIIDHAAN QOODU;-** Namootni yaadni laphee isaanii akkaataa umurii isaniin garaagarummaa qabu. Kanaafuu akkaataa umurii isanniin gargar qoodanii barumsa laachuufiin barbachisaadha.Isas akka armaan gadiitti ilaalla.

1.1 Umurii 0-4 tti isaan cimina qaamaas ta'e bilchaatina sammuuttiga'essota waan hintaneef barumsa isaan madaalu kennuufiin barbaachiisaadha.Micooliin gara koo haa dhufan narraa hin dhowwinaa akkuma gooftaan jedhe haadholiin akka isaan waa'ee waaqayyoo barataniif ga'ee gudaatu irraa eegama.Kanaafuu haadholii barsiisuun barbaachisaadha .Micooliin mucummaa isaaniitti dubbii waaqayyoo dhagaa'an jalalli waaqayyoo· laphee issaanii keessatti waan uumamuuf barumsa isaan ilaallatu laachuufiin ni barbaachisa.Iddoo(bakka)hin tane irra eeganii waa'ee jaalala biyyaa ibsuu,waa'ee afuuraa kan c alaqisuufii aadaa ba'eessa ta'een kan barsiisu akka ittiin taphaniif mijeessuufiidha.

1.2 Woggaa 5-7 Gidduu . .Mucooliin yeroo umurii kanaa qaamaan xiqqoo nii jabaatu, afaan isaanii hiikkatanii ni dubbatu yeroo kanatti barumsi isaaniif kennamuun irra jiraatu
A.Jechaan:-Barumsa gii'izii Galatamaariyaamii, Faarsaa
B. Hojiidhaan Barsiisuu:- Of hammaatabuu/of mallatteessuu/



Scanned by CamScanner

sagaduu Beeta kiriiyaanii dhungachuu, siilii qulqullootaa, kitaaba qulqulluu kabajaan baachuu fi nama kabajuu dha.

C.Taphaan Qabanii Barsiisuu

D. Fakkiidhaan Barsiisuu:- Siilii qulqullootaa itti agarsiisuudhaan eenyuu akka ta'e, maal akka hojjete barsiisuu, akkasuumas seenaa adda addaa ta'an bifa fakkii ta'een qbanii barsiisuu.

E. Zeemaa (yeedaloodhaan)mana kirstiyaana barsiisuu:- Faarfannaa qindeessee ………

1.3 UMURII 7-14 GIDDUU

Yeroo umurii kanatti jireenya maatii gidduu jiraachuu keessatti gara jireenya hawaasatti jiraachuu yemmuu jalqabani dha.Yeroo mana baruumsa seenanii dha.

Yeroo gara fira isaanii deemanii dha.Kan isaanii kan ta'e fi kan hintaane yeroo itti adda baasaniidha.Umurii kana keessatti kan arganiifii kan dhagaa'an hundumaa qabachuu ni danda'u.Kanaaf akkataa armaan gadiin barsiisuun ni barbaachisa

**A.Mammaaksaan**

**B- SEENAA ITTI HIMUUDHAAN**:-Bifa ifaa ta'een salphaa ta'een fakkiidhaan dhugaa irratti hundaa'ee laatamuufii qaba.keessummatti immoo seenaa raajotaa,wareegamtootaa,barattootaa fi tolootaa akka ta'utti seenessuun barsiisuun ni barbaachisa.

*1.3 UMURII 14-18 GIDDUU.*

Yeroon kun yeroomiidhaa guddaa qabuudha.Midhaan kunis karaa baayyee kan dhufuudha.

A.Karaa dhibantaa (ጎደኛ) m/mot: 12: 13-1Senaa Aminoonii fi Yaadaab.1Moto 12:5 1Qor 15:33

C .Karaa Barumsaa

B.Karaa meeshaalee wolquunamtii uummataa (መገናኛ:ቢዙሐን):- Jechuunis Reediyoo,Televiyyiini,silkii maxxansa addaa addaa

D.Saayinsii fi tekinoloojii



Scanned by CamScanner

Yeroo kanatti ani maali? Maal ta'uun qaba jechuudhaan yeroo namni ofii isaa gaafatuudha.Kanaaf yeroo kana keessatti waan kana keessatti waan gaarii akka inni murteeffatuuf dargaggummaa isaa kanaanwaaqayyoon faarfatuuf waaqayyoo wojjin akka jiraatuuf barsiisuun barbaachisaadha.MACAAFA LAALLABAA12[1-8] Yoo didee gammachuu biyya lafaa kana filateimmoo bor akka inni gaafatamuudhaaf

Jiru itti himuudha.MACAAFA LALLABAA 11[9-10] y eroo kana keessatti jireenya hiriyyumma irraan kan afe jireenyi hawaasaa hoomaa itti hinfakkaatu.Kanaafuu maatiinis qaama dhimmi isaa illaallatu rakkoo irraan ga'u fuul duraa yeroo umurii isaanii ajajuu waan ta'eef gorsanii qajeelchuun barbaachisaadha.Rakkoolee yeroo adda-addaa dhufan ilaalchisee keessumatti H.I.V miidhaanni qabu bifa addaan barsiisuun barbaachisaadha.

## 1.5 *UMURII 18-30 GIDDUU*

Umuriin kun yeroo jireenyaa isaa olaanaa ni jedhama. Yeroo ittii ogummaan guddaa dabalaa deemuu dha.Yeroo ittii gafaatamummaa isaa guddaa fudhatanii dha.Barumsa gidduu galeessaa fi kollejjii yeroo itti baratanii dha. Warra hin baranne illee taanaan yeroo kanatti wa'e bu'a hojii, wa'e fuudhaa fi heerumaa, wa'e baruumsa barsiisuu hubannoo gudda akka qabaniif barsiisuun ni barbaachisa.

## 1.6 *UMURII 30-50 GIDDUU*

Yeroon kun yeroo dirqamni guddaan ittii kennamu dha. Akka mana hamantaattii immoo namni tokkoo immoo monokosee abbaa amantii jedhame wamaamuuf kan inni danda'u yeroo kana akka ta'e Ser lakk 4:3(30) irrattii barrefamee jira. Akkasuumas hojii motummaa, hojii dhabbataa hawaasa yeroo itti gaafatamummaa guddaadhaan yeroo ittii hojetanii dha.Kanaafuu barumsa keennuufi qabu. ; Imaanaa sitti kenname jabeessi eegi jechuu dhaan Q/Phahuuloos Ximotewoosiin akka barssiise; barsiisuun ni barbaachisa. 1Ximo 6 Namni hunduu dhalootaaf fkn gaarii ta'uudhaan kallatti itti kennaamedhan fkn 16:33 Namni waa tokko irratti yemmuu walii galuu didan hiixaa haa buufatan jijjiiramaf guddina akka fiduuf barsiisuu dha.Keessuumatti iddoo namootni kun waliitti qaban (argaman) mana bo'iichaa , mana



Scanned by CamScanner

cidhaa , mana hafooshaa iddoo kkf deemuudhan barsiisuun ni barbaachisa.

Walumaa galattii umurii isaanii 45 ol kan ta'e immoo raga wangeelaa/xiqsii/ laachuufiinykn qabadhaa jedhanii rakkiisuun hin barbaachisu.Jaalalaan gadii of deebisuudhaan qalbii jijjiirataniif akka qrrobaniif ququllummaan akka jiraataniif gara manakiristaana akka isaan deemaanif barsiisuudha. Kara adda biraa immoo hundaa baraatti jaallatamuutti akka argataniif jaarsa haaraaraa akka ta'anif barsiisuu dha.

# BOQONNAA 2

## *AKKAATAA ITTI BARUMSAA LAATAN* (የትምህርት አቀራረብ)

Akkaataa barumsi itti dhiyaatu beekuun bu'aa guddaa qaba. Baruumsi mana kiriistayaanaa keenyaa akkaataa baay'een dhiyeesuun ni dandaama. Isaan keessaa tokko

1. **SEENAADHAAN:-** Seenaadhaan kan kennamu kun kutaa lama qaba .Isaaniis seenaa fi asoosama jedhamu.

**A. SEENAA**:-Baruumsi seenaa yeroo baay'ee kan inni kennamu guyyaa ayyaanaa irratti hunda'eti. Manni kiriistaanaa keenya kitaabilee Abbooti keenyaa bay'ee waan qabduuf sooreettiidha. Guyyaa ayyaanoota kanas kan guyyaa tokkon tokkoo isaatii seenaa kan ibsu kitaaba sinkiisaar Gadalii /Qabsuura/ dirsaanii dubbiisuudhaan kitaabolee qulqulluun waliin simsiiftee ni barsiifti. Lallaabaan tokkoos kitaabilee kana dubbiisee hubatee hummata kiriistaana guyyaa ayyaanaa kana dhufee utuu hin nuffiisisiin gabaabsee hanga daqiiqaa afuurtaamaa gidduttii bifa seenaa kanaan barsiisuu qaba.Lallaabaan Seenaa kana yammuu seenessee barsiisuu duraan dursee mata duree lallaabaa sanaaf ta'u filachuun ni barbaachisa.ummanni isa dhaggeeffatu salphaatti ni hubata. Yoo gaafatanis deebii nideebisu.mataduree inni filates seenaa guyyaa sana kan ibsu ta'uu qaba seenaa sana dubbisee erga fixeen boodas seenaa kanairraas maal hubanna?Kan jeedhuu gara jireenya namootaatti fidu qaba. Egaa gabaabaadhumatti lallabni akkasii kun qaama sadii qaba. Isaaniis

1.Seensa 2. Ibsa fi 3. Gudunfaa qabaachuu qaba.

Egaa walumaa galattii lallabaan seenaa jireenya qulqulloota baay'ee kan beekuu ta'uu qaba. Macaafa qulqulluutiin wal simsiisee barsiisuu qaba.Qulqullonni jecha wangelaa kan hojiitti jijjiiran waan ta'eef fknf .Abbaan keenya qulqulluun Takile Haayimaanot, Qulqulluu Giyoorgiis

….. fkkfjecha. WlMat 19[29] irra jiru. Namani anaaf jedhee mana isaa, maatii isaa ……..(dhiisee na duukkaa bu'udhibba keessaa dhibba argata kan jedhuu kan rawaatu dha. Kaanaafuu gaafa ayyaanaa qulqulloota kanaa mata duree kanaan ka'ani lallabuun ni danda'ama. Uummannis seenaa qulqulloota akkaataa knaan barsiifamu barachuuf baa'ee fedhu. Akka isaanii ta'uudhaafis akka of qopheessan ni taasisa. Kanaaf kaan beekanii barsiisuunni barbaachis

## 2. *BIFA ASOOSAMAAN BARSIISUU*

Kun tooftaa lallabaa kan bara duriitti kun mammaaksan, oduu, seenaa afaaniitiin kkf ta'aniin barsiifamani dha. Isaan kun gaggabaa waan ta'aaniif waan tokkoo akka namni hubatuu fi waan nama gargaaruuf amantoonni ittiin barachuu baay'ee jall'atu.

Kanaafuu lallabaan tokko aadaa uummatichaa hubachuudhaan fakkeenya baayyee fi mammaaksa baayyee walitti qiddessun utuu itti barsiisee baayyee gaariidha.Keessumatti daa'mman ykn mucoolii ittiin barsiisuun dirqama.Kanas kitaabi Quluqulluun ni deggera.FKN ,W/Marq.4:34 Gooftaan keenya Yesuus fakkeenya baayyeedhaan barsiiseera.Dabalataanis akkaataa itti barumsi dhi'aatu jira.Akkaataan barumsa kanaas kan barsiisan AbbaaGorgooriyoos worra jalqabaati.Isaan kunis qaama lama qabu.

1. Jecha yookaan lallaba mata duree tokkoon dhi'aatu

2. Mata duree lamaan kan dhi'aatu

**1. Lallaba mata duree tokkoon dhi'aatu**

Lallabni kun hima tokko qofa kan qabu waan ta'eef isuma ibsuudhaan isa kan fakkaatu immoo iddoo garaa garaatti waliitti fidanii lallabuu jechuu dha. Fknf ሮሽ:11[12] Qoruumsa keessatti kan jabaatu ebbifaama dha kan jedhu.

## 2. Lallaba mata duree lamaa

Kun kutaa kitaaba qulqulluu keessaa ayyaana guyyiichaa irratti illaalchiisee kanibsame irra dhaabbatee lallaba kennamu yammuu ta'u, mata duree baay'ee qabaachuus ni danda'a. Kanaaf lallabaan hunduma isaanii dubbisuudhaan jalqabaa hanga xumuraatti ibsa itti kennuun lallabuun ni barbaachisa .FKNF ,**Raj/Dani'el 12** 1-2 Yeroo sanatti saba hundumaaf kan dhaabbatu ergamaan guddichi ni mul'ata.Sanyii namaa erga uumamee kaasee rakkini akkasii takkaa ta'ee hinbeekne ni taa'a.Garuu worrii maqaan isaani galmee waaqaa irratti barreefame ni oolu. Luq.13 6-9 Fakkeenya mukti balas ija dhabde kun mata duree lama qaba.Innis ija waan dhabdeef nan mura isa jedhuufii maaloo himurin yaa Gooftaa koo itti soqnaa kan jedhuudha.

Kana malees gosni ittiin barumsa ittiin dabarsinu baayyeen nijiru.FKN.

### 1. Sookoo fi Soorgoo (ሰምና ወርቅ)

Kun immoo jecha dhokataa kan ofkeessa qabu jechudha.Irra keessa yammuu dubbisan baruumsa tokko laata. Jecha dhaktaa yookaan icitii isaa yammuu dubbiisan immoo baraamsa kan biraa kan laatudha. Fknf mat 7:1-5mat5 :29-30

### 2. Fakkaatidhaankan lallabaaman /እንራዊ/

kun immoo yeroo tokko yoo namatti yokaan waan ta'ee irratti fakkeessanii barsiisuufknf mat 7:24-29. Waa'ee namicha habshaala mana isaa dhagaa irratti ijaarate fi namicha goowwaa mana isaa ashawwaa /ጨሺራች/ irratti ijaarateti.

### 3. Kallattidhaan hiikamaniii kan lallabaman

Isuma barrefamee jiruu sana hiikanii kan barsiisan ta'ee akka eyyama ykn gargaarsa waaqayyootti immoo baballachuun kan danda'u jechu dha. fkn waa'ee foon isaa fi dhiiga isaa fudhachuu ዮሐ 6፡ 35Ani ifa



Scanned by CamScanner

biya lafaati. …….yoh8:12 Tiksee gaariin ana የሥራ 10[11] fi kkf kallattidhaan kan hiikamani dha.

**4. Bifa gorsaan kan lallabaman**

Lallabaan iddoo Amantootni baay'een walitti qabamaniitti waltajjii irraa dhabbachuudhaan bifa gorsaan barsiisuun ni danda'ama.1phex 5:1 fkn31:5

**5. Ifataan/dheekkamsaan /barsiisuu**

Amaantoonni barumsaa fi gorsa laatamuun gara…waaqayyottii deebi'uu yoo didan dhugaadhaan yoo morman ifatan lallabuun ni danda'ama. (fkn41,m/lal 4:24,mat;3:7,14:4,11:21-24.walumaa galatti 1ximo5:20 irratti warri kaan akka sodaataniif isa cubbuu keessa deddebi'ee hojjetu nama hundumaa ful duratti ifadhu jedha. Akkaataa kana baruumsa amantii dabarsuun ykn barsiisuun ni danda'ama.

## *AKKAATAA ITTIINBARUUMSA AMANTII BARSIISAN (ነገር ሃይማኖት)*

Lallaba hunduma keessaa lallabni jabaataan lallaba w'aa'ee amantii ti.Lallaba waa'ee amanti lallabuudhaaf lallaban tokkoo ijoo armaan gaditti tarreffaman hubachuun barbaachiisa dha.

**1. TUQAA TOKKOON BARSIISUU (አንድ ነጥብ በማስተማር)**

Akkas jechuun araarsummaa giftii kenyaa.Maariyaam barsiisuu dhaaf yoo ta'e kan biraa keessa utuu hin seeniin xuqaa qofaa irratti hunda'uun barsiisuu jechu dha.

**2. IBSA BAL'AA KENNUUN BARSIISUU**

Lallabaan qabxii lallabuu barbaade irrati ibsa bal'aa itti kennuun irraa eegama .Ibsa bal'aa itti kennuudhaaf immoo tooftaa kanaan fayyadamuu qaba.



Scanned by CamScanner

*A.Seenaa Gidduu Galchuu* Fknf:- Waa'ee araarsummaa Giiftii keenyaa ilaalchisee seenaa Balaa'isaab seenessuudhaan

*B.Fakkeenyaan fakkeessuudhaan*FKNf: - Waa'ee Giiftii Maariyaamii lafagaafa facaasaa(ዘፈ.ጥ $1^{9-11}$ ውዳሴ ማርያም ,ጋፋ. ፋጨሳ,Duumessa Eliyaas( Moot $1^{ffaa}$ $19^{8-9}$

*C.Xiqsi(ragaa)ibsa laachuudhaan*

***D. Jecha beektota mana kiristi'aanaa fayyadamuudhaan*** nuti amantii abbootairraa kan dhalle malee….warra jalqabne waan hintaaneef jecha isaanii isaan irraa baruun ni barbaachisa.Jecha isaanii keessaamismaaraafikiristiyaanni yoo rukutaman ni jabaatu(ni jabeessu) kiristiyaanaafiindaaqqoon ULIFINNI ISANgaafa qalamaniidha.

## JECHA ABBOOTAATTI FAYYADAMUU

Lallabaan tokko yeroo barsiisujechoota Abboota iccitii faalleessan dubbachuu hin qabu.Jechi Abbootii Itti fayyadamaa turan baratee hubatee ittin barsiisuuqaba.jecha isaanii keessaa tokko Qulqullootayeroo maqaa isaanii waaman kabajaanwaamuu fknfyohaannis Abba wangeelaa maqaa bay'eetiin waamama.Innis□□□□□□walde nagadgoodi. Abuu galamsis fiqire igzi'ii qusxuragatsi kan jedhamuun ni waamama kanaafuu lallabaan jecha Abbootii kana beekuu qaba. Akkasumas abbootiin keenya giiftii keenya Maariiyaamii yammuu alaamaan qulquulleetti dubre Maariyaamii, harmee waaqayoo, deessuu waaqayyoo, haadha ifaa kkf jedhanii waamu waanta'eef lallabaaniis kana beekuu qaba.Abboonni keenya gooftaa keenya Iyyeesuus kiristoosiin yammuu waaman fayiisaa addunyaa qoriicha biyya lafaa, gooftaa gooftootaa, mootii moototaafi halfaa homeegaa jechuudhaan kabajaan waamu akkuma ta'e lallabaan tokkoos kana beekuu qaba. Waluumaa galatti lallabaan tokkoo waltajjii irra dhabbaatee yammuu lallabuu namoota hundumaa kabajuudhaan jecha kabaja abbootaatti fayyadamudhaan gad of deebisee warra kaan immoo of irra caalchiisee ilaaluu qaba. Filiphii $22^{5}$



Scanned by CamScanner

4. Qabiyyee qabachuu (waan arganii fi dhaga'an hundumaa kanittinbarreeffatan)
5. Akka seera manakiristaanaatti uffannaa ofii...... sirreeffachuu
6. Eebba iddoo sana irra fudhachuuu ykn tsabalaan,cuuphamuudhaan mulluu ykn daabboo iddoo sanaa nyaachuudhaan.... fi k.k.f
7. Iddoon sun dafqa,imimmaani fidhiigi qulquullaataa iddoo itti cophe ta'uu isaa hubachuu
8. Callisuu, qarshii godhachuu, tasgabbaa'uunta'uu, seenaa fi ambaalee iddoo sana qorachuu k.k.f adeemsi godhamuu baruumsa guddaa laata.

### *HOJIIDHAAN BARSIISUU*

Hojjetanii agarsiisuudhaan, dogongora irraa immoo qajeelchuudhaan hojjetanii barsiisuun ni barbaachisa. Fkn of ammaattabanii.darbannaa tsinatsilii, uffanna naxalaa, ashabaa ashabuu,wizuwaazee,dhaabata kadhannaa fi k,k,f hojiin barsiisuun ni danda'ama.

Dogongora irraa immaa akka abbaan keenyaa.*musee tsaalim*cirracha keeshaatti naqanii jalaan.immoo uranii akkadhimmisu godhanii namaatii murteessuuf ta'an yeroo isaan waaman cubbuu akka ashawwaakanaa bayyatu baadhee maalan namatti murteesakan koo iyyuu baachuu dhadhabeen jalaan dhangalaa'aa jira jechuun namoota hedduu ittiin barsiisaniiru.kun hojii barsiisuu jedhama.

### *MAREEDHAAN BARSIISUU*

Namoonni qabxii tokko irratti mari'achuudhaan ,yaada tokkorra akka ga'aniif mareen ni fayyada. Namoonni walii isaanii akka baratanis ni taasisa faayidaan irraa argamus.

1.Namabaay'ee hirmaachisa.

2. Wal tuffachuu hanbisa.

3. Maree irratti qophaa'uudhaaf kitaabolee garaa garaas namoota babbeekamaa gaafachuu sirriitti qophaa'uuwaan gaafatuuf ni fayyada.



Scanned by CamScanner

4. Namoonni yaada isaanii ibsuuf wal jajjabeessuuf wal sirreessuuf ni fayyada.

**Mareen bifa lamaan gaggeeffamuu ni dandaa'a.**

1. Akka walii galaatti
2. Garee gareen gargar qooduudhaan

**Yeroomareedhaa wanti beekamuu qaban.**

1. Iddoo maree murteessuu
2. Namoota hirmaatan murteessuu
3. Walitti qabaafii barreessaa filuu
4. Mata duree more murteessuu
5. Yeroo murteessuu
6. Maree booda yaada murteerra ga'uu

Ijoo maree ilaalchisee fkn shakkitoota yeroo amma kana ka'aniif deebii attamii laanna?Kan jedhu irratti mari'achuun ni danda'ama. Manni barumsa sanbataa keenya akka hin guddanne maaltu taasisee?Kkf tu irratti mare geggeessuudhaan barsiisuun ni dandaa'ama.

*WAL-DORGUMUUDHAAN*

Mana barumsaa sanbataa keessatti dorgaa dorgee qopheessuudhaan barsiisuun ni danda'ama.

*QAYYABANNAA JECHAAN BARSIISUUN NI DANDA'AMA*

Bara duriidhaa kaastée manni kiristaanaa keenya barumsa jechaan barsiisaa kan ture mala lallabaa isa guddaa dha. Har'asimmoo itti fufteema jirti.Akka hin irraanfatamneef yeroo yerootti ni qayyabachiifti. Fknf, kadhannaa faarfannaa,jechoota walaloo k, k, f. Yerooqayyabannaa wantii hubatamuu qabu.

1. Kan qayyabachuu fedhan filachuu
2.Yeroosaa murteeffachuu. Jechuunis, yerroo sammuu namaa qabachuu danda'u.



Scanned by CamScanner

3. Meeshaalee namabarbaachisanitti fayyadamuu yoo qiddaasee ta'e macaafa qiddaaseetti fayyadamuu.
4. Utuu hin nuffin irra deddeebi'anii qayyabachuu.

## *IGZIIBISHINIIN (AGARSIISAAN) BARSIISUU*

Wantoota baratamuu qaban raga guutuudhaan iddoo mijaa'aa ta'etti kutaa kutaa qopheessuufiidhaan walitti qabanii akka namni ijaan ilaalee baratu gochuu.

Walumaa galatti barumsi karaa kanaa laatamu ambaalee mana kiristaanaa kan ta'an har'as hojiirra kan jiran kallattiidhaan fiilmiidhaan footoo kaasuudhaan barsiisuun nidandaa'ama.Barumsi akkaataa kanaan laatamu utuu nama hindhadhabsiisin al tokko akka barataniif nifayyada

### *MUUXANNOO WAL JIJJIIRUUDHAAN*

Namni barumsa sanbata tokkoo isa kan biraa wojjin manni kiristaana tokkos isa kan biraa wojjin muuxannoo wal jijjiiruunfaayidaa guddaa laata.

1. Jalalaa fi tokkummaa uuma
2. Akka wal irraa barataniif jabatan ni taasisa
3. Wanti hir'atee jiruakka guutamu taasisa
4. Karaa ittiin wal qajeelchan bana

### BARREEFAMAAN BARSIISUU

Barreefamaan barsiisuun hundarra faayidaaa guddaa qaba..Hinhirranfatamu hin baduus waan ta'eef.Barreefamaan karaa baayyee laachuun nidandaama

1.Tiraaktii waraqaa xiqqaa irratti kan barreefamuun tamsaasuun fkn guyyaa ayyaanotaa illalchisee

2. Shiitii (hand out) irratti barreessuun:- shitti irratti kan barreefamuu qabanjechoota 2000 hanga 4000kan hin caalleen kan barreefamaniidha

3. Macaafolii irratti kan barreefaman:-caaffataan fayyadamanii barsiisuu

## *CAAFFATAAN FAYYADAMANII BARSIISUU*

1. Ambaalee ta'anii ni jiraatu hin irraanfataman, yeroo barbaadametti akka barbaadametti nama barsiisuu waan ta'eef fayidaan isaa guddaa dha.

## *SAGALEE FI FAKKIIDHAAN FAYYADAMANII BARSIISUU*

Sagaleen barsiisuu yemmuu jedhamukaaseettii(Kirrii) dhaanbarsiisuu jechuudhan kaaseettidhaan qopheessuu fi gosa kaaseettii beekuun barbaachisaa dha.Gosti kaasettii kan armaan gadiitu jiru.

1) Kan daqiiqaa 30   2) kan daqiiqaa 60   3) kan daaqiiqaa 90

Sagalee duwwaadhaan barsiisuun namoota qaro dhabeeyyii ta'aniif mala isa guddaa dha.Iddoodhaa gara iddootti deemanii barachuu hin dandaa'an waan ta'eef. Kaasettii dhaan barsiisuun iddoo qaaman ga'uu hin dandeenye salphaatti erguun ni dandaa'ama waan ta'eef fayyidaa guddaa qaba.

Fakkiidhaan barsiisuu inni jedhamu immoo Viidiyoodhaan barsiisuu jedhuu dha.Keessumattinamootni ḅiyya alaa jiraatan ijjoolleen isaanii waa'ee mana kiristaanaa maal akka fakkaatu ijaan ilaaltee gurraan dhageessee akka barattuf tooftaa isa guddaa dha.

## *EERGAADHAAN BARSIISUU (የተልእኮ ትምህርት)*

Ergaadhaanbarachuun(barsiisuun)tooftaa ammayyaa keessaa isa tokko ergaadhaan barsiisuu jechuun.Iddooma jiran ta'anii kan ittiin baratan immoo namaaf Ergamee barachuu jechuu dha. Barumsikun sadarkaa kan qabuu dha. kaayyoo, Fuul duraa duuba fi safartuus qaba. Foormii guutamus qaba.Barumsi kun bifa sadiin laatamuu ni dandaa'a.

1. Barreeffamaan 2. Kaasettiidhaan 3.Viidiyoodhaan

Yeroo xumuraa qormaatni akka lamatti dhiyaataf.

1. Dhuunfaatti erguufidhaan.Kitaabolee dubbisee namas gaafatee deebisuu danda'a.
2. Iddoo wiirtuu qormaatni itti kennamutti dhuyaachuudhaan

### *GAAFFII FI DEEBII DHAAN*

Gaaffii fi Deebiidhaan kan jedhamu barattootni ykn amantootni gaaffii isaan gaafatanii fi sagantaa deebiin itti kennamu jechuudha. Sagantaa gaaffii fi deebii mala ittin qopheessan.

1. Saanduqa yaadaa kaa'uudhaan . . . . Namootni eenyummaa isaanii beeksisuu hin barbaanne ykn soodaa kan qaban waanta isaaniif hin gallee tokko waraqaa irratti barreessuudhaan saanduqa yaadaa keessa buusuun gaafachuun ni dandaa'ama. Barsiisaanis achii keessaa fuudhuun deebii kennee uummata bal'aa barsiisuuni danda'a.

2. Sagantaa gaaffii fi deebii dhiyeessuudhaan . . . . Kana akkaataa lamatti gochuun in dandaa'ama.Inni jalqabaa, Barsiisaan waan kanaan dura barsiise teellatti deebi'ee gaafachuudhaan saagantaa qopheessee kan godhuudha.

Inni lamataa immoo, Barsiisaan sagantaa qopheessee wantoota isinniif hin galle gaafadhaa jechuudhaan kan geggeeffamuudha. Egaaasi irratti kan hubatamuu qabu, Barsiisaan isa danda'u sirriitti deebisuu yoo hin danda'u ta'e immoo beektoota mana kiristaanaa akka isaan deebisaniif hafeeruu (isaan gaafatanii debisuu) akkasumas saagalee isaanii kaaseettiin waraabuudhaan waraqaa irratti barreessuudhaan deebii quubsaa deebisuufiin ni dandaa'ama.

- Gaaffiin tokko yeroo gaafatamu maalif akka inni gaafatu hubachuun ni barbaachisa.Yoo haxxummaadhaaf gaafata ta'e, akkaataa Gooftaan keenyaa Iyyeesuus kiiristoos Yihuudota warra haxxummaadhaan isa

gaafatan akkaataa inni itti deebii kenneef hubachuun barbaachisaa dha. Innis, **Mat** $21^{13-27}$, irratti haboo maaliin hojiihojii kana hojjetta?jedhaanii yammuu isaan gaafatanhaxxummaan isaa qoruuf gooftaan waan ta'eef gaaffii isaanii lafa kaa'ee anis dursa gaaffii tokkon isin gaafadha yoo deebii sirrii naa deebistananis isiniifan deebisa jechuudhaan"cuuphaan Yohaannis cuuphe eessa irraa kan isaaf kennameedha haboonsaa"jedhee gafate yeroo kanatti mar'iannee siif deebiifna jechuudhaan haxxummaan isaanii isaan irratti mirkanaa'e.Akkas waan jedhaniif cuuphaan Yohaannis cuuphee kan waaqa irraati yoo jenneejennee innoo waa'ee koo dubbateera maaliif natti hinamantaniree nuun jedha.yoo kan lafaa irrati jenne namoonni baayyeen raajii waaqayyoo ta'uu isaa waan hubataniif uummatni dhaguudhaan dha'eenu ajjeesa waan ta'eef ni sodaanna ni sodaanna jechuudhaan utuu dhugaa beekanii faa'idaa argataniif jecha hin beeknujenna jedhan.Innis deebisee anis isin hin beeku jedhe, Har'as shakkitootni baay'een nama dogogorsuudhaaf, faayidaa foonii argachuudhaaf jecha kan gaaffii haxxummaa nama gaafatan jiru. Warra akkasii kana hubachuudhaan utuu deebii hin laatiniif fuul dura dhugaa irratti kan hundaa'e deebisanii gaafachuun ni dandaa'ama. **FKN,** 1, Nama Gooftaa Iyeesuus Kiristoosiin hinfudhannetti fudhaneetiin fudhu /maalif isatti hin amantu/Gaaftaa ati jettu kun: -guyyaa maalii ji'a maalii keessa dhalate, raga isaa naaf kanni, waggaa 1-30 eessa ture, maal hojjechaas ture, macaafa qulqulluu keessaa naaf kenni**H/Erg** $1^3$, irratti ergaa du'a mo'ee ka'ee booda guyyaa 40 fi halkan 40 barattoota isaatti mul'atee waa'ee Mootummaa Waaqayyoo isaan barsiise jedha. Guyyaa kana guutuu eessa ture? Barumsa inni gaafa sana isaan barsiises maal kan jedhuudha? Har'a immoo eessa jira?

- Qulqulleettii Maariyaamiin qoricha addunyaa kana fayyisu kan deesse eessaa argamte?
- Marqosii fi Luqaas eessaa dhufanii Wangeela barreessan?
- Warra 12 keessahoo hin jiranii (**Mat** $10^{1-2}$) keessa jiraa?



Scanned by CamScanner

- Warri kudha lamaa barattootni Gooftaa keenya Iyeesuus kiristoos du'aniirumoo jiru?
- Yoo jiru ta'e biyya eessaa? Yoo in du'an ta'e immoo biyyaa eessaati? Yoom du'an?

Raga isaa kitaaba qulqulluu keessaa Gooftaan Iyeesuus kiristoos barattoota isaatiin gara Addunyaa deemaatii barsiisaa jedhee abboome Mat 28[19], kan caffata caafanii barsiisan **Maatiwos, Maatiwos, Yohaannis,Pheexiros, Yaa'iqoob, Yihuudaa obboleessa Yaa'iqoobii ti.**Bartoota kudha lamaanuu keessaa warri hafan 7, nuu hin barsiifne jechuudhaa?Hin barsiifne taanan abboommii Gooftaa hin eegne jechuudha?Ba'ii seexanaa jetta, seexanni kun yoom uumame? Maali irraa uumame?Maal fakkaatas har'a?Malketseediq hidda dhalootaa hin qabu jedha.**Ibr, 7[1],** kaasnee yoo ilaallunamni kun eessa ba'eree?Malketseediq abbaan isaati.Seeluu namni jedhamu Selaamiin dhalche, Selaam namni jedhamu immoo Malketsaadiqiin dhalche.Abbaan isaanii waaqa tolfamaa waaqessa ture.Gaaf tokko abbaan isaanii Malkatseediqin waaqa tolfamaaf arsaa dhiyeesuf yeemmuun jedhe haati isaa itti himte yeroo kana baqatee gara Isiraa'eelotati heyyama waaqayyootiin iddoo Addaam itti awwaalameeti (Gooftaan itti) fannifame akka eegu ta'e. Hidda dhaloota isaati gosa ijjoolle Nohii sadan keessa qaama kam ture.Walumaa galatti qulqquulluun phaawuloosi hidda dhalootaa waan hin qabneef warri luba ta'aan Leewwii, warri mootii ta'an yiihudaa keessaa waan ta'aniif akka qomoo keenyaatti nuu keessa hin qabu jechuu barbaadeti. –Jalqabaa fi xumura hiqabu jechuun isaa immoo galmee Isiraa'elotaa keessati bara akkasii dhalate, bara akkasii du'e jedhee caafamee hin jiru jechuuisaati.Haboon lubummaa isaatii kan baraabaraati jechuunisaa"bara baraan"jechi jedhu hiikoo lama qaba. Isaanis:-

1. Xumurakan qabu haayyuu maleebarrii isaa kan dheerate jechuudha.

2.Xumura kan hinqabne:-kun waaqayyoof kan kennamuudha.Akkaataa kanaan lubummaan Melkatsediq kan baraa baraati yeroo jedhu xumura kan qabu bara dheera kan jiraatu jechuusaati.Karaa kan biraa immoo

aboon lubummaa isaatii waaqa irraa kan kennameefi waan ta'eefkan Leewwiifaa irra waan caaluuf haboon lubummaa sun kan hinjijjiiramne ta'uu isaa agarsiisa.FKN Gooftaa iyyeesuus jedhamee barreefamuun isaa immooGooftaan keenya Iyyeesuus Kiristoos foon isaafi dhiiga isaa qamadii fi wa'inii irraa qopheesse Melkatseediqis akkasuma gochaa ture waan ta'eef Se/Umamaa 14[17-20],Mat26[26-29].Aboon Lubummaa Gooftaa Iyyeesuus Kiristoos eenyu irraayyuu kan kennameef miti.Kan Melkatseediq sanyii kan warra leewwiifi kennamee miti.Namni jalqabaa Addaam eessatti uumame? Yeroo uumame waggaan isaa meeqa?gaafa guyyaa meeqaa gennata seene?Gennata keessa waggaa meeqa jiraate?Guyyaa maalii gennata keessaa hari'atame?Gennata keessa erga hari'atamee iddoo inni irra qubate maal jedhama?Ijoollee inni godhate baayyinni isaanii meeqa?Worri jalqabaa eenyu fa'i?Deebiin kanaa macaafa iccitii isa guddaa kutaa 2[ffaa] keessa jira

Egaa walumaagalattii lallabaan tokko seera gaaffii fi deebiin barsiisuu keessatti warra utuu dhugaa beekaniihaxxummaan nama gaafataniif gaaffii armaan olitti caqasaman kana gadi of deebisuudhaan gaafatee akka isaan leeyyan gochuun ni dandaa'ama.Warra utuu hin beekin wallaalumman irraan kan ka'e gaafataniif immoo yaada qajeelaan,garraamummaadhaan,deebisuufiin barbaachisaadha.1[ffaa]phex3[16]Akka gugee garraamii,akka bofaa immoo haxxee taa'a gooftaan akka barattoota isaatiin jedhe Mat10[16]Nutiis akka isaanii taanee dhugabaatuu dubbiisaati akka taanuuf waaqni abbootii keenyaanuu haa gargaaru.

# Kutaa lammaffa

## Afoola [Tiwufiit]

Tiwifiti jechi jedhu jecha Gi'izitti yemmu ta'u hikkon isaa wal harka fudhiinsa. Walitti dadabarsuu jechudha, tiwifiti jechi jedhu akka biyya lafatti immoo afoola jedhaama. Garuu kan afuuraaf kan ta'u miti. Akka afuuratti tiwifit jechuun abbotin amaantti warri jalqaaba warra ittanutti kan dabarsaan dubbi waaqayyo isaan immoo fudhaatanii dhala dhala isaanitti dabaarssa kan deeman hangaa dhuma biyya lafatti kan jiratuudha . kitaabni qulquulluunis waa'ee isaa kana ni dhugoomsa . s/kessa deebi 32: 7 irratti waan bara duuri ture abbota warra duurii manguddota gafadhu isaan sitta haa'imaniif baruumsa isaan barataan dhugaasan beekaan qoraadhu sababnii isaa nuu'i amma umuriidhaan xinnodha wan kaleessa tures wan beeknu hin qabnu iyyob 8: 8-9. Kanaaf wa'ee waaqayyo wa'e seera umaama, wa'e seera jalqaaba amantti jalqabaa, wa'e nama jalqabaa fi k, k,f gadii faggenyaan hubachudhf afoola ykn tiwifiti abbota hubachuun barbachisaadha . kitaabni qulqullun iyyu tiwufiiti alatti hirru jedhaama sababni isaa

1 kitaabni qulqquullun kan barreffame Addunyaa ykn biyyi lafaa erga umaame booda waggaa 3643 DH, K, B, booda kan barreffamedha haa ta'u iyyuu malee kan itti hubbannu garuu tiwifitidhan .

Waa'ee nama jalqabaas baliinaan hubaachuundhaaf tiwufiitin waan barbachiisudhaaf

2. Seexannii eessatti , yoom akamitin akka uumamee kiitabaa qulqulluu keessaatii hiibsamee waantii barreeffame hin jiru kaanaf kiitabnii qulqulluun tiiwufiiti ykn afoola alaattii hiir'uu jedhama . Abbootiin keenyaa warrii bara durii turan

tiwufiitidhaan akka isaan amaana turaan kiitabii 66 ni dhugoomsa. FKNF

1. Namni jalqaba addam eessatti uumamee

- ✓ Yeroo uumamee umuriisaa meqa?
- ✓ Uumamee gaafa guyyaa meeqa geenataa sene ?
- ✓ Guyyaa maliirraa uumamee?
- ✓ Geenataa keessaa waggaa meeqa jiratee ?
- ✓ Geenata keessaa kan baase boofa moo seexaana ?
- ✓ Waada waaqayyoo seeneef maal kan jedhuudha eessaatiis argaamas ?
- ✓ Waggaa meeqa boodas waaqayyoo wadaa seeneefii?
- ✓ Geenata keessaa eergaa hari'atamee booda biyyaa lafaarraa iddonnii qubatee ykn ta'ee maal jedhaama ?
- ✓ Addamii fi hewaan eessaatti du'anii eessaattiis awalaamanii ?
- ✓ Addamii fi hewaan biyyaa lafaarraa hangaa turanitti ijjoolleen saanii jalqabaa eenyuuf eenyuu jedhamu ?
- ✓ Walumaa gala ijjoollee dhiiraaf duubaraa meeqa godhaatanii ?
- ✓ Qaa'eel seera uumama 4 rraattii obboleessaa isaa abeeliin eergaa ajjeesee booda hin fudhee jeedha eessaa fudhee maqaan shees eenyuu jeedhamaa?
- ✓ Gooftaan keenyaa iyyeesuus kiiristoos akkamiittin garaa biyyaa lafaa dhufee addamiifii ijjoollee isaa fayyiisee guyyaa maliirraas dhufee ?
- ✓ Warraa sii'ool keesaas guyyaa malirraa isaan fayyisee kaneen kanaaf kaana fakkataan hunddi kiitabaa qulqulluu 66 keessaatti deebiin kaana barreeffaamee hin jiru .Deebii kana argachuudhaf afoolaa ykn tiwufiiti abbootii amantii yoo fudhannee qofa deebii kana argachuu dandeenyaa .

**akkaataa afoolaan deebii isaa**

- I Namnnii jalqaba Addaam eeldda ykn qaraniiyoo iddoo jedhamu addunyaa kaanaf walakkeessa ykn wiirttu iddoo tatee kanaattii uumame.

- 2 Yeroo uumaames dargaaggeessaa waggaa 30 ture . Heewaan immoo dargaaggeettii waggaa 15 turtte .
- 3 Addaam uumaamee gaafa guyyaa 40 eebbaaf mucummaa waaqayyoo argaatee gara geenaataa seenee . Heewaan immoo uumaamtee gaafa guyyaa 80 eebbaaf mucummaa waaqayyoo argaattee gara geenaata seentte.
- 4 geenaataa keessaa waggaa torbaaf ji'a sadiif guyyaa kudha torbba gammaachuu guutuudhaan jirataan .
- 5 geenaataa keessaa kan isaan baasee seera umaama 3rraatti boofa jeedhame jira. Garu yeroo lallabamuu immoo seexaa akka ta'eetu dubatama . Iccitiin isaa seexaanatuu foon boofa seenee , afaan boofan asa'ee foon boofa keessaa dhokotee waan isaan doogoggorseef seexaana jedhaame. Qamaan kan argamee immoo bofaa waan ta'eef boofa jedhamee .Gooftaan iyyeesuus kiiristoos waaqa abiddaa ta'ee utuu jiru foon nama uffatee garaa biyyaa lafa dhuufun kan barbachiiseef iccitii hojii seexaana kana baleessuuf. 1ffa yoh3;8
- 5 icciitii hojii seexaana kana baleessee addaamii fi ijjoollee isaa fayyiisuuf addaam geenaataa hariiyatamee waggaa 100 bodaa ture. Waadan seenameefiis guyyaa shaaf walakkattii kan jedhamu ture . Kun akka lakkoofsaa waaqayyoottii yeroo ta'uu akka lakkomsaa namootatti immoo waggaa kumaa shaaniif dhiibbaa shaan [ 5500 ] ture. Akkumaa waada kana seene Gooftaan keenyaa dhuufee rawaterraaf
- 6 Addaam guyyaan innii geenaataa keessaa ittii harii'atamee guyyaa jiimaata ture. Gooftaaniis guyyaama kana waggaa5500 n booda guyyaa jiimaata fanoo iraat fanfamee isaa fi ijjoolleesaa fayyiisee.
- 7 geenaata erggaa harii'atamee booda biiyyaa lafarraa iddoonnii irraa qubatee DABIREE QIIDUUS jedhaama . Jechuun tulluu qulqulaa'aa irraa jedhama.



Scanned by CamScanner

- 8 Ijjoolleen Addaamiif Heewaan warraa jalqaba Qaa'eelii fi Hawwaa , Warrii lammaffaa immoo Abeelii fi Aqiilima [ Luud ] jedhamu. Walumaa gala Addaam ijjoollee dhiira soddomaaf ijjoollee dubaaraa soddomaa Lakkuu lakkuu soddomaa Ijjoollee jaa'atama godhatee .Isaan kana keessaa soddomnnii qajeeloota, soddomnnii immoo jaaloota turaan . ma/ maqabiyan 3faa 28 ;6Seenaa kanaaf kana fakkaatuu hubbannoo guddaa kan namaf latuu ittiin argaachuu kan dandeenyuu kiitaboolee abbootii amaantii tiwufiitiidhaan kan barreeffaameerraa argaachuu dandeenyaa . ykn kiitabaa qulqulluu 81 lakkoomsaa siirrii isaa ta'ee argaachuu dandeenyaa.

- Seera um.2:-17 irratti Qaa'elii fi Abeel aarsaa Waaqayyoof dhiyeessan jedha maaliif dhiyeessanii? Akka isaan dhiyeessaniif eenyutu isaan barsiisee? Barsiisaanoo hin turre?
- I Arssaa waan dhiiyyeessaaniif waa'ee seeraa gaa'iiladhaaf ture. Kuniis attam yoo jettan Addaam abbaan saanii yeroo seeraa ga'iilaa yeroo gahaan qaa'eelin ishee abeelii wajjiin dhaalatte fudhe , abeeliin immoo ishee qaa'eelii wajjiin dhaalatte fudhii jedhee isaan abbomee qaa'eel gaaru ishee naa wajjiin dhaalattee hawwaa fudhaa malee ishee qaa 'eelii wajjiin dhalattee hin fudhuu naa loogddee jedhee dide. Sababnii isaas isheen akka Hawwaa hin bareeddu waan tateef abboomii abbaasa tuffatee . Yeroo kana abbaan isaanii waaqayyoon arssaa dhiiyyeessaa gaafadhaa jedhe . Yeroo kana qaa'eel maal taa'aadhaan arssaa hin tanee waaqayyoof dhiiyyeesse miidhaan qotuu keessaa abeel garuu horii horsiisuu keessaa hoolaa isaa gaarii ,isaa guddaa waaqayyoof dhiiyyeesse . Waaqayyoos arssaa abeeliitti gammadee fudhateef . Yeroo kana qaa'eel aree booba'ee Waaqayoos naa loogee jechuudha jedhe. Yeroo haraan , Yeroo waan hin tanee hojeetaan , Yeroo abbommii abba ofii diidan seexaannii amaa jaajjiin namaatti dhiiyyaata



Scanned by CamScanner

waan taa'eef itti dhiiyyaate maaliif haartte dhabastta jedhe e gafanaan waan taa'ee hundumaa itti himee seexaannii immoo deebisee Isaa ajjeefttee lamaan shee hin futu ittin jedhe . qaa'eel akkamiittinn nama ajjeesuu jedhee yaaduuttii kaa'e yeroo kana of jiijjiiree arrageessaa fakkatee dhufee arssaasarraa qubaate . Lapheessaa siila qabatee waan ta'eef dhagaa lafaa fudhee akkaa ittii darbaatu godhee yeroo kana arraa gesiichii waan du'e fakkatee ciise qaa'eeliis irraa baaratee akkasiittiin dhagaadhaan sammu abeel yoon rukutee naan ajeessaa jechuudha . Jedhe obboleessaa sa ajjeese . Achumaaniis inniif sanyiinssa abaramoo ta'an . Kana kan argachuu dandenyuu kiitabaa abbooliin amaantii afoolaan barressaan irraati.

- 3 ser uma 14:18-20 irraatti abirihaam kudhaan keessaa tokko lubaa malkkee sadiiqitti kennee .Lubiichii malkkee sadiqiis abiiramiin eebbiise jedha . Kudhaan keessaa tokko baasu eenyutu barssisee ? Malkkee sadiiqi immoo eessaa baa'e
- 4 ser uma 8:20 irraatti noo'i iddoo arssa hiijaree kudhaan keessaa tokko siif naan kennaa jedha . Egaa walumaa gala sera kudhaan keessaa tokko basuu akka barbbachiisu kan barreessee museedha . Isaan kunii immoo muse fulduraa eessaa baraan ? Achuumaniis itti ansee sera uumaama 29 : 3 irratti dhaaga buu'uraa dhabee dhadhaa eejjerssaa immoo irraatti naqee jedha. Eenyuutu isaa barsiise ? Eessaa fudhee ? caafamee hin jiru ?
- 5 Seraa boo'uu 4: 10 irraatti museen akka giinggaa'a ta'e dubbatee maltuu giinggee isaa godhe ? dhaloota guyyaa keessaa akkas ta'ee ?
- 6 ser uuma 6:1 irraatti ijjoolleen waaqayyoo fi ijjoolleen nama wal fudhaan jedha maal jechuudha ? Akkamiitti.



Scanned by CamScanner

Biyyaa eessaatti ? Akkamiitti wal fudhaan ? Ijjoolleen waaqayyoo eenyuu fa'i ? eegaa waluma gala armaan oliitti kan bareeffamaan kanaaf deebii gaa'aa argaachuudhaaf kiitabaa qulqulluu 66 keessaatti goonkumaa argaachuu hin dandaa'amu . Kanaafuu shakkitonni ykn manaafiiqeniin kan caaqafamee malee hin fudhannuu jedhan. Waa'ee kana maal jedhuu nutii gaaru iyyobbii 8:8-9 S/ Kes / deb 32:7 irraattii akka bareeffamee jiru abboota amantii keenyaa warraa dur durii hiyyaafachuudhaan amantii isaanii qabannee karaa isaan irraa adeemaan irraa adeemudhaan deebii gaahaa qabnaa Ibr. 13:-7

- 7. Addunyaa kana biiftuu gadiitti rasaa kan jiru seexaana. Gooftaan Iyyeesuus kiiristoosiis yohaanniis 18 ; 11 irraatti bulchaa biyyaa lafa jedhee jira . seexaana fi namoonni bayyeenis immoo ba'i! seexaana jedhaanii yemmuu odeessaan ni dhagaa'ama . seexaannii kun guyyaa malii irraa uumamee ? maliirraa uumamee? eessattiis uumame? Dandeettii humni isaa mal fakkatta ?
- *Deebii isaa itti yaadaa:*

## AFOOLA KAKUU HAARAA

Afoollii kaakuu moofaa keessaa akkuma ture kakuu haaraa keessaas ni jira .

- 1 mat 1:18 luq 1:26 luq 2 :1 irraatti giiftiin maariyyamiin gooftaa iyyeesuus kiiristoos hundumaa kan uumee yohanniis 1:3 akkaa isheen deesse ni dubbata . Garuu hatii keenyaa giiftii maariyyamiin samiirraa gadii butee moo eessaa dhuftte? Eenyuurraa dhalatte ? eessaatti dhalattee Ulffiinaa guddaa akkasii kana atamitn argattee ?
- 2 luq 2 :1 Yemmuu dubbifftuu Gooftaan iyyeesuus kiiristoos dhalachuusaa dubbata . ji'aa maliirraa guyyaa maliirraa dhalate?
- 3 Mat 3 :13 Cuuphaamu Gooftaa iyyeesuus kiiristoos dubbaata ji'aa maliirraas guyyaa maliirraas cuuphaamee? Yohanniis innii



Scanned by CamScanner

isaa cuuphee hangaa waggaa 30tti eessaa turee ? maal jedhees cuuphee ?

- 4Mat 2 :13 ergaamaan waaqayyoo giiftii keenyaa Maariyyamii fi yooseen Gooftaan keenyaa iyyeesuus kiiristoos siin baadhatanii akka isaan giixiitti godanaan ittimusaa dubbata . Ataa'uyyu malee yerusaleemii fi giibxiin bayyee waliirraa fagata kanaafuu maal yaabatanii goodanaan ? karaa eessaa irraa ? Waggaa meeqa ykn jii'a meeqa deeman? Seenaan goodanssa isaanii baliinaan maal fakkataa ?
- 5Luq 3: 23 irraatti Gooftaan iyyeesuus kiiristoos wangeelaa barsiisuu kan eegale waggaa soodomaa booda akka ta'e ni dubbata . Hangaa waggaa soodomaatti eessaa turee? Maaliis hojechaa ture ?
- 6Luq 2 :25 -32 irraattii rajiichii siimi'oon abdii atii anaaf lattee ija koon argeera anaa garbiichaa kee nagaan naa fudhaadhu jedhee . Rajiin kun eessaatti rajii rajee ? Abdiin isaaf kennamees maal kan jedhuudha . eessaattiis abdachiifamee ? Bara meeqa keessaa ?
- 7 Mat 27: 6 akka rajiichii heermiiyas dubbatetti birrii 30 nnii yudaan mana qulqulluummaa keessaa busee angaafnnii lubootaa fudhaanii lafaa dhiigaa ittiin biittaan jedha. Kiitabaa 66 keessaatti rajiin kun eessaatti rajii kana dubbatee ?
- 8 Yoh 1 : 48 irraattii Gooftaa iyyeesuus kiiristoos Naatinayeeliin mukaa baalas jalaattan sibeka jeedhe. mukkichaa jala maaliif taa'e yoom ?
- 9Mat 28 : 19 irraatti gara biyyaa laafa hundumaa deema mormota cupa, wangeela mootummaa koo barsisaa aniis hangaa dhumaa biyyaa laafatti isiin wajjiin nan jira jedhe Gooftaan keenyaa iyyeesuus kiiristoos bartootasaa hundumaa abboome kiitaaba 66 keessaa yemmuu ilaalu gaaru abboommii kanaa kan rawwatee nama 5 qofa. Akka 66tti isaaniis matiiwoos, yohaanniis, yaa'iqoob, pheexiirosii fi yuudadha . Eegaa warrii hafaan 7 nuun hin barsiifnne? Yoo barsiisaniru ta'e caaffannii isaanii mere? Bartoonii kun du'aniiruu moo jiru? Yoo jiru ta'e eessaa jiru? Yoo du'aniiruu taa'e immoo yoom? Eessaatti ?dabalatas wangeela 4nuu kan bareessaanii keessaa marqoosiif

luqaas tarree warraa 12 keessaa hoo hin jiran eessaa dhufanii waangeela bareessan ?

- 10Hoj erg 1:3 irraattii Gooftaan iyyeesuus kiiristoos erggaa du'a moo'ee ka'e booda guyyaa 40 guutuu baratootaasaatti mulatee waa'ee mootummaa waaqayyoo isaan barsiisee jedha. Hangaa guyyaa 40 tti eessaa ture ? barumsii innii gaafa sana isaan barsiisee maal kan jedhamudha ? harra eessaa jira .
- 11Marq 1:21 -22 irraatti ammaa isaan aja'ibsiifataniitti isaan barsiisee jedhaa . Barumsiichii maal kan jedhamudha?
- 12 Yoh 20 : 30 - 31 irraattii Gooftaan iyyeesuus kiiristoos diinqii bayyee hojjeete garuu hundii isaa hin caafamnne malee jedha.(raajin) Diinqiin gafaa saana maal maal fa'i ?
- 13 Mat 17 : 3 irraatti Gooftaan iyyeesuus kiiristoos gaara (tullu) taaboor gubbaa irraatti Musee fi Iliiyaas wajjiin akka hasaan dubbatee . Musee fi iliiyaasiin eessaa dhufaan? Maliif wamee ?wa'e maali haasa'anii?ji'a malii keessa?
- 14 mat 26 : 26 irraatti Gooftaan iyyeesuus kiiristoos utuu nyaachaa jiranii dabboo fudhee eebbisee eela kun foon kooti hoo'aa nyaadhaa jedhe . Eddaa nyaataanii rawwataniis boodas faarffannaa faarffatanii jedhee lakk 30 rraatti utuu nyaachaa jiranii jechuun maal jechuudha ?Daabboon gaafasana malidha, faarfannaniis maloodha?
- 15 yoh 6 : 51 foon koos nyaadhaa dhiigaa koos dhuugajedhee jira.

Harra eessaa fuunee nyaanna? Eessatti qopha'aa ? Eenyuunis qopha'aa ?

Egaa waluma galatti kanaaf k,k,f kitaaba qulquullu keessatti ibsa bal'aa kan hin qabne wa'a baye'en barreffamani jiru . issaan kan hundaa gad-fagenyaan hubachuudhaaf deebiis lachuudhaaf affolli mana kiristiyaana barbachisaadha kitaaba qulquullu niyyu kitaaba qulqulluu ta'uu saatif kan nu'i amaanne fudhaachu dandeenyu karaa afoola mana kirstiyaanati. Kanaafu warri kitaaba 66 alatti hin fudhaannu cafaame hin jiru jechuudhaan gaffii gara garaa warri kasaan waa'e armaan olitti gafatame kanaaf deebi maali kennu dandaa'u ?



Scanned by CamScanner

Nuti garuu akka abboota keenyarraa afoolaan baraneetti deebii isaa akka armaan gaditti ilaalla

Debii isaa:-

*AFOOLA BARA BARATTOOTAA*

- 1 Tiiwufiitiin ykn afoolli bara barattootaa keessaa tureera. Isaaniis Abbootii isaaniirraa kan argan, kan dhagaa'an fudhaatanii , ittiin barsiisaa turaniiruu. Ragaan kana ibsuu yoo barbbachiise wangeela keessaa 2xim 3: 8 irraatti qulqulluun phaawuloos waa'ee warraa dhugaan moormanii yemmuu barsiisu fakkeenyaa *Hiiyyeenzaasii fi hiiyyeenbaaraas* akka Museen morman dhugaadhaan moormu jedheera . Kiitabaa museen barreessee keessaatti garu maqan jaraa lamanii kanaa hin jiru . Eessaa fudhee barreessee? Yoo jennee afoolaan kan barateedha . Yookaan afoolaan kan isaa ga'eedha.
- 2 yihuda 1 : 9 irraatti angaafnii ergaamoota qululluu Mika'eel fi dabiiloos reeffa Muse irraatti yemmuu wallolaan waaqayyoo siihaa ifaatu ittin jedhe jedha . maacaafa qulqulluu keessaa seenaan kun eessaatti argaama ? maaliif reffaa muse irraatti wallolan ? museen eessaatti du'e ? Eenyuudhaaniis awwalamees ?
- *3 yihuda 1 : 14* irraatti heenook waa'ee guyyaa isaa xummuraa waaqayyoo qulqullootaan marfamee warraa cuubbamoota irraatti immoo murttii kennudhaaf . akkaa inni dhufudhaaf jiru rajjiin dubbateera jedha . Kitabaa 66 keessaatti iddoo kamiitti rajjiin dubbataame ?
- *4. mul 1 : 10 irraatti guyyaa Gooftatti* afuuraa waaqayyootiin guuteame utuu jiru... jedha. Guyyaan torbanuu jirankeessaa guyyaa Gooftaa inni jedhamee isaa kami ?
- *5. mul 2 : 14* irraatti Baalam Baalaaqiin barumsa dogoggoraa barsiisee jedha kana irraan kan ka'e saboonnii isiraa'eel qalma waaqa toolffamaa nyaatanii eejjuudhaan doogoggoraanii jedha . Iddoo kamiiti ? Baalam Baalaaqiin barumssa kanabarsiisee ? 66 keessaa hin jiru waan ta'eef
- *6. 1/qor 11:33* irraatti waa'ee sirnna kennaa qulqulluus ilaalchiisee erga barsiisee booda dhuma irratti waa'ee kan biro seeraa isaa haafe

immoo yemmuunii qaamaan gara keessaan dhufu isiiniif seerradha jedhe jira . Seeriichii gafaa sana maliidha?haarra eessaa jira?

- *7. Iffaa qor 11: 5 -6* Irraatti dubaartii [ durbii ] yemmuu waaqayyoon kadhattu ma taa [ riifensaa ] ishee haa guggattu eergaa jedhee booda lakk 16 irraattii immoo namnni seera kanaas falmu yoo jiratee nutiis ta'ee mannii kiiristanaa keenyas amala kana irraa addaa ta'e hin qabdu jedhe . Eegaa asiirratti duraan kan ture ta'u isaa ibsa seerichis eessatti argamaa?
- *8. 1phex3 : 19* irraatti Gooftaan iyyeesuus kiiristoos afuura warra mana hiidhaa si'ool keessaa jiranii dhaqee miisirachoo itti lallabee jedha .Guyyaa maliirra dhaqee? Miisirachoon inni itti lallabees maal kan jedhuudha ? Wangeela 4 fanuu keessaa iddoo kamiiti argamaa ?
- *9. mul 12 : 7* irraatti samiirratti lolli ta'ee Mikaa'eel guddichaa fi dabiiloos walwaraanan jedha kiitabaa 66 keessaa seenaan kun eessaatti argamaa? Maliitiif wal waraananii?
- *10. 2ffaa qor 12 : 1 -4* irraatti ququlluun phaawuloos waggaa 14 fuuldura namnni tokko *gara samii isaa sadaffatti* utuu inni ol fudhatamu nan argee jedha . Namiichii sun eenyuudha ? samii inni samii kaana ol jiran sadan suniis maal jedhamuu?
- *11. gala 1 : 16 -18* irraatti qulqulluun phaawuloos anan akka Gooftaan na wameen gara barattootatti dabalamudhaaf gara yerusaaleem hin dhaqnee dursee biyyaa haraabaa dhaqee malee . *Gal 2 : 1*irraattian waggaa 14 booddeen Barna_baasi wajjiin gara iyerusaaleemiitti deebi'ee jedha. Seenaan kun kiitabaa 66 keessaa baliinaan eessaatti argaama?
- *12. Ibi 7 :1 -13* Melke Tseediiq namni jedhamu abbaas haadhaas akkasumaas hiidda dhalota akka hin qabnee dubbata . Barrii jireenyaa isaatiis jalqabaa fi xummura akka hin qabnne dubbataa . Namnii kun eessaati argaame?
- ***Deebii kanaa ballisaa itti yaadaa?***

## TIWUFIITII YKN AFOOLA FUDHACHUUN DIRQAMA AMANTIITI

Kanas kan nu diirqisiisu kiitaba jaatamii ja'adha [ 66 ] ti .Namoonni tokko tokkoo yemmuu haasa'an akka waan ortoodoksiin kiitaaba qulqulluu ala adeemnuutti ni haasa'u ; haa jedhaan Iyyuu malee nuuti

buu'urri keenyaa kiitaaba qulqulluu irraatti kan hundaa'eedha. Waan kiitaabni qulqulluun godhaa jedhu goonas .

*fkn1 2Tas 2 : 15* irraatti qulqulluun phaawuloos eegaa yaa obboolotaa koo jabaadha dhabbadhaa *jechaa keenya , eergaadhan isa isin barsiifne akkasuumas wal tajjiiirratti kan isin barsiifnee dubbii keenya qabadhaa jedhee jira .*

2 *Filiph 4 : 9* Qulqulluun phaawuloos ana harkaa kan barattan utuun hojedhuus kan agartan , kan dhageessan hundumaa kana godhaa, waaqni nagaa isinii wajjiin ni ta'a jedhe jira

*3 2ffaa* yoh 1:12 irraatti qulqulluun yohaanniis kanan isiiniif barreessuu barbaduu waan bayyeen qaba . Garuu hundumaa isaa xaalayyadhaan isiiniif bareessuu hin fedhu caalaatti gammachuun keessaan guutuu akka ta'utti qaaman isiin biraa dhufeen fulaaf fulaan wal hilallee isiinitti hasa'uuf abdiin goodhadha jedhee Abdii goodhatees jira . eergaa kana fakkatuu *sii'a 2 ffaa eergee isaa 3 ffaa 3 yoh 1 : 13 irraatti bareeffamee jira* . Qulqulluun phaawuloos eergaasaa mucaa isaa afuura ximiixiyoosiif barreesse isa 2 ffaa ximo 3 :10 irraatti atii garuu barumsaa koo, jireenyaa koo , kayyoo koo, amaantii koo, obsaaf jaalala koo, akkasumaas amma dhumaatti jabachuu koo duukka buu'i . Garuu namoonni kan wal fakkeessanii nama hameenyaa irraatti hameenya dabalaa kan demaan jiru. Atii garuu dhugaa barattee *sana eenyuurraa akka baratee fi akkamiiti akka barattee bekiiti* jabadhuu dhabbadhu. Maacaafolii afuraa waaqayyootiin bareeffaman hundumaas fudhadhu. Ogummaa argachuuf, doogoggora irraa ittin deebi'uuf, ittiin barsiisuuf , cephoodhaaf jireenyaa qajeelaa jirachuuf qajelfama siif kenna. Akkaasuumas amma dhumatti jabbaattee hojii gaarii akka gotuuf nama gaa'a si godha *jedha2ffa ximo 3:16-17* . Eegaa nutiis jechoota armaan oliitti tarreeffaaman kana fudhaachuudhaan hojii gaarii hojjennee amantiisaanii qaabannee karaasaaniirra buunee dhaaltuu moootummaa waaqayyoo argachuu nu haa daandeessiisu. 2ffaa Xim 3 : 17 Amaantii kan qaban ni fakkatu. Humna waaqayyoo garuu ni mormu sanarraa immoo waaqayyoo nu haa eeguu.



Scanned by CamScanner

## Kutaa 3ffaa

### *Luqqisii (xiqsii) barbachiisoo taa'an*

1. **Gooftaan Iyyesuus kiristoos Gooftaa Goftoota akka ta'e**
1ffa ximo 6:15 , mul'ata yoha 1:4-5, mul yoh 17: 14 , mul yoh 18: 16-19 , s/ke debii 10 :27

2. ***waa'ee ol ilaalanii kadhaachuu***far 122 : 1 , marq 6 : 41 , yoh 11 : 41 , yoh 17 : 1 , mat 11 : 28 , mat 14 m/ f kn 16 : 30 ykn 28 : 27

3. ***Yeroo kadhannu haarka ofii ol diirirsaanii kadhachuun akka namarra jiru :-*** Ser bow 17 :1 -12, 2ffaa mac / mot 8 : 59, far 28 :1, far 68 :31 , far 88 : 9 , far 134 :2 , far 143 : 6 1ffaa xim 2 ; 6
4. ***Yeroo kadhannaa dubartoonni maata isaanii Aguggachuun akka irraa jiratu .*** 1qor 11 ; 2 – 16 , 1qor 14 ; 34 -38 ,1xim 2 ;9-15 , s/ k /deebii 22 :5, kitabaa fiitaha nagast hanqatsii 186 -192 maatsetii hameerii jedhu oggaa 7ffaa lakk5 *Gannati ykn iddon boqonna kirstiyaanoota jiraachuu isaa ..se/ uum 2:8* Isa 51:3 isq 36:35 ,luq 23:43 ,2ffa qor 12:4 m/ yoh 2;7

## *Galmee samii jirachuu isaa ...*

s/ ba'u 32: 32, r/dan 12: 1-2 ,r/ milk 3;16 ,luq 10:20, filp 4:3 mu/yoh 3:1 -6 , mu /yoh 20:11

5. ***Arraba dubbataniin akka namatti murta'uf jiru*** **far/5:9 ,far/15:13 far/ 140:3 mat 12: 36 ,mat 15:15-18 efsoon 5;4 ,efsoon 4:29 qols 4:6**

6. ***Waa'e ga'ee tajaajiltoota ..***Isa 56: 9-12, isq 3: 16-21 isq 33:1-9 isq 37:1 isa 49:6 isa 42:6 Ermi 23:1 -2 yoh 21;15-17 1qor 3:10-15 1qor 9:16, efson 4:11-16 , efson 6:5, galaatiyaa 6:1- 10, 1ximo 3;1- 12 1ximo 4:6-12, 1ximo 6:1-2 ,tiitoo 2:6-15, tiito 3:1, qolsiyaas 4:1 yaiq 3:13 1 phexi 2:11 ,1phex 5 :1-9



Scanned by CamScanner

7. *waa'ee oftuluumma* .. far 5:5 ,far 18:25 far 31 :25 ,far 52:5- 9 ,far 101:7 . isa 14:13-14 , 2ffa s/ bara 26:16, luq 14 11, roome 2:21- 23 , roome 12:16 ,
8. ***Waa 'ee tiksuumma ...***
Se/ba'u 3:1-4 s/uma 30:27 -43 1ffa m/samu 16:4 r/amoots 7:14 r/isq 3:16-21, r/isq 33:1... Yoh 21:15.. ,luq 2:8
9. ***waa'ee mana qulqullummaaf sagaduu*** .. **s/ba'u 33:7-10 far 5:7 s/kee 25:8 far 28:2 ,far 131:7 far 137:1fi 2,**
10. ***waa'ee dibata qulqquullu*** .. **s/ba'uu 30: 22-33 ,s/ba'uu 37 :29 , luq 10: 34 e/ya'iq 5:13.-16..**
11. ***mana qulquullumaoguumman waaqayyo bira kan kennameef ijaruufi*** **s/ba'u 31:11 ,35:30-35, 36: 1-5**
12. waa'e aja'iiba hojii waqaayyo dhugaa ba'u**Far 46:6 ,far 66:5 far 68:35 ,far 105: 1-3**

15 ***warri hamaa hojjetan mootumma waqaayyo akka hin dhaalle*** **1ffa/qor 6: 9 -11 ,efso 5:5 ,gala 5: 19- 21 ,filphi 4:9 2ffa/e/yoha 2:15 , m/yoha 21 :8 ,**

16 ***yeroo rakkina waqaayyon kadhachuun akka namarra jiru*** **far 50 :14- 15 ,50 :23 , 91:14 -15 , mat 28:36- 45 ,**

17 ***seera waqaayyo kan in eegne akka abaramu*** **s/uum 2:17 ,3:22 ,s/lew 26:14-46 ,s/kee 27 :16 ,28:15 -68**

18 ***waa'ee adabaa*** **m/ fakn 3:11- 12 ,m/ lall 10:4 ,iyob 5;17 , 1ffa/qor 11:32 ,hibro 12:5 ,m/yoha 3:19 ,**

19 ***waqaayyo ija laphee keenya yoo nubanu baate arguu akka hin danda'aamne*** **S/uma 19 :11 ,s/lakk 22:22 ,2ffa m/moto 6:8 , luq 14:13 ,yoh 8:59 ,yoha 20:14- 16 ,**

20 ***waa'ee oldandaa;uu*** **mat 6:14 ,6:25 -26 ,efso 4:2 ,qols 3:13**

## *LUQQISII WAA'EE SEERA* GAA'EELAA

- **Kunoo amma reefuu ta'e s/uma 2 :- 22**
- **Namni qofaa jiraachuun gaarii miti s/uma 2 :- 18**
- **Kan na fakkaattun argadhe. s/umaa 2 :- 22**



Scanned by CamScanner

- Waaqayyo daandii koo naa qajelcheeraatii natti hin guyyaasiina. s/umaa 24; 56
- Anis karaa waaqayyo na qajeelchetti nan deema. s/umaa 24:49
- Waaqa biraa kan dhufe waan ta'ef dhorkuu hin dandeenyu. s/umaa 24:- 50
- Warqee gurraa gurra sheetti naqeef s/umaa 24:-22
- Namni abbaf haadha isaa ni dhiisaa haadha manaa isaattis nii maxana.s/umaa 2 : - 24
- Dubartiin beekumsa qabdu ni kabajamti.fakk. 11 :- 16
- Dubartii bareedduu qalbii hin qabnetti warqee naquu jechuun funyaan booyyetti warqee kaa'uu jechuudha. Fakk 11 :22
- Dubartiin gaariin abbaa mana isheef goonfoodha . FKN 12 : 4
- Dubartiin ogeettiin mana ishee seeraan bulfaatti FKN 14 : 1
- Hadhaa waarraa kan argaatee ebba argaate. FKN 18 : 22
- Dubaartii qoccoltuu wajjiin mana tokko keessaa jirachu manna bantii manaarraa jirachuu wayya . FKN 21 : 9
- Namnii kamiyyuu hadhaa mana isaa qerroo wajjiin wadaa walii seenee akka hin cabsineef of haa eegatu R/ MIL 2 :15
- Lachanuu tokko ta'u MAT 19 :5
- Kan waaqayyoo tokko godhe enyuuyyuu gargar hin basu. MAT 19 :6
- Gaa'eelii ulfinaa qabeessaa haa ta'u IBR 13 : 5
- Isiin yaa dubartoota naana abba warra kessaniif ajajjamaa EFS 5 : 22
- Isiin dhiiroota naana' hadhaa mana keessaan jalladha . EFS 5 :25
- Hadha warrasaa kan jallatuu maata isaa jaalataa EFS 5 : 28
- Miidhaginnii keessaan bakkedhaan kan mulatuu duwwaa hin ta'in 1 PHX 3 : 4
- Kun icciitii isaa guddaadha EFS 5 : 32

❖ SEERRII GAA'IILAA WAA SADIIF HUNDEEFFAAME

1 Wal hooranii akka bayyataniif
2 Akka wal gargaraniif
3 Ejjarraa akka olaaniif

# Kutaa 4ffaa

## Seensa

Waa'ee du'aa kanaa qopheessuun kan barbaachiseef du'a foonii kan jedhamu kun kan inni hin naasifne ykn hin sodaachifne hin jiru. Akkasumas immoo xinnos ta'e guddaa, beekaas ta'e wallaalaan, sooressas ta'e iyyeessi, kan amaneef hin amanne,gantuunis du'a foonii jalaa raawwatee ooluun hin danda'amu. Gaafa namni du'uus geggeessa isaa (ishee) irratti argamuun dirqama waan ta'ef gara mana qulqullummaa awwalchaa isaaf dhufuun osoo hin jaallatin ta'ees sagalee(dubbii) Waaqayyoo barachuun dirqama ta'a.

Yeroo kana tajaajiltootni mana qulqullummaa nama sababa du'atin waamamee dhufu kanatti barumsa namoota kana amansiisu ykn waan tokkoo hubachiisuuf yaaddoo tokko

malee karaa salphaa ta'een mata duree qophaa'e kana irratti hunda'eė kennuu akka danda'uuf barumsi kun qophaa'e.

Yeroo baay'ee dunni akka tasa yommuu dhufu maal jedheen lallaba jechuun yaadda'uun ni jira waan ta'eef kana jalaa oluuf nama gargaara.

Mana bo'ichi itti gale kanas dhaqanii jajabeessuufis barumsi kun bu'aa (Faayidaa ) guddaa qaba.

Eagaa olmaan gatii barumsaa isa duu'eef osoo hin taane isa jirachuuf ykn isa awaalcha dhufeef akka du'uu beekee akka qopha'uuf bor akka du'u akka hubatuuf, hubatees akka qophaa'uuf, qalbiisaas akka jijjiirratuuf kan hubatuuf hubatees akka qophaa'uuf kan qophaa'eedha. Sababni isaa kan qalbii hin diddiranne ni du'a waan ta'eef. **Luq. 13÷ 1**

**Macaafa Iyob 33÷14** irratti Waaqayyoo karaa tokko karaa kan biraas ni barsiisa. namni garuu hin hubatu. Waaqayyo karaa



Scanned by CamScanner

du'a nama tokko nama hedduu immoo barsiisee fayisuu ni jallata waan ta'eef inni du'a namootaaf hin gammadu waan ta'eef **Isa.18÷ 31**

Kanaafis namni akka qilleensa shuf jedhuu akka gaaddidduu darbu, akka Abaaboo cooligee harca'uusaa beekee qophaa'ee jiraachuun ni barbaachisa.

Gooftaan keenya Iyyesuus kiristoos qopha'aa akka jedhe Mat. **24÷ 44.**

Kana akka goonuuf kadhannaan haadha keenya Qul/ Maariyamii, eegumsaan Ergamoota Waaqayyoo, eebbi Abbootii keenya qulqullootaa, arjummaan Waaqa keenyaa nu wajjin haa jiraatu ameen.

**Dhaamsa (ergaa) isaa qopheessee**

**Mana kee sirreeffadhu** Mot. 2[ffaa] 20÷ 1

Jecha kana kan dubbate Raajicha Isaayas yemmuu ta'u kan inni itti dubbatee immoo moticha Isqiyaasiitti ture. Baay'ee dhukkubsatee waan tureef utuu hin du'in manasaa akka sirreeffatuuf jecha hijoo kana itti dubbate. Akka kitaaba qulqulluutti jechi mana jedhu hiikaa baayee qaba.

1. Mana qulqullumaa Waaqayyoo isa samiirraa **Far. 78÷ 61, Isaay. 6÷1 Mul. Yoh. 11÷19.**
2. Mana Waaqayyoo fakkenyaa isaa akka ajaja waaqayyootti Soolomoon kan ijaare **Mac. Sec. 2[ffaa]7÷11-16, Luq. 1÷ 8**
3. Mana ijaarannee keessa jiraannu **Far.12÷1**
4. Namummaa keenya (qaama keenya) isa Waaqayyo ofitti fakkeessee nu uume) **Qor 1[ffaa] 3÷16, Qor 2[ffaa]6÷ 16, Efe.2÷ 22.**

Jireenya keenya ykn namummaa kee sirrefadhu jeechuun qalbii jijjiirradhu jechuudha.

Namni tokko mana isaa keessa jiraatu hin sirreeffatu yoo ta'e bookan jalaa balleessa isaas immoo qorraa fi aduun ni miidha, hattunis seentee qabeenyaa isaa saamuu ni daddeessi.Akkasumas keessummaan yoo namatti dhufe nama qaneessa (nama leeyaasisa) kana hundumaa jalaa oluuf mana ofii dursanii sirreeffachuun barbaachisaadha.

Mana ofiis ilaalchisee kitaaba quluqulluu keessatti maaliif akka barbaachisu barreeffamee jira.

1, Loolaan akka nu jalaa hin jigsineef **Mat. 7÷27, room. 9÷32 1 Qor. 1ffaa 10÷ 4**

Hattunilee seentee qabeenya akka nu hin samneef **Mat. 24÷ 43**

Ijaaruu jalqabnee utuu hin eebisisiin addan kunnee nama kolfaa akka hin taaneef **Luqa. 14÷28 Ya'iq. 4÷ 17.**

**Mana isaanii osoo hin sirreeffatin warra du'an.**

Kitaaba qulqulluu keessatti mana kan jedhame jireenya isaanii osoo hin sirreeffatiin jireenyi biyya lafaa akka dabartu, hubachuu dagatanii

Akka tasaatti kan darban baay'eetu jiru. Fakeenyaaf tokko lama ilaalla.

1.Naawwee namicha jedhamu. **Luq.16÷19**
2. Sooressicha gowwaa, yaa lubbuu koo gammadi kan si ga'u argateetta isa jedhe. **Luq. 12÷1**
3. faari'oon mootii biyya Gibtsii isa ture. **S/ba'u 14÷1**
4. Nabuukidanatsoorii fi mucaa isaa Beersaxoor. **Ra.Daan.Bo.4 fi 5**



Scanned by CamScanner

5. Mooticha Saanakireem **moot .2ffaa19÷35** fi k/k fa'a utuu mana isaanii hin sirreeffatin jechuun utuu qalbii isaanii hin jijjiiratin du'uudhaan biyya lafaa irra darbaniru.

**Mana isaanii kan sirreeffatan**

Kitaaba qulqulluu keessatti biyyi lafaa kun biyya isaani akka hin taane, biyya rakkina ta'uu isaa caalaayyuu kan dabartu ta'uu isaa, namoonni keessa jiraatnis akka tasaatti kan darban ta'uu isa beekaniis mana issaanii sirreeffachuun gara jireenya bara barattti kan darban baay'een jiru.F.k.n.f:

1. Qaraxa (gibira) sassabaa kan ture Zakkiyoos **Luq 19÷8**
2. Maariyaam obbolleetti Alaazar **Luq 7÷38**
3. Maariyaam ishii biyya maaqdallaa **Maarq. 8÷1.**

Waluumaa galatti mana ofii sirreeffachuun kan inni barbaachisuuf inni guddaan.

1. Waaqayyoo irra addan baane du'a bara-baraa akka hin duneef. **Mul/yoh 21÷8**
2. Waaqayyoo iraa addan baanee akka Qa'eel akka hin duneef, **s.Um 4÷7**
3. Sagalee (jecha) seexanaa akka hin dhageenyeef.
4. Du'a jalaa addaan baanee akka jirannuf, **R/isqel 18÷31**

Kanaafuu mana ofii sirreeffachuu jechuun immoo

1. Kan wal-lole araramu, **Mat 5÷24,6÷12, Marq. 11÷25, Yoh 3ffaa:1 ÷1-18**
2. Kan irriba cubbuu rafu dammaquu **room.13÷11**
3. waan gaarii hojjechuu **Yoh 5÷29**
4. Waaqayyoon sodaachuu
5. Qalbii ofii jijjirachuudhaan qulqulluu foon isaa nyaachuu, ulaataa dhiiga isaa dhuguu, **Yoh 6÷54**
6. Walumaa gala waan hundumaan qophaa'anii jiraachuu, yeroo ittii dabarruu fi yeroo itti waamamnu hin beeknu waan ta'ef. **Maat.24÷44, 25÷13.**

Waan hundumaan qophoofnee akka jiraannuuf arjummaan Waaqayyoo keenyaa kadhannaan haadha Waaqayyoo,



Scanned by CamScanner

ayyaanni qulqullootaa fi eebbi tolootaa Waaqayyoo yeroo hundumaa nu wajjin kan jiraate haa ta'e Ameen!

Duutni Akkamitti Namatti Dhufe

Waaqayyoo Gooftaan Nama jalqabaa Addaamii fi Yewaaniin yemmuu uume utuu hin du'iin bara baraan haa jiraataniif akka hin beelofne, akka hin dheebonne , akka hin dadhabne godhee Genneta Edeen keessa isaan kaa'e., abboommiinis isaan abboome.

Abboommichis Biqiltuu Balas (muka beekumsa namaaf laattu ) hin nyaatinaa nyaannaan ni duutu ittiin jedhe. Abboommii kanas waggaa torbaaf eegenee waggaa torba booda seexanni diinni foon bofaa uffatee afaan Bofaan itti aasa'ee jennaan abboommii Waaqayyoo irraanfatanii kan seexanaa immoo dhaga'uudhaan kutanii waan nyaataniif filannoo isaanii tiin du'a of irratti moosisan. Se.u 2-16, S.u 3-1 M.kufaalee 4-16

Waa'ee isa kanaa ogeessichi Solomoon yemmuu ibsuu Waaqayyoo du'a mucaa namaatiif hin uumne jedh a mucaa namaatu fedha isaan du'a ofitti fide akka jedhe du'ii biyya lafaa irratti dhufee Waaqayyoo nama jalqabaatiin kana hin nyaatiin

**Hin** duutaa utuu ittiin jedhamee jiruu ajaja kan tuffachuun kan dhufeedha.M/Xibab 1-13 egaa walumaa galatti duunni karaa nama tokkoo gara biyya laffaatti dhufe jechuudha.

## Du'a Jechuun Maal Jechuudha?

Du'a jechuun akka kitaaba qulqulluu fi akka jechanamootaatti hiikoo adda addaa qaba.

** Akka kitaaba qulqulluutti*

1. Waaqayyoo irraa addaan ba'uu S.Um 4-16
2. Daandii Gara waaqayyoo Ittin dhaqan 3ffaa M/Maqaabiyaan 6-1 filiph. 1-21
3. Hirriba keesaa dammaqan W/Mat 9-24 Yoh. 11-11 Luq. 8-49
4. Boqonnaa

* Akka waamicha namootaatti

1. Afuura baafachiisa,nama baayyee rakkateen kan ittiin jedhan Kutee Deemaa :- Namni guddina irra jiru yemmuu du'u kan ittiin jedhan
2. Hadaba Obbaafachiisaa , gab godhaa :- kun immoo nama hamaa ykn nama jallina hojjetu yemmuu inni du'u kan ittiin jedhan.

**Duutni Gosa Meeqatu Jira?**

Duutni gosa lamatu jira. Isaanis: - **du'a foonii fi du'a lubbuu ti**.

1. Du'a foonii inni jedhamu kun gargar ba'umsa foonii fi lubbuu jechuudha. Duutni foonii Abeel irraa jalqabee nama hundumaa irratti mo'ee kan jiru eenyuuf illaa kan hin afneedha. Ykn Foon kan uffate hundi kan du'uudha. Ilmi Waaqayyoo Iyyesuus Kiristoos iyyuu foon namaa waan uffateef du'ee akka awwaalame
2. Du'a Lubbuu inni jedhamu kun Lubbuun foonittii erga adda baatee booda gara Waaqayyoo deemtee murtoo fudhatti. Erga murtoo fudhattee booda waan gaarii
3. hejjettee hin qabdu taanaan ykn seera Waaqayyoo hin eegne taanaan yeroodhaaf gara Ibidda Si'oolitti gadi buuti. Guyyaa isa dhumaa immoo isarra kan caalu gara ibidda gaannamitti gadi buutee bara baraan achi keessatti dhiphatt, kunis du'a isa 2ffaa jedhama.Room 6-23, Mul. 21-8

- du'a lubbuu kana jala gosi du'aa ijaajjiitti du'uutu jira Innis Afuuraan du'uu kan jedhamuudha. Jechuunis namni tokko biyya lafaa kana keessa osoo hojjetuu osoo adeemuu, osoo nyaatee dhuguu Waaqayyootti Amanee yoo hin jiru ta'e hojii amanitiis hojjechaa yoo hin jiru ta'e fayyaatti ykn afuuratti du'aa jedhama. Waa'een isa kanaa kitaaba

qulqulluu keessatti Bal'inaan barreeffamee jira. "kan du'e du'aan haa owwaalu" Mat 8-22

- Mucaan ku du'ee ture Luq. 15-54
- Isin DuraanKan duutan turtan. Efeesoon 2-1, 1Xim. 3-14

Egaa walumaa galatti du'a kana keessaa qalbii jijjiirratee kan hin kaane duunni 2ffaan jechuun duutni lubbuu isa eeggata.

Mucaan namaa ajajamuu diduudhaan kaleessaa du'a ofirratti akka fide harras immoo taanaan yoo na jaallattan Abboommiikoo eegaa Yoh. 14-15 irratti Gooftaan keenya Iyyesuus Kiristiis kan nu abboome sana eeguu diduudhaan du'a ofirratti fidaa jirra. Kanas immoo inni kan wallaalummaa irraan kan ka'ee, kaan immoo beekumsa fooniitti hirkachuudhaan , kaan immoo gowwoomsaa hiriyyaa tiin, kaan immoo dagannaa dhaan fi K.K.F fa'a.

Haa ta'u iyyuu malee Waaqayyoo du'a namaa hin jaallatu. R.Is. 18-35

Kanaaf Waaqayyoo kara adda addaa barsiisuu dhaan akka namni hin duuneef sagantaa mataa isaatii baasee nama barsiisaa jira.

Kanaa mucaan namaa waan guddaatti of ilaaluu dhiisee, of jejuus dhiisee, waan godhu hundumaas yoo waaqayyoo jedhae sana ykn kana nan godha jechuutu irra jira. Sababni isaas yoo waaqayyoo jedhe malee waa karoorsanii utuu hin raawwatiin du'uutu jira waan ta'eef. M/FKN 16-1, 16-9.19-21. kana malees umuriin mucaa namaa gabaabduudha. Far.103-15

- Mucaan namaa jireenya Abjuu irra dheeratu hin qabu far.90-4
- Mucaan Namaa akka marga cooliguuti. Far. 103-15

- Mucaan Namaa akka Abaaboo coligee harca'uuti. R.Isa. 40-6-8
- Mucaan Namaa akka gaaddidduutti ni darba Iyo. 14-2
- Mucaan Namaa akka Qilleensa shuuf jedhuuti. Far. 144-4

Kanaaf mucaan namaa Ogummaadhaan, Taayitaa(Aboo) dhaan ,Qabeenyaan, kanneen kana fakkaatanitti hirkatee of-jejuu dhiisuudhaan gara waaqayyootti deebi;ee akka tasaatti akka du'u beekuudhaan waan gaarii hojjechuudhaan, hamaa irraa deebi'ee qalbii jijjiirrachuudhaan ,foon gooftaa nyaatee dhiiga gooftaa dhuguun qophaa'ee jiraachuutu isa barbaachisa. R,Erm. 9-23-24 1qor. 1-31, 2qor. 10-17 Er.Yah. 4-15 , 2-14

**YEROO NAMOOTN BIFA ADDA <u>ADDAATIIN DU'AAN(BOQOTAAN) GEGGEESSA ISAANII IRRATTI MATA DUREE BARUMSA ITTIN LALLABAN AKKA SIRNA MANA AMANTAA ORTOODOOKSIITI!</u>**

1, yeroo Jarsooliin Du'aan

- Umurii dheeraan badhaasa warra qajeelootati. M/Fkn 16:31
- Ani namaa umuu kooti nan gadde, har'a kasee umuriin namoota waggaa 120 haa ta'u jedhe waaqayyoo. Maaliif? S/Um 6:1....
- Umurii keenya 70 yoo baay'atee 80 inni iyyuu Gaddaa fi Dhiphina jedha. Maaliif? Akkamitti? Far 90:10
- Dargaggummaatii hanga Manguddummaati jiraadheera. Far 37:25

2, **Yeroo Namootni Amaananii Qurbaana Fudhatganii Du'aan kan lallabamu.**

- Biyyoo irraa uumamtee biyyootti [ni deebita. S/um 3:19
- Yaa muccaa namoota achiitti deebi'aa ni jetta. Far 90:3
- Yaa lubbuu koo arraa galfaanna keetti deebi'I . far 114:7
- Duutni qulqulloota Waaqayyoo biraatti ulfina qabeessa. Far 116:16
- Firoota keenya keessatti du'a keessaa ka'anii ni jiraatu. Isaay 26;19



Scanned by CamScanner

- Namootn qulqullumaa qban akka taasattti yommuu du'an waaqayyoo dha'iicha dhufuuf jedhu jala olchuuf jedhe akka ta'ee ee nyutu beeka? Isaay 57:1-3
- Kan du'aan hundumtu ni kaa'u. R/Dan 12:3
- Warra du,an keessa ka'anii sagalee Waaqayyoo yeroo itti dhaga'an ni dhufa. Yoh 5:25
- Kan natti amanee hin du'u. Yoh6:54 Amanuu jechuun akkamittin maal jechuudha.
- Jecha koo yookiin Sagalee kook an dhaga'u kan eegu hin du'u. yoh 8:15
- Firii keenya Alaazaar rafee jira. Ani immoo dhaqeen dammaqsa. Akkamitti Alaazaar fira Goftaa Iyeesus ta'ee? Uyoh 11:11
- Du'aa ka'\uniis Jireenyis ana. Yoh 11:25
- Hiikaa haa adeemu.Yoh 11:44 Aboo hidhuu fi hikuu
- duraan dursee bartoota isaatiif latee akkuma turee kanarran kan ka'ee har'as lubboni yeroo namni du'u fitaatii kan godhaniif. Mat 18:18, Yoh 20:20-23
- Iccitti tokkoon isitti hima hundumti keenya ni jijjiramna malee hin dunu. 1qor 15:51
- Yoo dunee iyyuu nuutii Goftaadha wajjin dunna. Rom 14:7
- Anaaf dutni bu'aa kooti. Filiphis 1:21
- Abdii qabdanitti gammadaa. Rom 12:12
- Akka namoota abdii hin qabneetti hin gaddinaa. 1 Tasal 4:13
- Mata keessaniif bo'aa. Luq 23:27-28
- Du'a ka'uumsa isa jalqaba kan argatan kan galateeffamanii dha. Mul. Yoh 20-6
- Mucaa namootaaf al tokko du'uun kan kennameefiidha. Ibr 9-27
- Lubbuun osoo isheen jirtuu wanta isheen hojjette seenaa ishee kaasanii boo'aniif. H.Erg. 9-39

3. **Yemmuu daa'imni (Mucooliin) du'an kan lallabamu:-**

- Mucaan kee du'a keessaa gara jireenyaatti siif deebi'eera. 1mot:- 17-23
- Mucaan kee kunooti. 2Mot:- 4-36
- Kana booda anatu gara isaa dhaqa malee inni gara koo hin dhufu. 2 Sam:- 12-23
- Waaqayyootu kennee waaqayyootu fudhatee maqaan waaqayyoo haa galateeffamu. Iyob:- 1-20-23

- Amani malee hin sodaatiin Mar. 5-21 Jaalala waaqayyoo haa ta'u jennee callisnekaa . H.erg. 21-14
- Hin boo'iin jabaadhu malee Luq. 7-13
- Yaa Xaabitaa ka'I ! H.Erg . 9-36-40
- Mucooliin gara koo haa dhufanii narraa hin dhowwinaa Mat. 19-14
- Akka mucoolii yoo ta'uudhaa baattan mootummaa waaqayyootti hin galtan. Mat. 18-3
- Isaan kun warra hi xuroofneedha. Mul.Yoh:- 14-1-4

4. **Warra Amantii osoo Jiraatanii akka Tasaatti kan Du'an irratti kan lallabamu**
   - Hamaanis ta'e gaariin eyyama waaqayyoon ala hin ta'u. faruu. Er. 3-37
   - Kan ajjeesu kan fayyisuus ana waaqayyoodha. S,K.De 32-39
   - Waaqayyoo ni ajjeesa ni fayyisas. 1sam. 2-6 Waan barbaadde dhaqii irratti raawwadhu. Iyob. 2-6
   - Wayiniin koo ija naqachuu baatus , saawwankoos yoo maseenaniyyuu ani waaqayyoo koo galateeffachuu hin dhiisu. Imb. 3-17
   - Waaqayyoo warra kan isaatii yaada qajeelaa qaban badiisa bor dhufu jalaa oolchuudhaaf jecha akka tasaatti ni waama. R.Isa:- 57-12
   - Qopha'atii ta'aa. 24-44
   - Isin dukkana keessa waan hin jirreef guyyaan gooftaa akka hattuutti isinitti hin dhufu. 1tasl. 5-4
   - Nama Uumaa isaa Qoccoluuf Wayyoo! R.Isa. 45-9

5. ***Utuu Hin Qophaa'in Namoota Du'an irratti Barumsa Kennamu***
   - Yaa Lubbuukoo gammadi kan si ga'u argatteetta'oo! Jecha sooressicha Gowwaa Luq. 12-19
   - Jaalala gooftaa isaatii beekee kan hin qophoofne adaba cimaa adabama. Luq. 12-47
   - Nagaadha tasgabbiidha osoo jedhanii ciniinsuun dubartii ulfaa akka qabatu badiisni hin yaadamne isinitti dhufa. 1Tasl:- 5-2
   - Guyyaan sun guyyaa dheekkamsaa fi guyyaa dhiphinaati. R.Safo:- 1-15
   - Duutni akkam hadhooftuudhaa ? 2Sam. 15-32
   - Namni akka qilleensa Shuuf jedhuuti . Far. 144-4
   - Namni akka fixeensa bariiti.
   - Guyyaa du'a keesaanii yaadadhaa . 3maqa. 6-1



Scanned by CamScanner

- Hubannoo Malee namani qabeenya walitti qabatu akka horiitti du'uun isaa hin hafu. Far. 49-20
- Namana jireenya ni barbaaddaa? Far. 34-1
- Kunoo fuuldura kee waa lama kaa'een jira. Tokko keessaa filadhu. Du'a ykn Jireenya S.K/De. 30-19
- Yaa Abrihaam Yaa Abbaakoo anaaf ooli. Luq. 16-24
- Tokkoo tokkoon keenya du'uunis ta'e jiraachuunis kan mataa keenyaa miti. Rom. 14-7
- Hin gowwoominaa! Namni waanuma facaase haammataa. Gal. 6-7-8
- Nama hundumaatiif akka akka hojii isaatti nan laadhaaf. Mul. 12-22
- Yaa Gooftaa nuuf bani. Mat. 25-11

6. ***Dubartiin Nama Amanee Yemmuu Boqottu Kan Lallabamu***
   - Saaraan yemmuu isheen duute Abrihaam Waashaa (Allayyaa) Dirribii ta'e keessatti awwale. S.UM. 23-1-20
   - Yaa nama waaqayyoo bareedina ija keetii kan taate galgala kana sifuulduraatii nan fuudha, ati immoo hin gaddiin, mataakee hin aaddatiin, bidden gaddaas hin nyaatiin R.Isq:- 24-15
7. Iyyeessi (Rakkataan) Yemmuu Du'uu Kan lallabamu :-
   - Namichi rakkataan kuniis ni du'e, ergamoonni waaqayyoos lubbuu isaa Abrihaam biratti geessan. Luq. 16-22
   - Waanta warra isinii gadii jiraniif gootanii akka waan anaaf gootaniiti. Mat. 25-4

<u>Fooniin Du'anii Ka'anii Deebi'anii kan Du'an :-</u>

Kakuu Moofaa keessatti fooniin du'aa kaa'anii deebi'anii kan du'an

Sadiitu (3) jiru Isaanis:-

1. 1Mot. 17-19 Mucaa Yoonaas jedhamu kan jartattii biyya ***Saraaptaa, Raajichi isaayyaas du'aa kan kaase.***
2. *2Mot. 4-8 Mucaa Dubartattii biyyaSunaamRaajichi Eelsaayii Du'aa kan kaase.*
3. *2mot. 14-20-21 Lafeen Raajicha Eelsaayii du'aa kan kaase.*

- **Kakuu Haaraa Keessatti Gooftaan Keenya kan kaase:-**

1. Mar. 5-25:- Intala Iyyaariyoos
2. Luq. 7-11:- Mucaa maanguddoo biyya **Naayinii**
3. Yoh. 11-1 :- Alaazaariin



Scanned by CamScanner

4. Guyyaa gooftaan fannifame kan du'aa ka'aan 1Qor. 15-6, Mat. 27-52

> **Barattoonni Gooftaa Du'aa kan kaasan :-**

1. *H.Erg. 9-36*:- Qulqulluun Pheexiroos guyyaaa Iyyoopheetti Intala Xaabiitaa jedhamtu kadhannaa isaan kaaseera.
2. H.Erg. 20-7 :- Qulqulluun Phaawuloos Dargaggeessa **Ewuxiqoos** jedhamu Fooqii (Ulaa manaa) irraa lafa dha'ee du'e kaaseera.
3. Barattoonni warri kaanis akkasuma du'aa kaasaniiru. Kanas kitaabni qabsuuraa saaniis ni odeessa.
   Haa ta'u iyyuu malee warri kun hundumti isaanii deebi'anii du'aniiru ykn boqotaniiru., du'aa ka'umsa walii galas sichi ni eeggatu.

8. Akka Gooftaan Keenya Du'aa ka'ee ol-ba'eetti du'a keessaa kaatee kan ol-baate :- Haadha Waaqayyoo Giiftii Maariyaamii qofa. Harra mirga waaqayyoo jirti. Far. 44(5)-9
9. Namoota dhalatan keessaa utuu hin du'iin Fooniin kan jiran:-
   1. S.Um. 5-22-24 :- Raajicha Heenook.
   2. 2Mot. 2-1-14 Raajicha Eeliyaas

Isaan Kun waangeela keessatti Kan barreeffaman yemmuu taa'an, erga macaafni qulqulluun barreeffameen boodas, Biheere Hiyaawaan (biyya jiraattootaatti) kan ol-baa'an baayyeen jiru.

1. Yohaannis abbaa wangeelaa
2. Iziraa Suutu'eel
3. Yaareed nama biyya Itiyoophiyaa
4. Abbaa Aragaawwii biyya sooriyaa
5. Abbaa Bala'ii Biyya Itiyoophiyaa fi K.K.Fakkaatan.

Hanga har'aatti hin du'iin haa jiraatan iyyuu malee, guyyaa isa dhumaa, yeroo ilmi badiisaa sun ka'ee nama dogongorsutti 2Tasl. 2-1-12, MUI. 13-1 dhufanii isaan mormuudhaan hojii amantii hojjetu. Akka qulqulluu Giyoorgistti wareegamummaa dhaanis ni du'u. BIyyoo irraa uumamtee biyyootti ni deebita jedhamee Addaamitti kennames raawwachuun mootummaa waaqayyoo galu.

*11. Lubbuu*



Scanned by CamScanner

Lubbuun namaa fi lubbuun horii garaagari. Lubbuun namaa gara waaaqayyootti yemmuu ol-ba'u kan horii immoo gara lafaatti gadi ni deebi'a. M.Lall.3-21

- Lubbuun namaa karaa funyaan keenyaa waaqayyoo jiraataa godhee kan nuuf kenneedha. S.Um.2-7
- Lubbuun namaa kun qaama kan qabduudha. 1Qor 15-44
  Haa ta'u iyyuu malee akka qaama foonii kan qabamuu fi kan argamu osoo hin taane akkasuma kan dhadhabuuf kan tortoru miti.

- Lubbuun namaa nama keessaa yemmuu baatu akka lamatti baati. Isaanis:- 1. akkaataa itti qulqulloota keessaa baatuu fi 2. akkaataa itti cubbamoota keessaa baatu dha.
- Lubbuun qulqullootaa yemmuu baatu foolii urgaa gennetaa yemmuu harka ergamootaan baatamtee baatamtee baatu kan warra cubbamootaa immoo xaaruu fi Gidiraa cimaa akkasumas qaama keesssaa godaantu qanessuu fi rakkisuun keessaa baati. Lubbuun cubbamootaa ergamaa du'aan fuudhamti. Utuu fuula waaqayyoo hin ga'iin lubbuun cubbamootaa qorumsa baayyeetu ishee quunnama. Iz.Sut. 5-7-8 irratti akka kaa'amee jiru samii argamu kana gararraa daandiin qalloo

galaana ibiddaa fi kuufama ibiddaa gidduu kan ceesiftutu jira. Achi irratti lubbuun cubbamootaa gidiraa guddaa argitee ceeti (dabarti). Lubbuun tolootaa garuu harka ergamootaan baatamtee gaarummaa isheen biyya lafaa irratti hojjette Koochoo ta'eefii rakkoo tokko malee dabarti.

- Erga kana booddee lubbuun cubbamootaas ta'e lubbuun qulqullootaa fuula Sillaaseetti ykn fuula Waaqayyootti dhiyaachuun gaaffii gaafatamti. Gaaffii gaafatamtuuf deebii ga'aa yoo laatte jechuunis biyya lafaa irratti qophoofteetti yoo taate akkasumas lubbuu qulqullooftuu yoo taate, guyyaa torbaaf gara Si'ool Deemtee daawwatti guyyaa torba booddee gara Gennataa gaammachuudhaan dhaqxi. Yoo cubbamtuu

taate immoo guyyaa torbaaf Genneta deemti guyyaa kana booddee murtii fudhattee gara Ibidda Si'ool Deemti. M.IZr Sut. 6- 31-32/ (መ/መ'ንገድ ሠማይ)

- Tolootni amma gammachuun Genneta keessa jiraatan guyyaa isa dhumaa isarra harka torba kan caalu gara Iyyeerussaalem ishee waaqarraa (gara mangiste semaayyatii) dhaqu. M.Izr.Sut. 6.26. cobbamootni si'ol keessa amma jiraatan immoo guyyaa isa dhumaa si'ool irra harka torba dhiphinaa fi rakkinni isaa kan hammaatu gara ibidda Gahaannam dhaqu. M.Izr.Sut. 6-15(24)
- Cubbamoonni si'oolii gara Gahaannamaa dhaqan barabaraan achi keessa boo'ichaa fi gaddaan ibidda gaahaannamiin yemmuu gubatan ,ilkaanis qaran, warri qulqullootaa immoo bara baraan ilileef gammachuun waaqa isaanii galateeffachaa Iyyeerussaalem biyya ishee waaqarraa keessa jiraatu.

## 12. *Sirna Boo'ichaa*

Akka sirna mana kiristiyaanaa keenyaatti yeroo namni tokko boqotu boo'ichi seera qaba.

1. Yeroo foonii fi lubbuun isaa gargar ba'u
2. Reeffi isaa mana jireenyaa isaa keessaa yemmuu gadi bahu
3. Reeffi isaa biyyootti gadi bu'ee yemmuu awwaalamu.

Yeroo kanatti namni hundumtuu boo'uu fi qaba asuma irratti iyyu taanaan immoo garmalee boo'uu fi gadduun dhoprkaadha. Sababiin isaas hojii Waaqayyoo mormuu jedhama waan ta'eef. R.Isay. 45-9. dabalatas Qulqulluun Phawuloos 2Tasl. 4-13 irratti akka

warra abdii hin qabnee hin godhatinaa waan jedheef gooftaan keenya Iyyeesuus Kiristoosis Luq. 23-28 irrattii mataa keessaniif boo'aa akka jedhe isa du'eef seera malee boo'uu irra mataa ofiif boo'uu wayya.

- Mataa ofiif boo'uun bu'aa guddaa qaba . far.126-5 irratti warra mataa issaaniif boo'an gammachu guddaa argatu Mat.5-4 dachee lafaa kana irratti waa'ee cubbuu isaaniif kan boo'an kan



Scanned by CamScanner

galateeffaniidha . M.Laal. 7-2-4 Mana cdhaa dhaquu irra mana Boo'ichaa dhaquu wayya.

- Gooftaan keenya Iyyesuus Kiristoos waaqa ta'ee osoo jiruu jalallee isaa waan ta'eef Al-aazaariif boo'e. Yoh. 11-35
- Iyyeerussalemiidhaafis ni boo'e. Luq.19-41-42 kanaafis harra nuti boo'icha seeraan alaa bo'uu dhiifnee mataa keenyaaf waa'ee jaalala waaqayyoof waa'ee mana isaatiif bo'uu qabna.

### *Gosa Boo'Ichaa*

Biyya lafaa kana irratti ilmaan namootaa sababa addaa addaaf imimmaan issaa dhangalaasee boo'a , sababoonni kun akka armaan gadiitti tokko tokkoon ka'aamanii jiru.

1. Imimmaan yeroo kadhannaa
2. Imimmaan Dhhifama cubbuuf kadhatamu .Far 6-6
3. Imimmaan yeroo gaddaa
4. Imimmaan yeroo gar gar ba'umsaa
5. Imimmaan jaalalaa
6. Imimmaan Tuffatamuu
7. Imimmaan ulfina ofii dhabuu
8. Imimmaan Gammachuu
9. Imimmaan Tajaajilaa
10. Imimmaan cubbamootaa isa guyyaa xumuraa (dhumaa)

***1. Imimmaan kadhannaaf Buusan***

Namootni baayyeen yemmuu waaqayyoon kadhatan boo'uudhaan imimmaan isaanii

buusanii waaqayyoon kadhatu, deebii hatattamaa argatu.

- 1Sam. 1-8-10 .Hannaan imimmaam ishee dhangalaastee gara waaqayyootti boossi turte.
- M.Asteer 4-3:- Yihuudoonni Laguu (Tsooma) Lagachuudhaan sagalee isaaniin boo'uus jalqaban.
- M.Asteer 8-3:- Bo'aa imimmaaniidhaan gabaasa iyyata ishee dhiyeeffatte.

:- Qulqulluun Phawuloos Imimmaan dhangalaasee isaaf kadhate.

2. **Imimmaan Gaabbiif (Qalbii jijjiirrannaa)**
   - *Faars.6:6-8* Baayyee boo'uu koo irraan kan ka'e galgala yeroo hundumaa imimmaan koo ciisicha (siree koo) tortorsa.
   - M.naayim. 1:4 Anis diigamuu hawwaala abbootaa yemmuun dhaga'e taa'een imimmaan koo dhangalaase.
   - M. Izira10:1 mana qulqullummaa fuul duratti jilbeenfatee cubbuu isaa tokko tokkoon himachaa (dubbachaa) imimmaan dhangalaasee gara waaqayyootti boo'e. Saboonni (uummannis) isaa wajjin ni boo'an
   - R/Iyyu'el 1:12 Laguudhaan, Boo'ichaan,gaddaan gara waaqayyootti deebi'aa
   - Maat 26:75 Gad ba'ee imimmaan isaa dhangalaasee boo'e (pheexiroos)
   - Luq.23: 28 Mataa keessaniif boo'aa (cubbuu keessaniif boo'aa jechuudha.)
   - Luq.7: 38-48 Miilla gooftaa irratti kuftee imimmaan dhangalaaftee boosse.

3. **Imimmaan Gaddaa**
   - 1m.saam. 15 :35 raajichi saamu'eel mootichaa saa'oliif gaddee boo'e
   - 1m. saam.30 :1-23 Mootichi Daawwit mucaasaa Abshaaloniif gaddee imimmaan isaa dhangalaasee boo'e.
   - Luq.7:13 Jaartiin (maanguddoon) biyya ***<u>Naayin</u>*** mucaa ishee tokkicha jalaa du'eef gadditee boosse.
   - Maarq. 5: 36 Iyyaariyoos du'a mucaa isaatii dhaga'ee gaddees boo'e
   - Filph. 3:18 Qulqulluu phaawuloos warra garaa isaaniif jedhanii diina fannoo kiristoos ta'aaniif imimmaan isaa dhangalaasee gaddaa itti haasa'e (barsiise.)

4. **Imimmaan gargar ba'umsaa**
   - s/uum 23: 2 Abirihaam saaraan du'aan yemmuu isa irraa adda baate ni boo'e
   - s/k/deebii 34: 8 Isiraa'eloonni museen yemmuu du'aan isaan irraa adda ba'e guyyaa <u>30</u> boo'aniif



Scanned by CamScanner

- m/A/firdi 11:34-40 Intalli Yooftaa'in utuu hin heerumin hiriyyoota ishee irraa du'aaf waan kaateef ni boo'aniif
- m/Ruut 1:9 Hamaatonni NUhaamin si biraa hin hafnu jedhanii duukkaa boo'an, faanas immoo bu'an
- W/yoh.11:36 maariyaamii fi Maartaan Alaazaar du'aan isaan irraa addaan waan ba'eef ni boo'aniif
- h/erg 20:37 Amantootni qulqulluun Phaawuloos sichi nan argitan waan ittiin jedheef maddii isaa dhungatanii itti marmaniis boo'an

5. **Imimmaan Jaalalaa Kan Onnee Irraa Madde**

- S/um.42:24 Yooseef Obboloota isaaf nii boo'e
- S/um. 45:14-15 Yooseef morma obboleessa isaa Beeniyaamitti marmee ni boo'e
- S/um.46:29 Yooseef morma obboleessa isaa Yaa'iqoobitti marmee ni boo'e

6. **Imimmaan Tuffatamaa**

- s/um 27:30:38 ,Ibro.12:16 Sababa nyaataaf hangafummaa isaa dhabee boo'icha Heesa'uun boo'e
- M/A/firdii 14:16 -18 boo'icha Daliilaan saamsooniin waan jaallattu fakkaattee boo'icha isheen boosse, isa
- immoo ayyaana waaqayyoo irraa morqitee ajjeesiste.
- 2m/saam. 13:1--- Boo'icha Amnoon obboleetti isaa Timaanitti ejjuuf boo'e.

7. **Boo'icha ulfina dhabuu :-** s/uum 34:1 Boo'icha intalli Yaa'iqoob *Diinaan* boosse

- 2m/saam.13:19 yeroo sana Timaan uffata durbi warri hin heerumin uffatan uffatti turte wayyaa isa dheeraa dheeraa laga ga'u sanas duraaf boodaan ni tarsaafte , dubartummaa ishees mullifte harka ishee lamaaniin ija ishee qabattee bo'aa deemte
- M/A/Firdii 11:38

## 8.Imimmaan Gammachuu

- M/Iziraa 3:12-13 Ajaja Mooticha Qiiroos kenneen mana qulqullummaa Naabuukidaanatsoor gubee ture, karaa lubicha Iziraa deebi'ee ijaaramuu isaa yemmuu argan uummanni gammachuu irraan kan ka'e sagalee isaanii ol fuudhanii (ol kaasanii ) boo'an

## 9. Boo'icha Tajaajilaa

- Faaru Hirm. 5: 1-5 yaa gooftaa waan nurratti ta'e yaadadhu jedhanii boo'an
- F/Hirm.5:15-52 Imimmaanis dhangalaasanii amma yoomiitti nu hirraanfattaa? "Irmiyaas Baarook Feetu" jedhan
- Faars. 137:1-3 laga Baabiloon Giinii teenyee Tsihooniin
- yaadannee boonye
- M/Naayimiyaa 1:4 Naayimiyaan waa'ee Yerusaalemiif akka boo'e
- *M/Iziraa 10:1* Lubichi Iziraan Waa'ee cubbuu uummataaf akka boo'e
- *R.Hirm.* 9:1 Waa'ee Isiraa'eloota Warra Booji'amaniif akka boo'e
- *R.*daan. 9:3-5 Daani'eel waa'ee cubbuu sabaaf akka boo'e
- *R.*mik. 1:7 Waa'ee mana Isiraa'eliif akka boo'e
- *Ho.*erg. 20:18-19 Gidiraa yoo narra ga'e iyyuu imimmaan Koo dhangalaasee gad of deebisuudhaan nan tajaajila Koo nan tajaajila jedhe qulqulluu phaawuloos.
- *Ho.*erga. 20:31 Waggaa sadii guutuu imimmaan Koo dhangalaasee amantoota kan fayyadu nan barsiisa.
- *2qor.* 1-4:- Gadda dhiphinaan imimmaan baayyee dhangalaasee kanan isniif barreesse hammam akkan isin jaalladhu akka naaf beektan jedhe qulqulluun phaawuloos.
- *2xim.* 1-4:- akka abboota kootii yaada qulqulluudhaan waaqayyoon nan galateeffadha. Isiniinis immoo imimmaan kee hin irraanfadhu jedhe qulqulluun phaawuloos ximootiwoosiitiin.



Scanned by CamScanner

7. **Zaayi** far. 119-49 Hiikoon isaa waaqayyoo hojii hundumaan yaadatamee yeroo hundumaa galateeffatamaa kan jiraatu inni uumaa hundumaati jechuudha.

8.**Heeti** Far. 119-57 Hiikoon isaa Waaqayyoo Mooyummaan isaa kan hin jijjiiramne, akkeenyi isaas kan hin dabarre barabaraan kan jiraatu jechuudha.

9. **Xeeti** Far. 119-65:- Hiikoon isaa Waaqayyoo Ogummaa kan namaaf ibsu ogeessootaan ol kan ta'e ogeessa jechuudha.

10. **Yodi** Far 119-73 hiikoon isaa Mirga Waaqayyoo kanjiru inni humna qabeessaa fi jabaadha jechuudha.

11. **Kaaf** Far. 119-81 – Hiikoon isaa Waaqayyoof kandadhabamu hin jiru, hundumaa gochuu dandaa'a jechuudha.

12. **Laameed** Far 119-89 Hiikoon isaa Waaqayyoo Akkeenya isaatiin

qulqulluu kqn tq'e uumaa hundumaati jechuudha.

13. **Meem** Far. 119-97 Waaqayyoo Akkeenya isaatiin qulqulluu uumaa hundumaati jechuudha.

14. **Noon** Far 119-105 – Hiikoon isaa Waaqayyoo mootii mootota, Bulchaa bulchitootaa, kan ta'e uumaa jechuudha.

15. **Saamkeet** Far. 119-113 Waaqaayyoo uumaa hundumaa bitu jechuudha.

16. **Ee** Far. 119-121 Hiikoon isaa waaqayyoo jabaa fi isa ulfaataa (Guddaa) ta'eedha jechuudha.

17. **Fee** Far.119-129:- Hiikoon isaa waaqayyoo jaallatamaa uumaadha jechuudha.

18. **Tsade** Far.119-137 Hiikoon isaa waaqayyoo soba kan hin qabne waaqa dhugaadha jechuudha.



Scanned by CamScanner

19. Qoof Far. 119-145 :- Hiikoon isaa Waaqayyoo warra Lapheen isaanii na'ee fi warra garraamootatti dhihoodha jechuudha.

20. Rees Far. 119-153 Hiikoon isaa waaqayyoo ulfinni isaa irraa uumaaf kan ta'eedha jechuudha.

21. Saan. Far. 119-161- Hiikoon isaa Waaqayyoo hojii isaa hundumaan kan galateeffameedha jechuudha.

22. Taawu Far. 119-169 Hiikoon isaa waaqayyoo hirriba kan hin qabne dulloomuun kan isaaf hin malle Dhimaa fi jabaa kan ta'e uumaa jechuudha.

**Waa'ee du'aa ilaalchisee jecha abboonni dubatan**

1. Yaa Waaqayyoo utuun qalbii hin jijjiiratin na hin ajjeesiin manguddoo tokkotu turan. Yeroo hundumaa kadhannaa ishee keessatti afaanumaan dhoksaatti du'a naatti hin rgiin amman qalbii jijjirradhutti jedhanii kadhatu. Waaqayyos tole jedhee kallaatti arfaniin ishee nanneesse nama ajjeessee luboonnii akka barsiisanif waangeelan "qopha'aa jiraadha" jechuun barsiisan. Haa ta'uyyuu malee jaartiin kun nama isaa du'u boossee galti malee waa'ee isa kan ishee hin hubaanne.

Gaafa shanaffaa gara ishee dhufnaan nattii himi kottuu siin hin jennee jennaan namni afur yammuu isaan

du'an dhooskaatti sitti himaree jedhee lubbuu ishee hudhee fuudhee deeme jedhama.

2. "**Anoo silan qophaa'e**"

Manguddoo tokkotu abbaa mana isaanii wajjiin Waaqayyootti amananii utuu jiraatanii abbaan mana issaanii irra du'e, edda abbaan manaa isaanii irra du'e amntii isaanii eggatanii jirachuu eegalan.kanaan osoo jiranii mucaansaaanii bargama (Alaa) jiru isaan waamnaan gara isaa deemuuf markaba yaaabbatanii adeema itu jiranii qoorumsa jabaatan bubbee fi

dhaha cimaan bishaaanichaa irratti ka'ee. Namoonni markabaa (yaabaliichaa) keessa hundinu iyyuu jalqabaan. Jaartiin garuu calistee dhuma teessi turte. Maaliif hin iyyitan gara Waaqayyootti jennan maltu na iyisiisa anoo silan qopha'ee yoon nagaadhan ce'ee gara mucaa koo dhaqaa,

yoo markabni galgalee yoon du'ee immoo gara waaqa koo gara abbaa manaa kootin dhaqa jettee waan qophoftee teessef.

3. "**mana du'i itti hin seenne dhaqii gubi**"
Yeroo tokko abba ilma tokiicha qabu wajjin biyyaaf duulee akka tasaa ta'ee mucaan du'ee abbaan immoo gale yeroo kanatti haati meerree mucaan koo immoo jette.Abbaan warraa teella jira ni dhufa jedhe. Haati warraa eegde dadhabdee bo'uus jalqabdee jennaan abbaan manaa Waaqayyoon ogummaa kadhatee haadha mana isaan mana duutni itti hin galle deemi gubi yoos male mucaan kee hin galu jedhe

Isheenis Xoombora qabattee mana hundumaa irra adeemu jalqabde. Haa ta'uu iyyuu malee mana duutni hin seeniin tokkoo waan dhabdeef dhiifte galte. Yoommuus abbaan manaadhaa kan duutni hin seenne man keenya waan ta'eef attam goona jennaan isheen naatee jennaan yemmuu kana garaa kee kutadhu mucaan kee ni du'ee jedhe.

4. **Amma fuula mootiitti si duukkaan deema**
Namiichatu haadha man afur qaba. Haadha man ishe jalqabaa baay'ee(2x) jaallata. Lafa dhaquu hundatti ittiin kooras ittiin of jejaas, ishee lamaffaa immoo fedha ishee hundumaa ni guutaaf sihee sadaffaa immoo darbaa darbaa godhaaf. Haadha manaa isaa ishee arfaffaa immoo hin jaallatu. Yoo isheen gaafattees gungumaa fedhasaa ala godhaaf.



Scanned by CamScanner

Garuu gaaf tokko mootiin isaa barbaadnaan wabii naaf tataa na wajjiin kottuu jedhe isheenis hin didde. Ishee 2[ffaa] biras ni deeme na wajjiin fuula mootii kottu jedhe sheenis hin didde. Ishee 3[ffaa] bira deeme. Iheen immoo hanga killaa(dallaa) mootittin sii wajjin deema jette. Maalii nama fuula mootitti na dukkaa deemee yoo rakkoon jiraate waasii naaf ta'uun barbaade jedhe. Isheen immoo anga fuula mootitti si duukaa hin deemu jette. Isheen arfaffaa hin jaallanne bira dhufee sodaachaa, saalfachaa waan hin jaallannef gara ishee dhufee mootiituu na barbaade na wajjin amma fuula mootitti kootu dhabbadhu jedhe. Isheenis beenu si wajjin nan deema yoo rakkoon jiraatees wabii siifan ta'aa jettee duukaas deemte.

Ibsa:- haada manaan isheen jalqaba 1. Tayiitaa(Aboo) qabeenyaa, fi k.k.f

2. haadha mana ishee 2[ffaan] foonii. Foon ofiif waan isheen barbaadu guutaf namni* Mootiin sun waaqayoodha.

3. Haadha mana isheen sadaffaan fira ofiiti. fira ofiif amma lafa awwalchaatti nama geggessa.

4. haati manaa isheen arfaffaan hojjii gaarii ishee nuti jibbaa hojjennuudha. Garuu nu wajjin fuula Waqayyoo kan dhhaqxudha.

5. **Yoo na ajjeesuu dhiiftee hoo?**

Bar tokkoo Waaqayyoo manguddoo tokkotti ergamaa du'aa erge.

Ergamaan du'aa kunis eenyumma isaa maanguddoo kanatti himnan jartiin kun naatee eessaa ddhufteeree! Gara koo jettee ollacha. Ergamichis jedhe, waggaan keessan meeqa itti isiniif dabaluufaan dhufe jedhee gaafannaan waggaan koo 80 jette. Waggaa meeqa yoon itti siif dable feeta jedhee gaafte.

Digdama (20) dabaliitii dhibbuma naaf guuti jette. Ergamichis siif haa ta'uu jedhe naan bade innoo gaarramiidha jeetee daddabalaachiifachaa dhuma deemtee ciirumasa na ajjeesuu yoo dhisttee'oo jettee jennaan haata'u mee isa kaan fuula dura jiraatteef immoo maal hojjette jedhe ishee gaafate. Isheenis jette ejjan ture, sirbaan ture, kanaaf jiraachuun barbaada gara si'achiittis jettee jennaan akkas ta'oo hin jiraattu jedhee fuudhee deeme.

**Waa'ee kanaa beektu laataa?**

1. Maqaa qulquullootaan zikirii (Yaadannoo) gochuun akkasumas mana Waaqayyoo ijaaruun ajaja Waaqayyoo akka ta'e bektu laata? **R/isay 56÷4** irratti warreen seera koo eegdan, warrii anaaf jettanii hin fudhiin, hin heerumin haftaan, dhala dhabne hin yaadatamnu jettanii hin yaada'iina. Moora (Obdii) mana kootii keessatti maqaa bara-baraan hin badne, dhala argatnii kan itti waamamaan kan caalu isniif nan kennaa jedhee kan kakate Waaqayyoodha. Kanaafu har'a manni Waaqayyoo maqaa qulqullootan ijaaramee ykn moggaafamee kan itti waamamuuf, kan itti zakaramu ajaja kana irraan kan ka'eedha. Beektu laata? Tokkoos **maat. 10÷42** namni maqaa tolaa tokkoon bishaan qabbana'aa (dilalla'aa) ulee tokko buusee namaaf

kenne gatii nama tolaa sanaa ni argata jechuudhaan Gooftaan keenya waan barsiiseef har'a maqaa qulqullootaan zikirin zakarama beektu laataa?

Barattoonni Gooftaa keenya iyyesuus kiristoos irraa barataniis iddoo tokkotti tokkummaan walitti qabamuun waliin nyaachaa, waliin dhugaa turaniru. **Hoj.erg.2÷42**

**Zikiriin akka biyya Itoophiyaati, eenyuun eegalame? Beektu laataa?**

Bara 343 A,L,H tti bar mooticha Izaanaa dhalaata biyya Sooriya kan ta'an Abbaa Fireeminaaxoos, maqaan afuura isaanii immoo Abbaa Saalamaa kaasete Birihaan kan jedhamniin jalqabame.



Scanned by CamScanner

Maqaan zikirii sanaas immoo Ma'ibeera tsihoon jedhama. Kaayyoon Zikirichaas immoo wangeela babal'isuuf, iyyoolii gargaaruuf, mana kiristaanaa ijaaruuf akkasumas Yaadannoo qulquullootaadhaa ture bektu

laata? Abbaan saalamaan kun phaaphaasii jalqabaaf biyyaa Itoophiyaatti mudaamaniidha, paatiriyarikiin isaan muudees Abunee Atiinaatiyoos kan jedhamaniidha. Abbaan Salamaa Kaasete birihaan kun biyya Itoophiyaa keessatti yeroo jalqabaaf sirna cuphaa, sirna qurabaanaa, Diyaaquunii fi luba muuduu kan jalqabee isaaniidha. Walumaa galatti amantii Ortodoksii Taawahiidoo biyya Itoophiyaa keessatti amntii biyyoollessaa gochuun kan babal'isan isaaniidha. Beektu laataa? Akkasumas kitaaba qulqulluu afaan warra sooriyaa suuristii irra, Afaan warra Ibiroota ibiirayistii irra, afaan warra Girikii tsiirii irra gara Giiziitti jalqabaaf kan jijjiire isaan. Barreeffama biyyaa Itoophiyaa mirga iraa gara bitaa, bitaa irraa gara mirgaatti sirreessuudhan kan barreesse isaan. Beektu laataa?

Abbaan kun hojii amntii biyyaa Itoophiyaa keessatti diriirsuudhaan hagayya 26 bara 380 tti boqotan yaadannoo isaaniitiif Tsilaatiin hojetamee guyyyaa kana ni yaadatama beektu laataa?

**Maddi barreeffama kanaa hameri waggaa 8ffaa Lakk.2 fuula 18 irra akkasumas waggaa 3ffaa Lakk. 1 fuula 25.**

**2.waa'ee guyyaa 40(Afurtama) mal beektuu?**

2.1. Addam uumama gaafa guyyaa afurtamaffaa gara ganaataatti gale. **M/ kuufalee 4÷9**

2.2. No'I guyyaa afurtamaa fi halkaan afurtama maarkabaa keessa ture. **S/Um.7÷4**

2.3. Museen guyyaa afurtama(40) gaara siinaa irra turuudhaan tsillaatii Waaqayyoo harka fuudhe. **S/Ba'u 24÷18.**



Scanned by CamScanner

2.4. Nagada ijoollee Isiraa'el kudha lamaanuu (12) keessaa kan Fo'aaman dachee kanaahaniin guyyaa afurtamaa(40) nannaahanii ilalan **S/Lakk.13÷25**

2.5. Raajichi Eliiyaas al tookicha nyaata samiirraa kennameef nyaaten guyyaa 40 turee ol fuudhatame **m/moota.1ffaa 19÷8**

2.6. Gooftaan keenya Iyyesuus kiristoos akka cuphaameen Gadamaa qoronxoos deemuudhan guyyaa afurtamaa fi halkaan aafurtama(40) lagate. **Maat.4÷1**

2.7. Gooftaan keenya Iyyesuus kiristoos erga du'a mo'ee ka'ee booda guyyaa afurtama lafarra turee waa'ee mootummaa Waaqayyoo duuka bu'oota isaa barsiisaa ture. **Hoj/erg.1÷3**

2.8. Mucaan dhiiraa tokkoo dhalatee gaafa guyyaa afurtamaa (40)mana

qulqullummatti akka ggeeffamu seeran ka'amee jira. **S/Lew 12÷1, Luuq 2÷22.**

2.10. Ijoolleen Isiraa'el biyya abdii gahuudhaaf guyyaa afurtama deemuun kan isaan irra ture, Sababa cubbuu isaaniif garuu waggaa afurtama(40) deeman. **M/Iyaasu 14÷33-35.**

**<u>Iccitii kana beektu laata?</u>**

3. Iddoo **<u>ol aanaa(atiiroonoosi</u>**)

Iddoo Ol kahaa isaa (atiiroonoosii) irra macaafa qulqulluu ka'anii lallaabuun eenyu dhaan jalqabamee beektu laata?

**3.1. Maat.5÷1** irratti Gooftaan Iyyeesus kiriistoos namoota baay'ee argee tulluu yaabee Barsiisuu jalqabe akka jedhamu Gooftaadhaan jalqabame. **Maat.15;29.**

3.2. Gooftaan Iyyeesus kiristoos markaba yaabbachuudhaan barsiiseera.

3.3. Yoohaanis Afawarqi bara 365 tti yeroo barsiisa turetti barumsa Gooftaa keenya irraa barateen iddoo ol kahaa irra dhabbatanis barsiisuun isan eegalame.

**Wa'ee soogiddaa Beektuu laataa?**

"Gooftaan Iyyesuus kiristoos isin soogidda biyya lafaati" jedhe duuka bu'oota isaatiin **Maat. 5÷13**

- Egaa soogidda kan jedhaman kiristiyaanota, **Luuq 14÷34-35**
- Waa'een soogiddaa kitaaba qulqulluu keessatti iddoo baayyeetti barreeffamee jira beektuu laataa?

1. Soogiddi nyaata miyeessa. **Iyya,6÷6**
- Kiristiyaanotis addunyaa kana hojii gaarii godhanii miyeessu
2. Soogiddi aarsaa dhiyaatutti ni dabalama.
- Kiristiyaanootnis amanti isaaniif jecha aarsaa ni ta'u waan ta'eef
3. Soogiddi qoricha **R/Isq,16÷4**
- Kiristiyaanootnis kan cubbuudhaan dhukubsataniif qoricha tolummaati.
4. Soogiddi walii galte (waadaa) kan dhugomsu dha. **LaKkO. 18,19 ÷ 1__ 13:**
5. Sogiddi raayyaan loltuu waraanaa magaalaa diinoota isaanii yemmuu barbadeessan kan ittiin bittimsanii dha. **M/fak 9÷43**
- Kirsitiyaanottnis Gooftaan keenya Iyyesuus raayyaa seexanaa

barbadeessuun mo'atee addunyaa kana erga qulqulleessen

booda sanyi garii addunyaa irratti faca'anii dha.

6. Soogiddi qarshii dha, **M/Iziraa 4÷14** kiistiyaanotnis Waaqayyoo harka isaatiin kan Uumaate, Gooftaan Iyyesuus kiristoos qulqulluu dhiiga isaatiin kan bite, qarshii isaati.
7. Soogiddi ba'eessa (gaarii) dha. Garuu miyyaa'ina yoo of keessaa dhabe bakkeetti gatamee dhagaa jedhamee waamama. **Maat.5÷13, 19÷10.** Kiristiyaanummaan



Scanned by CamScanner

gaarii dha. Garuu waan gaarii ta'e kan macaafni qulqulluun nama ajaju hin hojjetan taanaan siholitti gatamuun waan hinaafnee dha. **Qol. 4÷6**

## WAA'EE KANAA BEEKTUU LAATA ?

### *AKKA KITAABA QULQULLUUTTI TULLUUN MAALIIN IFA? BEEKTUU LAATA?*

### *AKKA HIN DUNEEF GAARA TULLUUTTI BAQAADHU TULLUUN MAALII ? IDDOO AKKAMII TURE ?*

### *SEENAA TULLUUN BARA KAKKUU MOOFAA*

*Tulluun qaama lafaa ta'ee lafarra ol dheratee ykn ol guddatee kan aragamuudha. Akka salphattis yaabbachuun hin danda'aamu. Akka addunyaatti tullu dheeraan Ardii Eshiyaa keessatti kan argamu tullu Everst kan jedhamuudha . Akka Gaanfa Afiriikatti immo tanzaniyaa keessatti kan argamu tullu kiloomanjaaroo, akka Itophiyaatti immoo Rasdasheen akka wallagga lixaatti immo tullu walal akka naanno qilxu karatti immo tulluu Buuci kan jedhaaman bayyee tullootaa dheerataniidha .*

***Kiitaba qulqulluu keessaatti akka himaa isaaniitti jechi tulluu jedhu hiikkoo maata isaa dan da'ee qabu .***

*1. Akkumaa armaan oliitti ilallee qaama lafa ta'anii ol dheeratanii kan jiran .*

*2. Qulqullootni warrii waaqa fulduraatti nama keessaa filamanii guddaa taa'an tulluu jedhamanii ni wamaamu ragaan kanaas far/ 86/87 irraatti bu'urrii ishee tullootarraa qulqulla'aniidha akka jedhu . Akkaas jechuun giiftiin Maaramiin kan isheen irraa dhalatte abboota qulqulloota irraa jechuudha . Dabalataas raj /Isay 2 – 2 irratti guyyaa isa xumuraa sanatti tulluun waaqayyoo tulloota hundumaa irratti oljedhee ni dhabbata...*

*3 **Giiftiin** Maaramiiniis tulluutti fakkeeffamteetti. Lakkoofsa tokko [1] irraatti bu'urrii ishee tullootaa qulqulaa'an keessaa akkumaa jedhe FAR 67 / 68 . Lammaaffas rajaan danii'eel boq 2 :- 24 irraatti tulluu dheeraa*



Scanned by CamScanner

*irraa arki namaa utuu hin tuqin dhagaan guddaan tokko irraa foolloqe jedha . Tulluu kan jedhamee dubroo Maariyamii yemmuu ta'u harki namaa osoo hin tuqin jechuun ammo sanyii dhiiraa malee jechuudha , dhagaa inni jedhamee immoo gooftaa Iyyeesuus kiiristoosiidha . Egaa walumaa gala tulluun qamaa lafaa keessaa guddaa akkuma ta'e qulqullootni sanyii namoota keessa waaqa fulduraatti guddaa waan ta'aniif tulluutti ni fakkeeffamu jechaadha.*

*4 Hiikoon arfaaffaan tulluu jechuun immoo of tulaa jechuudha . Yoohaniis cuuphaan tulluun gadii haa jedhuu . Jaallaaniis haa qajeelu jechuudhaan akkumaa laallabe MAT 3: 1- 12 .LUQ 3 : 5 -6*

## KIITAABAA QULQULLUU KEESSAATTI SEENAA TULLUU

**Addaam gaafa Geennaata keessaa hariiyyatamee iddoon irraa qubateetulluudha .**

4 Noo'ii fi ijoolleen isaa biishaan badiisaabooda yaaballii isaan tulluu araariiyii gubbaa qubaate
5 Looxii fi ijoolleen isaa tulluu moo'aabiitti baaqataan guubachuu jaala olaan S/UM 19 : 18
6 Yaa'iqoob tulluu loozaara ciisee mullaataan baalballii saamii baanaamee yaabbannoon lafaa fi saamii waal qunamsiisuu diiriiree ergaamoonii waaqayyoo sana irraa osoo gadi bu'an olbaan argee iddoon kun iddoo balbalaa waaqayyooti. Waaqayyoos iddoo kana jira . Kaanaaf iddoon kun iddoo mana waaqayyoo jedhaama jedha . Waareegaas waaqayyoof wareegee dhagaa buu'uuraas iddoo kana dhaabe;dhadhaa ejeerssaa irraatti dhaangalaase S/ UM 28 : 11
7 Yaa'iqoob tulluu baateen irraatti iddoo arsaa ijaaree waaqayyoof arsaa dhiiyeessera . S /UM 35 : 1 -7
8 Abirihaam mucaa isaa Yisiyaqiin tulluu Mooriiyaa irraatti akka inni aarsaa dhiiyeessuf waaqayyoo isaa ajaajee S /UM 22 : 1
9 Museen garaa tulluu kooreb gubbaa irratti ibiidda mukaa jiidhaa qabatee booba'uu arge mukni jiidhaan sun hin cooliigu abiddi sunis hin dhamne waanti wal fallaa ta 'an kun wal simatan arge rajeffatee arguun itti siiqe . Waaqayyoo ibidda sana keessaa Muse Muse



Scanned by CamScanner

iddoon atii dhabbatuu kun qulqulluudhaati koophee milla keettii basii ittin jedhe . S / Ba 3 :1-6

10 Waaqayyoo museen garaa tulluu siina irraatti waamee abboommii kurnaan gabataa dhagaa irraatti qubaa isaan barreesse ijoolleen isaa akka ittiin jiraataan laate . S / BA 24 : 7 -32 , S /BA 34 : 1-----S /K /Deebii 10 : 1 -10 , S /L 3 : 1

11 Museen wal ga'ii waaqayyoo keessaatti sagalee isaa guddisee ol kaasee tulluu Siinaa irraatti Waaqayyoo abiddaa fi dumeessaan gadi bu'ee kan inni itti hime isaaniitti dubbaate jedha .

12 Waaqayyoo dirree Mo'aab Iyyaarikoo fulleetti kan argaamtu tulluu Nabaawu maata ishee irraa yaabbadhu ittiin jedhe jedha. S /K /Deb 34 :1 Asii irraattiis Waaqayyoo guyyaa du'a Musee itti himee yaa ilmaa Imbariyaam museen nagaan siif haa ta'u jedhe E/N du'a.

13 Garaa iyyariikootti basaastoonnii ergaama lamaan gara tulluutti baqataanii diinaa jalaa olaan M/ IY/ B / 2 :55 -56

14 Kaleeb biyyaa abdiitti yeroo gale dhaala laafa hiramuu keessaa tulluu keeberoon naaf kenni jedhe. Iyyaasuu kadhatee sababnnii isaa iddoo siilaasootnii sadaan [3] namaa fakkataanii itti argaaman waan ta'eef.

15 Iyyaasuun umurii dhiibbaa fi kurnaaffaa [110] isaatti biyyaa ifireemii tulluu gala'oidii irraatti hawwalame M / IY 24 : 29

16 Baaraqi sisara nama jedhamuuf loltuu isaa tulluu taboorii yabbateeisaan moo'ateera . M /FAR / 4 :13 -16

17 Garrii keenyaa iyyeesuus kiiristoos agaayya 13 bara 33 keessa tulluu taboor kana irraatti waaqummaa isaa agarsiise. W /M / B /17 :1

18 Mucaan geediiwoon hiyyoohatam tulluu gaba'aan irraa dhaabatee akka waaqayyoo isaan dhagaaf naa dhagaa jedhe M/ AB /F 9 :1

19 Maatiichii soolomoon tulluu gaba'aana irraatti iddoo haarsaa ijaareera . 2 M/ MOT / 3:1 -6

20 Rajiin waaqayyoo elsaayii tulluu qarmeeloos irraattii ija laaphee dukka bu'insaa ge'aziittiin baneerraas kan looltoonnii sammarriyyaa ma ittiin jamseera 2 M / MAT / 6: 16

21 Rajiin waaqayyoo eliiyaas tulluu qarmeeliyoos irraatti faddeen abiddaan ol fudhaatameera . 2 M /MOT /2 :1



Scanned by CamScanner

22 Annaan atii manaa iyyaaqiim haadhaa G /keenyaa iyyeesuus kiiriistoos maariiyyamiin tulluu tulluu libanoon irraatti deese . M / W /W 4 : 6 -8

23 Raajiichii waaqayyoo miilkiiyaaswaaqayyoo tulluu kaaveeb [ sinaarraatti ] garbiichaasaa museetti kan innii itti kenne yaadadha jedhe R / MIL / 4 : 4

24 Tulluu stiyoon isaa qulqullaa irraatti ajeejaa koo naan dubbadha . FAR /2 : 6

### ❖ WAA'EE TULLUU BARA KAKUU HAARAATTI

Gooftaan keenyaa Iyyeesuus kiristoos lallabaa isaa jaalqaba Gi'iziidhaan anqatsa bitiizewaan buufaata loltummaa kan jedhu tulluu ejersaa irra ta'ee barsiise M / 5 : 1 . Gooftaa Iyyeesuus kiristoos fakkeenya gara garaan akka barsiisaa turee Maarqoosiin barsiiseera . W / MARQ/ 4 : 34 . Waan fakkeenyaan barsiisee kan ammo haalkaan haalkaan iddoo irraa bule ture tulluu ejeersaa irraatti hiikee baarsiisaa ture. W / MAT / 13 : 1 – 10 , W / MAT 24 : 3 .

- Waa'ee mallaattoo guyyaa xumuraa tulluu kana irraatti isaan barsiiseera .25 tulluun Taboor irraatti kan du'ee ture muusee du'aa keessaa kaasee kan ol ba'ee Eliyaas biyyaa jiiraattotaatii wamaamee baraattoota isaa keessaa immoo namaa sadii waame **Isaaniis**

**1 , Pheexiiroos 2 , Yoohaaniis 3 , Yaa'iqoob**

Fudhaatee waaqummaa isaa hagayya 13 bara 33 keessa agarsiisee Addaamii fi ijoolleen isaa warrii tooloonni iddoo isaan itti awwalamaan tulluu qaraniiyoo irraa waan ta'eef Addaam laammaaffaan gooftaan Iyyeesuus kiristoos Addaamii fi sanyii isaa faayyiisuuf jechaa iddoo itti faaniifamee tulluu qaraniiyoo kana irraatti . W / MAT / 27: 32

27 Eliiyaas tulluu Qerneeliwoos irratti aarsaa dhiyyeesera waaqayyos aarsaa isaas siimee fudhaatera . 1ffaa MOT / 18 : 20

28 hoolichii tulluu Tsiyoon gubbaa dhabbatee naan argee jedhee yoohaaniis gooftaan keenyaa M / YOH / 14 : 1



Scanned by CamScanner

Egaa walumaa gala kanneen kana fakkataan tulluu fi iddoo walakkaa irratti Waaqayyo waqeeffaamaa akka ture aarsaa qulqulaa'insaa waaqa Isira'eliif dhiiyaachaa akka ture ragaa hedduutu jira . Akka biyya Itiyoophiyaatti qulqulloonni salgan yeroo turanitti seenaa armaan olii irraatti hunda 'anii gedamii fi mana qulqullummaa ijaaranii anga haraati raga **ta'e jira . FKN** tulluu dabree Damoo kutaa biyyaa Tigiraay jiru seenaa kana irraan kan ka'e mana qulqullummaa iddoo ol ka'aa fi tulluu irraatti ijaaramee jira . Dabaalataaniis jarraa 11 ffaa keessa biyya Giibtsiitti bara mootiichaa laalibelaa kan dhufaan qulqulloota salgan [ nine saints ] Abbaa Gabra Manfas Qiiduus abboon tulluu Zuqalaa irraatti geedamiin isaan ijaarsiisaan ammaa harraatti ragaa ta'e jira . Akkaasumaas tulluu Gisheen irratti bara mootichaa Dawwitii fannoo gooftaa keenyaa Iyyeesuus kiriistoos karaa harka mirgaa biyyaa Itiyoophiyaa kan seenee bara mootichaa Aastee Zara yaa'iqoob immoo tulluu jedhaame kanarraa ajaajaa Waaqayyoon akka inni ta'uu ta'eera . Manaa qulqullummaa hedduun achiirraatti ijaraamaan hangaa arratti tajaajila kennaa jiru.

Fallaa kana immoo kiitabaa qulqulluu keessaatti waaqa toolfaamaadhaaf tulluu iddoo ol ka'aa irraatti dhiiyeessaan waaqayyoo aarsaa isaa ciga'aa akka turee cafamee ture . 1FFAA M / MOT / 12 : 21 , M/ MOT / 13 : 1 , 1FFAA /M / MOT / 18 : 1

Kan naa kaasee kan na jalqabsiisee , Naa jalqabsiisee kan naa rawwachiisee galaannii Waaqayyo uumaa kootiif haa ta'u.

**Amen!**

## CUUPPHATA

1. BARREEFFMA ABBAA GORGORIYOOS WARRA JALQABAA
2. KITAABA QULQULLUU 81
3. KITAABA ABUUNA SHINOODAA
4. KITAABOLEE HAMERII FI MALAKAT JEDHAMAN
5. MAXXANSA SIMA'A TSIDQ.
6. TOOFTAA LALLABBAA AFAAN AMAARIFFAAN QOPHAA'E.

GARA FUULDURATTI KITABOOLEE QOPHAA'AN

1 KUTAA 2FFAA KAN DUBBISTU KANA HUBATTAA ?

2 LALLABA GUYYAA AYYAANAA LALLABAMUU

3 SEENAA MANA KIRISTAANAA

QOPHEESSAAN: -

*ABBAA GAMMACHIIS ISA QILXU KAARRAA*

*B/SA HORDOFAA DHINAA*

BARA 2007



Scanned by CamScanner

Qopheessaan:-
B/saa Hordofaa Dhinaatiin



# Gadaamii Aabboo Qilxu Kaarraa

ዮዳሄ ማተሚያ ቤት ታተመ
0912 10 50 70

Gatii Qar. 26

Scanned by CamScanner